# BARNOOTA LAMMUMMAA

## Kitaaba Barattootaa



## Kutaa 8

BARNOOTA LAMMUMMAA

# Barnoota Lammummaa

## Kitaaba Barattootaa

## Kutaa 8

## Qindeessummaa Ministeera Barnootaa Federaalaa Itoophiyaan kan Qophaa'e


**Madaqsuunn Afaan Oromootti Kan Hiikan:**

1. Asmaraa Beggii
2. Mootii Dinquu
3. Firaanol Waaqjiraa
4. Hayiluu Birruu
5. Abdannaa Amanuu

**Gulaaltota:**

1. Iyyerusaalem Garbaabaa
2. Faxxanee Bulchaa
3. Ashabbir Habtaamuu
4. Salamoon Nugusee
5. Sirriiqaa Gammachuu

**Giraafiksii:**

Taaddasaa Dinquu

**Fakkibsaa:**

Buzaayyoo Girmaa

**Madaalaa Qulqullinaa**

Darajjee Mokonnin Dheeresaa

**© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022**

Kitaabni kun qindeessummaa Ministeera Barnootaa Federaalawaa Itoophiyaan kan qophaa'ee yoo ta'u, qindeessummaa Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin bara 2014/2022 madaqfamee Afaan Oromootti hiikame.

Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eegamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan maxxansuun baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

# Baafata

**Boqonnaa 1: Gaarummaa ........................................................1**

1.1. Yaadrimee Gaarummaa .....................................................................2

1.2. Qajeeltoowwan Gaarummaa ..............................................................5

1.3. Barbaachisummaa Gaarummaa .........................................................17

1.4. Gaarummaa Jireenya Guyyuu Keessatti ..............................................18

**Boqonnaa 2: Mootummaafi Bulchiinsa Mootummaa ...............23**

2. 1. Caaseffamoota Mootummaa ..............................................................24

2.2. Sirnoota Bulchiinsa Mootummaa ........................................................32

2.3. Walitti dhufeenyaafi garaagarummaa mootummaafi bulchiinsa mootummaa ..........................................................................................36

2.4. Sirnoota Bulchiinsa Mootummaa Itoophiyaa Keessatti ..............................38

**Boqonnaa 3: Dimookiraasii ........................................................45**

3.1. Yaadrimee Dimookiraasii .....................................................................46

3.2. Qajeeltoowwan Bu`uuraa Dimookraasii ...............................................47

3.3. Duudhaalee Dimookiraasii .....................................................................54

3.4. Barbaachisummaa Jaarmiyaaleefi Duudhaalee Dimookiraasii Xabboo...................................................................................................58

3.5. Carraaleefi Danqaalee Ijaarsa Sirna Dimookiraasii Itoophiyaa ....................62

**Boqonnaa 4: Heerummaa .........................................................67**

4.1. Yaadrimee Heeraaafi Heerummaa ......................................................68

4.2. Kaayyoowwan Heeraa .........................................................................69

4.3. Barbaachisummaa Heerummaa ...........................................................70

4.4. Akaakuuwwaniifi Amaloota Heeraa ...................................................73

4.5. Gahee Heerummaan Nagaafi Tasgabbii Mirkaneessuu Keessatti Qabu ....................75

**Boqonnaa 5: Mirgoota Namummaa ....................79**

5.1 Akaakuuwwan Mirgoota Namummaa ....................80

5.2 Mirga walqixxummaa ....................83

5.3 Mirgoota Namummaa Heera Naannoolee Itoophiyaa Keessatti ........84

5.4 Danqaalee Eegumsa Mirga Namummaa Itoophiyaa ....................86

**Boqonnaa 6: Walitti Bu'iinsa Hiikuufi Nagaa Ijaaruu .............94**

6.1 Yaadrimee Walitti Bu'iinsaafi Nageenya ....................95

6.2 Sababoota Walitti Bu'iinsaa ....................97

6.3. Walitti Bu'iinsa Hiikuu ....................100

6.4. Ijaarsa Nageenyaa ....................105

6.5. Jaarmiyaalee Xabboo Walitti Bu'iinsa Hawaasaa Hiikan ................107

**Boqonnaa 7: Dandeettiiwwan Gadfageenyaan Yaaduufi Rakkoo Hiikuu ....................116**

7.1. Maalummaafi Sadarkaalee Adeemsa Rakkoo Hiikuu ....................117

7.2. Sadarkaalee Adeemsa Gadfageenyaan Yaaduufi Murtoo Kennuu ...122

7.3. Dandeettiiwwaniifi amaloota gadfageenyaan yaaduufi rakkoo hiikuu ....................124

7.4. Maloota Dandeettii Gadfageenyaan Yaaduu Fooyyessan ................127

7.5. Adeemsa Rakkoo Hiikuu Keessatti Faayidaa Dandeettiiwwan Gadfageenyaan Yaaduu ....................129

# BOQONNAA 1
# Gaarummaa

## Seensa

Boqonnaan kun yaadrimee gaarummaa, qajeeltowwaniifi amaloota gaarummaa akkasumas barbaachisummaa gaarummaa irratti kan xiyyeeffatudha. Qabiyyeewwaniifi ibsi barannoowwan kanneen irratti kannamanis jireenya guyyaa guyyaa keessattii gochaawwan gaarummaa guddisuuf kanneen gargaaraniidha.

**Yaadrimeefi Jechoota Ijoo:** naamusa, gaarummaa, garalaafummaa, arjummaa, amanamummaa, sirrummaa, cichoomina, bilchina

### Bu'aalee barachuu barnoota boqonnichaa

- yaadrimee gaarummaa ibsuu;
- qajeeltoowwan gaarummaa hubachuu;
- barbaachisummaa gaarummaa ibsuu;
- jireenya guyyuu keessatti gaarummaa gochaan agarsiisuu.

## 1.1. Yaadrimee Gaarummaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

**Xumura barannoo kanaatti:**

- hiika gaarummaa ni'ibsita;
- amaloota gaarummaa nitarreessita;
- maalummaa naamusa addaan baafatta;
- hariiroo naamusaafi gaarummaa ni'addeessita.



Gaarummaa jechuun maal jechuudhaa?

Gaarummaan namaaf yookiin biyyaaf waan gaarii yaaduu, hojjachuu, arjoomuufi amalaloota biroo kana fakkaatuu qabaachuudha. Gaarummaan hawaasa gidduutti aadaa waldanda'uu, waliin jiraachuufi walhubachuu dagaagsa. Gaarummaan amala addaa namni qabu ta'ee yaadaafi gochaan kan ibsamudha. Qajeeltoowwan gaarummaa keessaa muraasni amanamummaa, garalaafuummaa, haqummaafi cichoomina qabaachuudha.

Amalli badaan faallaa amala gaarii yoo ta'u; amloota akka xawalwaallummaa, ejjennoo dhabuu, hanna, ofittummaafi kan kana fakaataniin ibsama. Kunis yaadaafi gocha hawaasa keessatti fudhatama hinqabne kanneen akka loogii, oogii, ofitummaa, jibbinsafi malaanmaltummaa raawwachuudha.

Gaarummaan uumaamaan kan nuuf kennamu osoo hintaane, muuxannoo jireenyaan kan gabbatuufi namoota fakkeenyummaa gaarii qaban irraa kan baratamudha.



## Gocha 1

Fakkeenya gabatee armaan gadii keessatti kenname irratti hundaa'uun, amalaa gaariifi badaa ta'e adda baasuun barreessi.

| T/L | Gochaawwan gaarii ta'an | Gochaawwan badaa ta'an |
|---|---|---|
| 1 | Amanamummaa | Xawalwaallummaa |
| 2 | | |
| 3 | | |
| 4 | | |

## Qordhimma

Bara durii sardiidni waan nyaattu barbaacha adamoo deemte. Deemaa osoo jirtuu tasa boolla bishaanii keessatti kufte. Boolla kana keessaa ba'uuf yaaltee ba'uu dadhabdee osoo dhaabbattu; korbeessi re'ee bishaan dheebotee dhuguu barbaadu tokko dhufee sardiida boolla bishaanii keessatti arge. Achumaan, "Sardiido maali asii goota" jedhee gaafate. Isheenis, "bishaan dhugaan jira" jettee deebisteef. Korbeessis, dheebotee waan tureef; boolla sana seenee bishaan sana dhuge.

Erga bishaan dhugee quufee boolla sana keessaa ba'uu akka hindandeenye hubatee "Eessaan baana?" jedhee sardiida gaafate. Isheenis itti kolfitee osoo hinseeniin karaa baatu yaaduu qabda turte," jetteen. Amma yoo wal gargaarre malee; boolla kana keessaa ba'uu hindaneenyu jetteen. Kanaaf tooftaa lamaan keenyayyuu ittiin baanu sittan hima jetteen. Tooftaan kunis miilakee lamaan fuula duraa olqabii ededa boollaa kanatti ejjedhu. Ani immoo miilakee irra dhaabbadheen boolla kana keessaa ba'a. Ergan ba'ee tooftaa ati itti baatus, sittan himaa," jetteen. Korbeessis dhugaa se'ee waan isheen jette godhee boolla keessaa ishee baase. Sardiidni ammoo erga baatee "Areeda dheeraa osoo hintaane; yaada dheeraa qabaadhu" jettee itti kofaltee deemte. Haata'u malee, akkuma isheen kaachaa biraa deemteen; tikseewwan korbeessa sana barbaadaa turan itti dhufanii ishee ajjeesanii korbeessicha immoo boolla sana keessaa baasan jedhama.

## Gaaffilee Hubannoo 1

1. Qordhimma armaan olii irraa maal hubatte?
2. Gochi sardiidni raawwatte gocha gaariimoo badaadha jettee yaadda? Maaliif?

**Gocha 2.** **Hojii garee**

Gochaaleen gaarummaa nama tokko irraa eegaman maal fa’a akka ta’an irratti mari’achuun dareef dhiyeessaa.

### 1.1.1. Naamusaafi gaarummaa



Naamusa jechuun maal jechuudha?

Naamusni saayinsii falaasamaa gochaafi amala dhala namaa gaariifi badaa, akkasumas, waan sirriifi sirrii hintaane adda baasuun qoratudha. Falaasamni naamusaa kunis murtoo sababa irratti hundaa’eefi adeemsa sadarkaa isaa eeggate kennuuf kan gargaaruudha. Akkasumsa, qajeeltoo ulaagaa madaallii amala hawaasaa isa kamtu fudhatama akka qabuufi hinqabne kan adda baasudha. Kanaaf, ulaagaalee naamusa gaarii keessaa muraasni gadfageenyaan yaaduu, murtoo sirrii murteessuufi yaada sababaan deggerame dhiyeessuu danda’uudha.

**Naamusni:**

- amaloota dhala namaa garii ta’aniifi badaa ta’an adda baasee kan qoratudha.
- qaama qajeelfamaa ta’ee amala isa kamtu fudhatama qaba yookaan fudhatama kan hinqabne kan agarsiisudha.

Jireenya keenya guyyuu keessatti murtoo adda addaa murteessaa oolla. Murtoo kenninuun booda yeroo hunda gaaffileen safuu sammuu keenya keessatti uumamu. Gaaffilee safuu sammuu keenya keessatti ka'aniif deebii walfakkaataa ta'e kennuu dhiisuu dandeenya. Sababni isaa falaasama, ilaalchafi fedhii namoonnii qaban adda addummaa waan qabuufidha.

## Qordhimma

Barattootni lama mana barnootaa irraa gara manaatti deebi'aa osoo jiranii qarshii lafaa argatan. Waan beela'anii turaniifis qarshii lafaa argatanii ittiin muuzii bitatanii nyaatan. Boorumtaa isaa namni qarshiin jalaa badee ture barattoota kana daandii irratti argee qarshiin jalaa baduu isaa itti himuun tasaa lafaa arganiitu jedhee gaafate. Isaan keessaa tokko qarshicha lafaa argachuu isaanii amanee muuzii itti bitatanii akka nyaatan hime. Barataan inni biroon garuu qarshii lafaa argine hinqabnu jechuun haale.

### Gaaffilee Hubannoo 2

1. Qordhimma kanarraa maal hubattee?
2. Garaagarummaan naamusa barattootaa kun maal irraa madde jettee yaadda? -
3. Waan gaarii hojjachuu kee maaliin beektaa? Akkamiin ibsuu dandeessa?

## 1.2. Qajeeltoowwan Gaarummaa

### Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

**Xumura barannoo kanaatti:**

- qajeeltoowwan gaarummaa nitarreessita;
- barbaachisummaa qajeeltoowwan gaarummaa ni'ibsita.

## Gaarummaan amalootaafi gochoota akkamiin ibsama?

Namni kamiyyuu uumamaan gaarummaatti nigammada. Kunis,uumama namummaa irra kan maddu ta'ee jiruufi jireenyi dhala namaa gammachuu akka qabaatu taasisa. Gaarummaan safuufi naamusa hawaasaatiin kan utubame ta'ee qajeeltoowwan ijoo irraa ijaarame qaba. Qajeeltoowwan kunneenis:

### 1. Amanamummaa

**Gaaffii Hubannoo 3.**

**Namni amanamaan hawaasa keessatti amalaaafi gochoota akkamiin beekama?**



Fakkii 1.1 Qabeenya akka tasaa badee argame amanamummaan abbaa jalaa badeef deebisuu

**Qordhimma**

Bara durii haadha intaalaatu soddaa isheetti galfata guduunfitee gabaa geessee akka gurguruuf itti kennite. Innis galfata hiikanii ilaaluun safuu waan ta'eef osoo hinbaniin gabaa geessee adurreen geeddare. Adurree sana baatee gara

manaa deemaa osoo jiruu aduun itti dhiite. Achumaan mana karaa cinaa jiru tokkotti goree akka isa bulchan kadhate. Isaanis, “lakkii biyya kana bofti nama hinbulchu, nutiyyuu bofa sodaannee mukarra bullaa” jedhaniin. Innis karaarraa achi maqee adurree isaa waliin muka jala ciise. Yeroo xiqqoo booda hoomaan bofaa itti marse. Adurreen namtichaa garuu bofa sana hundaa ajjeeftee fixxe.

Yeroo lafti bari’u warri biyyaa, raajii kana arganii horii hedduu badhaasan. Innis horii sana keessaa walakkaa hambifatee, kaan soddaatii isaaf kenne. Achumaan garaan isaa akka malee bokokee dhukkubsate. Sana booda, jaarsa beekaa bira deemuun waan ta’e hunda itti hime. Jaarsis rakkoon kun sababa galfata nyaachuutiin kan itti dhufe ta’uu itti himuun akka loon hambifate galchu gorse. Innis loon hambifate hunda soddaatii isaaf galchee jennaan; bofti garaa isaa keessa yaa’ee fayye jedhama.

## Gaaffii Hubannoo 4:


Qordhimma kanarraa maal hubatte?

**Amanamummaan** waan sirriifi haqa qabeessa ta’e hojjechuu, waan afaaniin dubbatan hojiitti jijjiiruufi ejjennoo dhaabbataa qabaachuudha. Namoonni amanamoo ta’an:

- ✓ hinsoban, hinhatan;
- ✓ ittigafatamummaa isaanii sirnaan bahatu;
- ✓ hiriyoota, maatiifi hawaasa biratti kabajaafi ulfina qabu.

Amanamummaa dhabuun hawaasa keessatti kabajaafi ulfina nama dhabsiisa. Ibsamoota amanamummaa dhabuu keessaa muraasni sobuu, waliin dhahuu, hatuufi malaammaltummaa isaan gurguddoodha. Miidhaa amanamummaa dhabuun dhaqqabsiisu keessaa malaanmaltummaa akka fakkeenyaatti fudhachuun danda’ama. Malaammaltummaan, qabeenya hawaasaa qisaasessuun

dhaloota mul'ata qabu doomsa; ummatni mootummaa irraa amantaa akka dhabu taasisa; qabeenya dhuunfaafi ummataa saamuun biyya hiyyoomsa. Kanaafuu, namoota amanamummaa hinqabneefi malaanmaltootaa saaxiluun namoota naamusa gaarii qaban jajjabeessuufi hawaasa amanamummaa qabu ijaaruun barbaachisaadha.



Fakkii 1.2. Gocha malaammaltummaa mormuu

## Gocha 3. Marii garee

Faayidaan amanamummaa maali? Gareen mari'achuun waliif ibsaa?

## 2. Cichoomina



Fakkii: 1.3 ( a) Abbabaa Biqilaa



Fakkii: 1.3 ( b Daraartuu Tulluu



### Cichoomina jechuun maal jechuu sitti fakkaata?

Cichoomina jechuun adeemsa waan rakkisaa, ulfaataafi walxaxaa ta'e tokko keessa kutannoon darbuu, hiyyummaa, gadadoofi rakkoo hamaa keessaa hojjachuun kutannoon jireenya mo'achuudha. Adeemsi isaas bu'aa ba'ii hedduu kan qabuufi kutannoo guddaa kan barbaadudha. Cichoominni miira sodaa to'achuufi sodaa of irraa ittisuudha. Kunis hojii tokko hanga bu'aan barbaadamu argamutti obsaan deddeebisanii yaaluu barbaada. Adeemsi akkanaa ciminaan hojjachuu, bu'aa ba'iif harka kennachuu dhabuufi hanga xumuraatti kutannoon hojjachuun milkaa'in argachuudha. Jireenyi dhala namaa bu'aa ba'ii hedduun kan guutame waan ta'eef nama kutannoon hojjate qofatu milkaa'uu danda'a.

Namoonni cichoominaan yookaan kutannon hojjatan xumura irratti milkaa'ina gonfataniif badhaasa adda addaa argatu. Fakkeenyaaf seenaa oloompikii keessatti Abbabaa Biqilaafi Daraartuu Tulluu akka fakkeenyaatti fudhachuun nidanda'ama. Kanaafuu, cichoomina qabaachuun jireenya keenya keessatti irra deddeebisnee yaaluun bu'a qabeessaafi galma barbaadame gahuuf nama gargaara.

## Qordhimma

Ilmaan Oromoo birmadummaa Itoophiyaaf cichoominaan falmaa turan keessaa Koloneel Abdiisaa Aagaa nama beekamaadha. Koloneel Abdiisaan bara 1919 ALA Godina Wallaggaa Magaalaa Najjootti dhalate. Abdiisaan umrii 14tti Akkaadaamii Waraanaa Hoolotaa seenuun bara 1932 ajajaa-kudhanii ta'uun eebbifame.

Yeroo Xaaliyaan Itoophiyaa weeraruuf dhufte oguumma loltummaa qabuun lolee lolchiiseera.  Lola gaggeessaa tureenis adda waraanaa irratti rukutamee qabamuun gara biyya Xaaliyaanii geeffamee hidhame. Mana hidhaa gales

callisee hinteenye; mo'amuun anaaf du'a jechuun mana hidhaa keessaa haala ittiin badu mala dhayachuutti ka'e. Mala dhahateenis uffata qorraa isaaf laatame tatarsaasee walitti fo'uun gamoo darbii keessatti hidhaame ture keessaa itti rarraa'ee karaa foddaa bahe.

Kana booda halkan gara mana hidhaa sanatti deebi'uun waardiyyoota mana hidhaarratti dhukaasa banuun hidhamtoota achi keessa turan kan biroo gadhiisise. Namootni mana hidhaa sana keessaa bahan garee bilisa baasaa hundeeffachuun Abdiisaa Aagaa gaggeessaa isaanii gochuun filatan.


Gootumaa Abdiisaa Agaatiin kan dhiphaatan Xaaliyaannoni wantoota adda addaa waadaa galuufiin akka Abdiisaan gara waraana isaaniitti makamuu yoo sossobatan illee, xaaliyaannota waliin hojachuu akka hinfeene jala muree itti hime. Waraanni Abdiisaan durfamu kunis Xaaliyaanota hafuura kutuu ittifufe. Gareen kunis waraana Addunyaa lammaffaarratti faashistoota Xaaliyaanii injifatanii Magaalaa Room qabatani.

Adeemsa keessa Ingilizootni Xaaliyaanii waraanaa turan Abdiisaa ajajaa human waraanaa isaanii godhanii filachuun humnoota Naazii Jaarmanii akka waraanuf gara Jarmaniitti ergan. Abdiisaniis Naazii Jarmaniin magaalota adda addaa keessatti loluun mo'ee alaabaa Ingiliziifi Itoophiyaa Magaalaa Barliinitti fannisuun gootummaa isaa addunyaatti agarsiiseera.

Gootni kunis injifannoo galmeessaa tureen booda gara biyya isaatti deebi'e. Haata'u malee, sababa hacuucaa sabummaa irraan kan ka'e gulantaa isaa guddisanii simachuun ramaddii kennuufin osoo irraa eegamuu akka leenjii waraanaa fudhatuuf gara Akkaadaamii Waraanaa Hoolotaatti ergan. Abdiisaan ammoo, dhiibbaa isarratti raawwatame obsaan keessa darbuun leenjii fudhatee ji'oota muraasa booda sadarkaa olaanaa argatee eebbifame.

Sana booda waraana Itoophiyaafi Somaaliyaa jiddu ture irratti akka loluuf gara

Ogaadenitti ergame. Waraana kana irrattis gootummafi ogummaa waraanaa guddaa agarsiise. Hojii kanaanis gara sadarkaa Koloneelitti ol-guddate. Dhuma irrattis gootni du'a hinoolu Koloneel Abdiisaa Aagaa bara 1977tti boqote. Gocha gootummaa raawwateefis galmee seenaa irratti maqaan isaa kabajaan galmaa'uu danda'eera.



Fakkii 1.4 Koloneel Abdiisaa Aagaa

**Gocha 4.**

Qordhimma kana irraa maal akka barattan gareen mari'achuun dareef dhiyeessaa.

## 3. Garalaafummaa



Garalaafummaa jechuun maal jechuudha?

Garalaafummaa jechuun nama birootiif yaaduu, miira namoota biroo hubachuu, rakkoo isaanii akka kan ofiitti ilaaluu fa'iin ibsama. Dabalataan, nama rakkate

gargaaruu, dhiifama gochuu, jajjabeessuufi yaada walii dhaggeeffachuufi kan kana fakaataniin ibsama.

Garalaafummaan jireenya waloo yookaan dantaa hawaasatiif dursa kennuudha. Amalli akkanaa yoo dagaagee biyyi nimisoomaa; hariiroon hawaasaallee cimaa deema.



Fakkii 1.5. Garalaafummaa hiriyyootaa

## Qordhimma

Bara durii namicha tokkotuu farda bareedaafi harree fokkistuu tokko qaba ture. Yeroo hundaa fardi kunuunsa gaarii yoo argatu; harreen garuu kunuunsa gaarii argattee hinbeektu. Guyyaa tokko namichi fardaafi harree isaa qabate imala dheeraaf qophaa'e.

Kana booda farda irratti kooraa, harree irratti immoo meeshaa guddaa ta'e fe'uun imala isaa eegale. Deemsa karaa dheeraa booda ulfaatina meeshaa irraa kan ka'e harreen deemuu dadhabdee; rakkoo ishee fardatti ibsatte. "Ani baay'ee dadhabee du'uufan jedha nagargaari; yoo nagargaaruu diddee ani du'e ba'aa sana hunda qofaa baatta" jechuun kadhataa akeekkachiifte. Fardi garuu "Ani nama malee meeshaa baattuu miti si hingargaaru" jechuun didde. Deemsa karaa muraasatiin booda harreen kuftee duute. Kana booda namichi ba'aa harree duutee irraa hiikuun farda irratti fe'uun imala isaa itti fufe. Guyyaa muraasan booda fardi yeroo mana gahuu baay'ee miidhamee qaamni isaa hunduu bututee foon irraa dhumee lafeen qofti hafee mana gahe jedhama.

## Gaaffilee Hubannoo

1. Qordhimma armaan oliirraa maal hubatte? Waan hubatte gareen mari'achuun dareef ibsi?
2. Daree keessatti barachaa osoo jirtanii hiriyyaan waliin barattu tokko dhibamee/dhibamtee osoo kufe/kufte maal goota?

## 4. Arjummaa

Namni arjaa ta'e hawaasa keessatti amalaafi gochoota akkamiin beekama?



Fakki 1.6. Gocha arjummaa agarsiisu

Arjummaan humna, qabeenyafi yeroo ofii aarsaa gochuun hawaasaafi biyya ofii tajaajiluudha. Kunis, waan qabaniifi danda'aniin namoota rakkoo keessa jiran gargaaruu, haala namoonni biroon keessa jiran hubachuun bira dhaabbachuudha. Lammiileen amala gaarii qaban, waliif yaaduufi arjummaatiin beekamu.

Arjummaan nama kennuufi isa fudhatuufis bu'aa qaba. Fakkeenyaaf nama fudhatuuf rakkoo isaa kan ittiin ooluu yoo ta'u, nama kennuuf immoo boqonnaa sammuufi jajjabina amilee kennuudha. Gochi akkanaa walitti dhufeenya hawaasaa nicimsa. Yeroo namaaf kennaa kenninu qabeenya qofa osoo hintaane <u>gochi sun</u> sammuu namoota keessaa hinbadu. Namoonni arjaa ta'an hawaasa

keessattii jaalalaafi kabaja kan argataniif sababni guddaan oolmaa kana qabaachuu isaanitiini.

**Gocha 6.**

**Gahee taphachuun agarsiisuu**


Deeggarsa barsiisaa keessannitiin nama rakkatee gargaarun arjummaa daree keessatti gochaan agarsisaa!

## 5. Sirrummaa



Sirrummaa jechuun maal jechuudha?

Sirrummaa jechuun namoota haala walfakkaataa keessa jiran bifa walfakkaataan keessummeessuudha. Kana jechuun, namoota umriin, saalaan, sadarkaa barnootaafi kan kana fakkaatuun haala walfakkaataa keessa jiran haala walfakaatuun keessummeessuudha. Namoota haala walfakaataa keessa hinjirre bifa walfakkaataan keessummeessuun garuu sirrummaa ta'uu hindanda'u. Kana jechuun namoonni, nama ta'uu isaaniitiin walqixa ta'anis haalli keessa jiraatan garuu garagarummaa qaba. Kanaafuu, namoota garaagarummaa hedduu qabaniif safartuu tokko kaa'uun murtoo dogongoraa irra nama geessa. Kanaaf, sirrummaan murtoo bilchina qabu, qajeelaa, miira irraa bilisa ta'eefi namoota haala garaagaraa keessa jiran hunda fayyadamoo taasisu kan agarsiisudha.



**Fakkii 1.7 Sirrummaa**

**Gocha 7.**

**Gahee taphachuu**

Fakkeenya sirrummaa gochaan mana barumsaa keessatti agarsiisaa.

## 6. Naamusa Qabaachuu



Naamusa jechuun maal jechuudha?



Fakkii 1.8. Barattoota naamusaan qorumsa fudhataa jiran

Naamusni amala namni tokko qabu ta'ee yaadaan yookaan gochaan mul'achuu danda'a. Naamusni seeraafi qajeelfama hordofamu kan mataa isaa kan qabudha. Qajeelfamoonni kun yeroo hundaa kallattii itti socho'uu qabnu kan agarisisanidha. Kanaafuu, yeroo hundaa jireenya keenya keessatti yoo hojjannu seerotaafi qajeelfamaoota kana hordofuu qabna jechuudha. Namoonni naamusa qaban hojii isaanii dhiibbaafi to'aannoo qaama biroo malee raawwatu. Namoonni akkanaa yeroo hundaa miiraa isaanii to'aachuun kaayyoo ijoo ta'e xiyyeefatani murtoo bilisa ta'e murteessuun beekamu.

**Gocha 8.**

**Marii garee**

Naamusa gaarii qabaachuu maaliif akka barbaachisu irratti mari'achuun dareef dhiyeessaa.

## 7. Bilchina Qabaachuu

Bilchina jechuun maal jechuudha?

Bilchinni dandeettii murtoo sirriifi amanamummaa qabu murteessuuti. Kunis dhimma tokko murteessun dura gadfageessanii yaaduu, kallattii adda addaatiin xiinxaluufi bu'aa argamuu danda'u madaaluu gaafata. Kunis ofeegannoo taasisuu, irra deddeebi'anii yaaduufi murtee booda itti hingaabbine murteessuu barbaada. Namni bilchina sammuu qabu murtoo dogonggora waan hinmurteessineef murteen booda hingaddan.

Murtoon sirriin kun barnoota qabaachuu, muuxannoo gahaa qabaachuufi sababeessuu danda'uu gaafata. Namoonni akkanaa yeroo murtoo murteessan kaayyoo isaanii irraa hinmaqan. Miira isaanii haala salphaa ta'een to'achuu nidanda'u. Kunis murtoo sirriifi amansiisaa akka murteessan isaan gargaara.

**Namoonni bilchina qaban:**

- murtoo tokko murteessuun dura irra deddeebi'anii yaaduu;
- muuxannoo fudhachuuf qophii qabaachuu;
- dogonggora darbee irraa barachuuf fedha qabu.



**Fakkii 1.9.** Dhimma waloorrati bilchinaan mari'achuu

## 1.3. Barbaachisummaa Gaarummaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

Xumura barannoo kanaatti:

- barbaachisummaa gaarummaa ni'ibsita;
- bu'aa gaarummaa nitarreessita.



Gaarummaan faayidaalee akkamii qaba?

Gaarummaan jireenya dhuunfaafis ta'e hawaasaaf faayidaalee hedduu qaba. Faayidaalee kanneen keessaa isaan gurguddoon:

- **Waan gaariifi badaa adda baasuuf gargaara**: Gaarummaan dhimmoota akka nageenyaa, waldanda'uu, walkabajuu, daneessummaa, waliin jiraachuufi kan kana fakkaatan barsiisa waan ta'ef barbaachisaadha.
- **Ittigaafatamummaafi hirmaannaa lammiilee cimsa:** Gaarummaan daa'imman kunuunsuun safuufi ilaalcha gaarii qabatanii akka guddatan gargaara. Lammiileen safuu gaarii qabatanii guddatan ammoo hawaasa keessatti hirmannaa cimaafi ittigaafatamummaa bisaanii bahachuun beekamu.
- **Kaayyoo jireenyaa sirrii ta'e hordofuuf gargaara**: Ilmi namaa jiruufi jireenya isaa keessatti kallattiinis ta'e alkallattiin walirratti hiirkatee jiraata. Kanaafuu, jireenya keenya keessattii gocha gaariifi haqa qabeessa ta'e namootaaf yoo raawwanne; namootnis gochuma walfakkaatu nuuf deebisu. Kun immoo waliin jireenya hawaasummaa dagaagsa. Haala kanaan daa'imman hawaasa gaarummaa qabu keessatti guddatan ofitti amanamummaa dagaagfachuun raakkoolee adda addaa dandamachuun kaayyoofi fedhii isaanii bira akka gahan gargaara.
- Dhimmootaafi haalota adda addaa irratti ilaalchaafi dhiyannaa eyyentaa cimsa: Daa'imman kaayyoo, mul'ataafi kaka'umsa jireenyaa sirrii akka

horataniifi galma fooyya'insa hawaassummaaf akka ofkennan gargaara.

- ☞ Amala badaa dhabamsiisa: adeemsa gochaaleefi barmaatilee hamaa hawaasummaa kanneen akka dhiibbaa koornayaa, cunqursaafi hacuuccaa sabummaa, amantiifi kanneen kana fakkaatan dhabamsiisuu keessatti gaarummaan ilaalcha namummaa baay'ee murteessaadha.

**Gocha 9**

Barbaachisummaa gaarummaa fakkeenya tokko fudhachuun irratti mari'achuun dareef gabaasaa.

## 1.4. Gaarummaa Jireenya Guyyuu Keessatti

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

Xumura barannoo kanaatti:

- Gahee garummaan jireenya guyyuu keessatti qabu nitarreessita.

Jireenya guyyuu keessatti faayidaa gaarummaa akkamiin hubatta?

Gaarummaan guddina xinsammuu namoota irratti gahee guddaa qaba. Daa'imman mana barumsa keessattii waan gaarii barachaa guddatan ilaalcha gaarii qabaatu. Kunis suuta suuta gaarummaan qaama jireenya isaanii ta'aa deemuun gocha gaarummaa irratti akka hirmaatan taasisa. Kanaafuu, gaarummaan barattootni manneen barnootaa keessatti si'ayinaan akka hirmaattaniifi hawaasaa keessatti gahee isaanii akka bahan gargaara.

**Qordhimma**

Aaddee Abbabach Goobanaa lammii Itoophiyaa dhaabbata daa'iimman maatii hinqabne kunuunsu hundeessan keessaa nama jalqabaati. Hundeeffamuun dhaabbata kanaa gaarummaa Aaddee Abbabech qaban irraa madde. Hundeeffama dhaabbata kanaatiif sababa kan ta'e imala Aaddee Abbabech gara Kaaba

Itoophiyaa kutaa Walloo ture. Bara kana Wallootti beelaafi hongee hamaan waan tureef namoonni hedduu waan nyaataniifi dhugan dhabanii du'aa turan. Haala kanaan gaddanii osoo deemaa jiranii daa'ima harma haadha kuftee ciiftu hootu argan. Yeroo bira gahanii argan haati beela naannoo sana tureen duutee turte. Achumaan Aadde Abbabech daa'iman san fudhatanii galan.

Guyyaa lammataa ammas osoo karaa deemaa jiranii daa'ima abbaa du'e irra ciistu kaasun daa'ima 2ffaa fudhachuun gara mana isaanii galan. Haaluma kanaan yeroo gabaabaa keessatti daa'imman digdamii tokko fudhachuun mana dhuunfaa isaanii keessatti gargaaruu eegalan. Baay'inni daa'immanii yeroo gara yerootti dabalaa deemuun waggaa tokko keessatti daa'imman 200 ol qabeenya dhuunfaa isaaniin kunuunsaa turan. Bara 1988 hayyama seeraa baafachuun dhaabbata daa'imman maatii hin qabne kunuunsu hundeessan.

Adeemsi tasaa gaarummaan eegalame sadarkaa dhaabbata hundeessuu irra gahe. Yeroo ammaa dhaabbannii kuni dameewwan jaha keessattii daa'imman 12,000 ol ta'an kunuunsaa jira.



Fakkii 1.10 Abbabech Goobanaa

## Gaaffii Hubannoo 5.

Qordhimma armaan oliirraa maal hubatte?

**Gocha 10.**

**Hojii mana**

Gochawwan qajeeltoowwan gaarummaa kanneen akka garalaafummaa, arjummaafi naamusa gaarii naannoo kee keessatti argitu qindeessuun dareef dhiyeessi.

## Guduunfaa

Boqonnaa kana keessatti yaadrimeewwaan murteessoo qorannoo gaarummaafi naamusa waliin walqabatan barattaniittu. Kunis akka qajeltoowwan garuummaafi naamusaa baay'ee barbaachisoo ta'an akka adda baasnee hubannuuf nugargaara. Qajeeltoowwan gaarummaafi naamusaa kanneen jedhamaan isaa gurguddoon kan akka amanamummaan, cichoomina, garalaafummaa, arjummaa, sirrummaa, naamusa qabaachuu, bilchina qabaachuufi kan kana fakkaatanidha. Caalaatti barbaachisummaa gaarummaafi naamusaa gama adda addaan ibsamaniiru. Barbaachisummaa gaarummaa keessaa muraasni ittigaafatamummaa, gumaacha adda addaa hawaasaaf gochuufi ilaalcha qajeelummaa qabu guddifachaa adeemudha. Xumura irratti jireeya guyyaa  guyyaa keenya keessatti akkamitti akka gaarummaafi naamusa hojiirra oolchinu kan jedhuuf qordimmafi gocha adda adda fudhachuun ibsamaniiru. Kanaaf, maalummaa, barbaachisummaafi qajeeltoowwan gaarummaafi naamusaa jedhu adda baastanii hubattaniittu.

## Hiika Jechoota

**A.L.A.:** Akka lakkoofsa warra Awurooppaa

**Arjummaa:** Humna, qabeenyafi yeroo ofii aarsaa gochuun namoota rakkoo

keessa jiran gargaaruu hawaasaafi biyya tajaajila kennuu fa'i dabalata.

**Amanamummaa**: waan sirriifi haqa qabeessa ta'e hojjechuufi ittiin jiraachuu, waan dubbatan ta'anii argamuu, ejjennoo sirrii qabaachuufi kan kana fakkaatuu fa'i.

**Bilchina:** Dandeettii murtee sirrii, dogonggora irraa bilisa ta'eefi amanamummaa qabu murteessuu yookaan gadfageessanii yaaduu, xinxaluu, sababbeessuu danda'uufi murtoo bilchina qabu murteessuu jechuudha.

**Cichoomina:** adeemsaafi waan rakkisaa, ulfaataafi walxaxaa ta'e tokko gootummaan gahee ofii bahuu danda'uu yookaan kutannoon hojjachuun injifachuu kan ibsudha.

**Gaarummaa:** jecha afaan inglizii virtue ethics jedhu hiika isaa gabaabsinee gaarummaan jechuun ibsine.

**Garalaafummaa:** nama birootiif yaaduu, miira namoota biroo hubachuu, rakkoo isaanii akka kan ofiitti ilaaluufi kan kana fakkaatu hammata.

**Qordhimma:** qo'annoofi seenessa dhimma waan tokkoo agarsiisu.

**Sirrummaa:** Loogii irraa bilisa ta'uu yookaan hojii loogii irraa bilisa ta'e hojjachuudha.

## Gaaffilee Keessa Deebii

**Kutaa I.** Himoonni armaan gadii yaada sirrii yoo qabaatan 'Dhugaa', yaada sirrii yoo hinqabaanne 'Soba' jechuun deebisi.

1) Namoonni hundi gaarummaa wal fakkatu qabu.
2) Qajeeltoo gaarummaa keessaa tokko itti gaafatamummaa bahuudha.
3) Haqa dubbachuufi haqa hojjachuun amala amanamummaa keessa isa ijoodha.

4) Garalaafummaa, naamusaafi cichoominni fakkeenya amala nama badaa ta'uu nidanda'a.

**Kutaa II. Kanneen armaan gadii keessa qubee deebii sirrii qabate filachuun deebisi.**

1. Kanneen armaan gadii keessaa adda kan ta'e kami?
   A. Amanamummaa
   B. Amanamummaa dhabu
   C. Gootummaa
   D. Arjumm
2. Safartuu gocha gaariifi badaa adda baasuuf kan nama gargaaru kami?
   A. Arjummaa
   B. Gootummaa
   C. Naamusa
   D. Cichoomina
3. Humna, qabeenyafi yeroo ofii aarsaa gochuun namoota rakkatan gargaaruu kan ibsu kami?

   A. Amala B. Arjummaa C. Naamusa D. Cichoomina
4. Qajeeltoo gaarummaa kan ta'e kami?
   A. Amanammummaa
   B. Bilchina qabaachuu
   C. Arjummaa
   D. Hunduu deebiidha

# BOQONNAA 2
# Mootummaafi Bulchiinsa Mootummaa

## Seensa

Boqonnaa kun caaseffamoota mootummaa, sirnoota bulchiinsa mootummaa, hariiroofi garaagarummaa mootummaafi bulchiinsa mootummaa irratti xiyyeeffata. Dabalataanis, sirnoota bulchiinsa mootummoota Itoophiyaa kan ibsudha.

**Yaadrimeefi Jechoota Ijoo:** mootummaa, bulchiinsa, tokkummaawaa, federaalawaa, pireezedaantii, paarlamentawaa

**Bu'aalee barachuu barnoota boqonnichaa:**

- caaseffamoota mootummaa adda baasuu;
- sirnoota bulchiinsaa adda addaa ibsuu;
- hariiroofi garaagarummaa mootummaafi bulchiinsa jidduu jiru adda baasuu;
- sirna bulchiinsa Itoophiyaa hubachuu;
- ciminaaleefi hanqinaalee bulchiinsa mootummaa Itoophiyaa ibsuu.

## 2.1. Caaseffamoota Mootummaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu**

- yaadrimee caaseffama mootummaa ni ibsita;
- akaakuuwwan caaseffamoota mootummaa adda nibaafatta;
- amaloota caaseffamoota mootummaa nitarreesita;
- ciminaaleefi hanqinaalee caaseffamoota mootummaa garaagaraa ni ibsita.



Caaseffama mootummaajechuun maal jechuudha?

Yaadrimeen caaseffama mootummaa jedhu aangoon qaamolee bulchiinsa mootummaa gara gadii jiraniif kan qoodamu yookaan harka mootummaa giddugaleessaan kan to'atamu ta'uu agarsiisa. Fakkeenyaaf, yeroo amma Itoophiyaan keessatti qoodinsi aangoo mootummaa giddugaleessaafi naannoo gidduutti yoo jiraatu, Keeniyaa keessatti immoo aangoon hundumtuu harka mootummaa giddugaleessaan to'atama.

Addunyaa kanarra akaakuuwwan caaseffamoota mootummaa sadiitu jira. Isaanis caaseffama mootummaa tokkummaawaa, federaalawaafi konfederaalawaadha. Akaakuun caaseffama mootummaa tokkummaawaafi mootummaa federaalawaa akka addunyaatti beekamoo yoo ta'an caaseffamni mootummaa konfederaalawaa ammoo hagas mara beekamaa miti.

### 2.1.1. Caaseffama Mootummaa Tokkummaawaa



Caaseffama mootummaa tokkumaawaa jechuun maal jechuudha?

Caaseffama mootummaa tokkummaawaa jechuun sirna aangoon guutumaan guutuutti mootummaa giddugaleessaatiin to'atamu ta'ee, qajeelfamootniifi dambiiwwan hundinuu haala walfakkaatuun jiddugaleessan hojii irra kan ooludha.

Caaseffama mootummaa tokkummaawaa keessatti aangoon seera raawwachiisuu, seera tumuufi seera hiikuu hundaa mootummaa giddugaleessaatu to'ata. Caaseffamni mootummaa tokkummaawaa qoodinsa aangoo dalgee qaamolee bulchiinsa mootummaa sadeen (seera tumu, seera raawwachiisufi seera hiikuu) qabaachuu mala. Aangoon kunis bakka bu'iinsaan mootummaa giddugaleessaa irraa kan kennamudha. Aangoon bakka bu'iinsaan qaamolee gara gadiif kan kennamu ta'us seeraan osoo hintaane fedhii mootummaa giddugaleessaa irratti kan hundaa'edha. Caaseffama mootummaa tokkummaawaa keessatti caasaaleen bulchiinsaa gara gadii aangoo bakka bu'insaa malee kan mataa isaanii hinqaban.

Caaseffamni mootummaa tokkummaawaa caasaa bulchiinsaa salphaa ta'e qabaachuu, qabeenya biyyaa bifa walqixxee ta'een naannoleef qooduufi dhaabbilee hoggansaa xiqqeessuuf waan mijatuuf biyyootni tokko tokko ittifayyadamu. Biyyoota eenyummaa walfakkaatu qabaniif caasaan mootummaa tokummaawaa kun filatamaadha. Biyyoota yeroo ammaa caaseffama mootummaa tokkummaawaa fayyadamaa jiran keessaa Chaayinaa, Sirii Laankaa, Yuunaayitid kingdam, Faransaay, Fiinlandii, Xaaliyaanii, Keeniyaa, Afrikaa Kibbaa, Jibuutiifi kan kana fakkaatan eeruun nidanda'ama.

☞ Caaseffama mootummaa tokkummaawaa keessatti aangoo guutummaa guutuutti mootummaa giddugaleessaatu harkaa qaba. Mootummaan giddugaleessaa aangoo bulchiinsaa hunda to'ata jechuudha.

## Amaloota caaseffama mootummaaa tokkummaawaa

- ☞ Aangoon haraka mootummaa giddu-galeessaa qofa jira;
- ☞ Qaamoleen bulchiinsa garagadii seera tuman, qaama seera tumu giddugaleessaaf gabaasu;
- ☞ Bulchiinsi naannolee ofdanda'anii osoo hintaane bulchiinsa giddugaleessaa irratti hirkatanii hojjetu;
- ☞ Bulchiinsi giddugaleessaa bulchiinsa naannolee irratti olaantummaafi aangoo daangaa hinqabne kan seeraan kenname qaba.

Ciminaaleefi hanqinaalee caaseffama bulchiinsa mootummaa tokkummaawaa

Caaseffamni mootummaa tokkummaawaa ciminaaleefi
Hanqinaalee akkamii qaba jettee yaadda?

## A. Ciminaalee caaseffama mootummaa tokkummaawaa

- Naannolee hundarratti hoggansa walfakkaataa kennuuf mijataadha;
- Tajaajila ummataa haala walqixa ta'een dhiyeessuuf mijataadha;
- Waldhabinsa taayitaa qooddachuuf mootummaa giddugaleessaafi naannolee gidduutti uummamuu malu nihambisa;
- Seerotniifi qajeelfamootni bifa walfakkaatuun akka hojii irra oolu taasisa.

## B. Hanqinaalee caaseffama mootummaa tokkummaawaa

Caaseffamni mootummaa tokkummaawaa akkuma cimina adda addaa qabu hanqinoota mataa isaatis qaba. Hanqinaalee caasaa mootummaa tokkummaawaa keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

- Hawaasatti dhiyaatanii hogganuuf mijataa miti;
- Aangoon guutumaa guutuutti harka mootummaa giddugalessaa jiraachuu;
- Mirga ofiin ofbulchuu jajjabeessu dhabuu
- Sabdaneessummaaf beekkamtii kennuu dhiisuufi kan kana fakkaatanidha.

**Gocha 1:**

**Hojii Garee**

Amaloota, ciminaaleefi hanqinaalee caaseffama mootummaa tokkummaawaa irratti gareen mari'achuun gabatee armaan gadii keessatti guutuun dareef dhiyeessaa.

| Lakk | Amaloota | Ciminaalee | hanqinaalee |
|---|---|---|---|
| 1 | Aangoon guutumaan guutuutti giddugaleessaan to'atamuu | seerotniifi qajeelfamootni bifa walfakkaatuun hojii irra ooluu | sabdaneessummaaf beekkamtii kennuu dhabuu |
| 2 | | | |
| 3 | | | |
| 4 | | | |

## 2.1.2. Caaseffama Mootummaa Federaalawaa


Caaseffamni mootummaa biyyi keenya hordoftu isa kam jettee yaadda?

Caaseffamni mootummaa federaalawaa sadarkaa lama kan ofkeessaa qabudha. Isaanis, mootummaa giddugaleessaafi mootummoota naannoleeti. Mootummootni naannolee biyyoota garagaraa keessatti maqaa adda addaan waamamu. Fakkeenyaaf, Itoophiyaa keessatti naannolee yemmuu jedhaman, Amaarikaa keessatti immoo mootummoota jechuun waamamu.

Mootummaan giddugaleessaa dhimmoota waloo biyyaa irratti hoggansa waliigalaa kan kennuudha. Dhimmootni waloo mootummaa giddugaleessaan hogganaman keessaa muraasni: humna ittisaa biyyaa, imaammata biyyoota alaa, lammummaa, imaammata diinagdee, bu'urawwan misooma biyyoolessaa kanneen akka buufata dooniifi dirree xayyaaraa fa'idha. Caaseffama mootummaa federaalawaa keessatti naannoleen hunduu aangoo mataa isaanii qabu. Haaluma kanaan, mootummootni naannoleetis, dhimmoota kallattiidhaan uummata isaanii ilaallatan irratti aangoo imaammata baasuufi seera tumuu qabu. Kanaaf, caaseffama mootummaa federaalawaa keessatti naannoleen hunduu aangoo maataa isaanii qabaatu jechuudha.

Biyyoota dangaa bal'aafi hawaasa sabdaneessa qaban keessatti caaseffamni mootummaa federaalaawaa filamaadha. Haala kanaan, biyya Chaayinaa irraa

kan hafe biyyootni bal'ina qaban hedduun isaanii caaseffama mootummaa federaalaawaatiin bulu. Caaseffamni mootummaan federaalaawaa qoodinsa aangoo keessatti sabdaneessummaa/garaagarummaa kan keessummeessuufi mirga ofiin ofbulchuu kan eeyyamudha. Akkasumas, gareewwan adda addaa kanneen biyyicha keessa jiraatan garaagarummaan isaanii akka kabajamuufii ni eeyyama.

**Gocha 2.**

**Hojii Garee**

Heera MFDRI keessatti keeyyatni 51ffaafi52ffaan waa'ee maalii ibsaa?

Caaseffama mootummaa federaalawaa keessatti aangoon mootummaa federaalaafi mootummaa naannoolee gidduu jiru heeraan adda bahee kennama.

Heerri kunis wabii dhaabbataa hariiroo mootummaa naannoleefi federaalaa ta'uun kan tajaajiludha. Fakkeenyaaf biyya keenya keessatti heerri Mootummaa Federaalaawa Dimokraataawa Ripaablika Itoophiyaa (MFDRI) keeyyatni 51ffaa gaheefi hojii mootummaa federaalawaa tarreessa. Akka keeyyata kanaatti, gaheefi hojiin mootummaa federaalaa irraguddeessa dhimmoota akka qarshii maxxansuu, hariiroo biyya alaa, lammummaa, huma ittisaa biyyoolessaa, bulchiinsaafi hojiirra oolmaa misoomaa daangaa naannolee ce'aniifi kanneen kana fakkaatan raawwachuudha.

Bifuma walfakaatuun, heerri MFDRI keeyyatni 52ffaa aangoo mootummoota naannolee ibsa. Haaluma kanaan, aangoon kallattiidhaan mootummaa federaalaaf hinkennamne yookaan immoo aangoon mootummaa naannoleefi federaalaaf waliin hinkennamne, aangoo naannoleeti jedha.

Mootummaan naannolee aangoowwan ofiin ofbulchuu, olaantummaa seeraa kabachiisuu, heera mootummaa federaalawaa tiksuu, heeraafi seerota mataa isaanii baafachuun hojiirra oolchuu, humna poolisii naannoo isaanii


gurmeessuun nageenya naannoo isaanii eegsisuufi kan kana fakkaatu qabu.

Amaloota caaseffama mootummaaa federaalawaa

Amaloota caaseffamni mootummaa federaalawaa ittiin beekamu keessaa muraasni:

- qoodinsa aangoo heera irratti hundaa'ee qabaachuu;
- gulantaalee mootummaa lamaafi isaa ol qabaachuu;
- walabummaan mana murtii jiraachuu;
- mirga ofiin ofbulchuu nijajabeessuufi kanneen kana fakkaatanidha.

Yeroo ammaa mootummoota addunyaa keessaa harki tokko sadaffaa kan ta'an caaseffama mootummaa federaalaawaatiin bulu. Biyyoota caaseffama mootummaa federaalaan bulan keessaa muraasni; Ameerikaa, Biraazil, Paakistaan, Awustiraaliyaa, Meeksiikoo, Isiwiizerlaand, Kanaadaa, Naayijeeriyaafi Itoophiyaa akka fakkeenyaatti eeruun nidanda'ama.




Chaartii 1. Hariiroo aangoo caaseffama mootummaa Federaalawaa

## Ciminaaleefi Haqinaalee caaseffama Mootummaa Federaalawaa

Caaseffamni mootummaa federaalawaa ciminaaleefi hanqinaalee akkamii qaba jettee yaadda?

### A. Cimina caaseffama mootummaan federaalawaa

Ciminaalee caaseffama mootummaa federaalaawaa keessaa muraasni:

- ummatatti dhiyaatanii hogganuuf baay'ee mijataadha;
- haala bulchiinsaa baay'ina uummataafi bal'ina lafaa waliin walsimsiisanii hojirra oolchuuf nifayyada;
- sirna sabdaneessummaafi aad-daneessummaa dagaagsuuf mijataadha;
- mirga ofiin of bulchuu nijajabeessa;
- addaa addummaa fedhii sabdaneessaafi aad-daneessaa keessummeessuufi kanneen kana fakkaatanidha.

### B. Hanqinaalee caaseffama mootummaa federaalawaa

- Seerotniifi dambileen bakka hundatti bifa walfakkaatuun hojiirra ooluu dhiisuu malu;
- Sadarkaa hundaatti hoggansa walfakkaataa kennuuf rakkoo ta'uu mala;
- Caaseffama bulchiinsaa bal'aa waan qabuuf qisaasama dinagdeef saaxilamaadha;
- Sirnaan hogganamuu yoo dhabe, naannolee gidduutti walitti bu'iinsi akka uumamuuf sababa ta'uu danda'afi kannneen kana fakkaataniidha.

## Qordhimma

Biyyoota sirna federaalawaan bulan keessaa tokko, bulchiinsi mootummaan federaalaa hoggantoota mootummoota naannoolee hojii irra jiran aangoo irraa kaasuun kanneen haaraa ta'aniin bakka buuse. Haata'u malee, mootummootni naannolee hundi ajaja muummicha ministeeraa kuffiisan. Sababa kana irraa kan

ka'e, hoggantoota mootummaan federaalaafi naannoolee gidduutti waldhabdeen uumame. Muummichi minsteeraa ejjennoo isaatti cichuun pirezedaantota naannoolee haaraa muude. Pirezedaantotni naannoolee haaraawaa muudamanis fedhii ummataa malee ofuma isaaniitiin heera haarawaa baasuun hojiirra oolchan.

**Gocha 3:**

**Hojii Garee**

Qordhimma kana keessatti gochi qajeeltoo caaseffama mootummaa federaalawaa faallessu irratti gareen mari'achuun dareef dhiyeessaa.

### 2.1.3 Caaseffama Mootummaa Konfederaalawaa




Caaseffamni mootummaa konfederaalawaa maali? Kanaan dura dhageessanii beektaa?

Caaseffamni mootummaa konfederaalawaa waliigaltee biyyootaa lamaafi isaa ol ta'an gidduutti kan hundaa'udha. Caaseffamni mootummaa konfederaalawaa dhimmoota akka siyaasaa, diinagdeefi hawaasummaa irratti humna waloo tokko uumuuf kaayyeeffamee kan bocamedha. Yeroo ammaa kana mootummootni caaseffama konfederaalawaa qaban sadarkaa biyyaatti hinjiran; garuu akka gamtaatti nijiru. Fakkeenyaaf, Gamataa Awurooppaa fudhachuu dandeenya.

Akeekni gurguddoon caaseffama mootummaa konfederalawaa yeroo baay'ee humna ittisa waliinii, maallaqa waliinii, walitti hidhamiinsa tajaajila qunnamtii, daldalaafi kanneen kana fakkaatan kan bu'uureefatedha.

## Caaseffamoota Mootummaa




Chaartii 2. Hariiroo aangoon caaseffamoota mootummaa garaagaraa

## 2.2. Sirnoota Bulchiinsa Mootummaa

### Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu

Xumura barannoo kanaatti:

- sirnoota bulchiinsa mootummoota adda addaa ni ibsita;
- yaadrimee sirnoota bulchiinsa mootummaa ni ibsita;

Sirna bulchiinsa mootummaa jechuun maal jechuudha?

Sirna bulchiinsa mootummaa jechuun walitti dhufeenya dameewwan qaamolee mootummaa kanneen seera tumaniifi seera raawwachiisan gidduu jiru kan ibsudha.

Akka waliigalaatti, sirnoota bulchiinsa mootummaa sadiitu jiru. Isaanis; sirna bulchiinsa pirezedaantaawaa, paarlaamentawaafi walmakaa jedhamuun beekamu.


## 2.2.1. Sirna Bulchiinsa Paarlaamentawaa

Sirni bulchiinsa mootummaa muummee ministeeraan hogganamu sirna bulchiinsa paarlaamentawaa jedhama. Bulchiinsa mootummaa paarlaamentawaa keessatti paartiin sagalee caalmaa argate mootummaa hundeessuu danda'a. Haaluma kanaan, muummichi ministeeraatis miseensa paarlaamaa ta'ee hoggantoota paartii siyaasaa sagalee caalmaan teessoo paarlaamaa qabatan keessaa filatama. Sirna bulchiinsaa kana keessatti, paartileen hundi mana maree bakka bu'ootaa ummataatiif dorgomuun teessoo paarlaamaa qooddachuu nidanda'u.

Sirna bulchiinsa Paarlaamentawaa keessatti itti waamamni qaamota hojii raawwachiifuu paarlaamaadhaaf ta'a. Bakka bu'ootni ummataa muummicha minsteeraa irraa amantaa yoo dhaban yeroo barbaadanitti aangoo irraa kaasuu nidanda'u.

Sirna bulchiinsa paarlaamentaawaa keessatti qaamoleen mootummaa seera baaftuu, seera raawwachiistuufi seera hiiktuu addatti gurmaa'anii walto'achuufi waltumsuun waliin hojjatu. Sirna kana keessatti muummeen ministeeraa kaadhimamtoota hojii raawwachiistuu miseensota paarlaamaa keessaafi alaa filachuun muudamaaf dhiyeeffata. Muudamni kaadhimamtoota kunis, mana maree bakka bu'oota ummataan kan mirkanaa'u ta'a.

Biyyoota sirna bulchiinsa paarlaamentaawaan bulan keessaa Itoophiyaa, Deenmaark, Jaappaan, Siwudiin, Jarmanii, Hindii, Xaaliyaanii, Paakistaan, Bootasuwaanaa, Afrikaa Kibbaafi Ingiliizii akka fakkeenyaatti fudhachuun nidanda'ama.




Chaartii 3. Hariiroo aangoo sirna bulchiinsa paarlaamentawaa

## Amaloota Sirna Bulchiinsa Paarlaamentaawaa

Amaloota sirni bulchiinsa paarlaamentawaa ittiin beekamu keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

- **Muummichi ministeeraa dura bu'aa bulchinsaa ta'uu:** qaamolee hojii raawwachiistuu keessaa aangoo guddaa kan qabu muummicha ministeeraati.
- **Pirezedaantiin bakka bu'aa mootummaa ta'uu:** gahee isaa keessaa muraasni dipiloomaatota simachuufi bobbaasuu, kanneen hojii caalmaa hojjataniif badhaasa kennuufi kanneen kana fakkaatudha.
- **Ittigaafatamummaa waliinii qooddachuu:** Muummichi ministeeraa, ministeeronniifi miseensota paarlaamaa ittigaafatamummaa waliinii niqooddatu. Muummichi ministeeraa dhimmoota murtoo barbaadan bakka bu'oota ummataatti kan dhiyeessuu yoo ta'u, dhimmicha murteessanii dabarsuufis ta'ee kuffisuuf ittigaafatamummaa waliinii qabu.
- **Walitti makiinsa aangoo:** Sirni paarlaamentawaa aangoo qaamolee mootummaa hojii raawwachiistuufi seera baastuu walitti maka.

## 2.2.2. Sirna Bulchiinsa Pirezedaantawaa

Sirna bulchiinsa mootummaa pirezedaantawaa jechuun maal jechuudha?

Sirna bulchiinsa pirezedaantawaa keessatti pirezedaantiin kallattiidhaan ummataan filatama. Ittigaafatamummaan isaa/ishees ummataaf ta'a. Sirna kana keessatti qaamni hojii raawwachiifuu sadan ofdanda'oodha. Biyyoota sirna bulchiinsa pirezedaantawaa qaban keessaa Faransaay, Ameerikaa, Biraaziil, Arjantiinaa, Chiilii, Meeksikoofi Keeniyaa fa'a akka fakkeenyaatti eeruun nidanda'ama. -

☞ Sirna bulchiinsa mootummaa pirezedaantawaa keessatti pirezedaantiin dura bu'aa mootummaafi bulchiinsaa ta'ee tajaajila. Pirezadaantiifi seera baaftuun kallattiidhaan ummataan filatamu.

### Amaloota Sirna Bulchiinsa Pirezedaantawaa

Amalootni sirna bulchiinsa mootummaa pirezedaantawaa qabu keessaa muraasni:

- angoo ol'aanaan harka pirezedaantii jiraachuu;
- qoodinsi aangoo jiraachuu (qaamni seera hiiku qaamolee mootummaa lamaan hafan irraa adda bahee ta'a)
- pirezedaantiin yeroo aangoo murtaa'aa qabaachuufi kanneen kana fakkaatanidha.

## 2.2.3. Sirna Bulchiinsa Walmakaa

Waa'ee sirna bulchiinsa walmakaa maal beekta?

Sirna bulchiinsa walmakaa keessatti aangoon pirezedaantiifi muummicha ministeeraa haala walmakaa ta'een hojii irra oola. Sirna kana keessatti, pirezedaantiin qofaatti filamuun aangoo seeraa raawwachiisuu kan qabaatu yoo ta'u, muummichi ministeeraa immoo seera baasuu keessatti iddoo guddaa

qabaata. Biyyoota sirni bulchiinsa mootummaa walmakaa qaban keessaa biyya Faransaay akka fakkeenyaatti fudhachuun nidanda'ama.

☞ Sirna bulchiinsa walmakaa jechuun sirna perizedaantiin qofaatti filamee aangoo seera raawwachiisuu muummicha ministeeraa biyyatti waliin qooddatudha.

**Amaloota sirna bulchiinsa walmakaa**

- Qaamni seera raawwachiisu lama jiraachuu;
- Paarlaamaan muummicha ministeeraa irraa amantaa yoo dhabe aangoo irraa kaasuu danda'uu;
- Hordoffiifi to'annoon jiraachuu;
- Perizedaantiifi miseensota paarlaamaa uummataan filataman qabaachuufi kanneen kana fakaatanidha.

## 2.3. Walitti dhufeenyaafi garaagarummaa mootummaafi bulchiinsa mootummaa

**Gahumsa barachuu isa xiqqaa gonfatamuu qabu**

✍ walitti dhufeenya mootummaafi bulchiinsaa ni ibsita;

✍ garaagarummaa mootummaafi bulchiinsa gidduu jiru addaa nibaafatta.

Yaadrimee mootummaafi bulchiinsaa namoonni baay'een akka waan tokko ta'anitti fudhatu. Haata'u malee, mootummaafi bulchiinsa walitti dhufeenyaafi garaagarummaa mataa isaanii qabu.

### A. Walitti dhufeenya mootummaafi bulchiinsa mootummaa

Walitti dhufeenyi mootummaafi bulchiinsa mootummaa gidduu jiran keessaa isaan gurguddoon kanneen armaan gadiiti. –

☞ Mootummaan caacculee afur qaba. Isaanis: uummata, lafa daangaan

isaa beekkamaa ta'e, bulchiinsafi birmadummaadha. Kunis, bulchiinsi mootummaa caacculee mootummaa keessaa isa tokko ta'uu agarsiisa. Bulchiinsi mootummaa namoota biyya bulchan, dhaabbileefi dambiiwwan fa'a ofkeessatti qabata.

- ☞ Bulchiinsi caacculee mootummaa keessaa isa murteessaa waan ta'eef; bakka bulchiinsi hinjirre mootummaan jiraachuu hindanda'u. Sababni isaas, mootummaan qaama hinmul'anne waan ta'eef kaayyoofi galma mootummaa guyyaa guyyaan kan hojiirra oolchu bulchiinsa mootummaati. Kanarraa ka'uun, bulchiinsi sammuu mootummaati jedhamee waamama.
- ☞ Mootummaan bulchiinsaaf seera qabeessummaa kennaafi; bulchiinsi immoo mootummaa dhugoomsa.

### B. Garaagarummaa mootummaafi bulchiinsa mootummaa

Mootummaafi bulchiinsi mootummaa hidhata adda bahuu hindandeenye yoo qabataniyyuu, garaagarummaas qabu. Garaagarummaan mootummaafi bulchiinsa mootummaa kanneen armaan gadiiti.

- ➢ **Yaadrimeen mootummaa, yaadrimee bulchiinsa mootummaa irra bal'aadha.** Haala kanaan, **b**ulchiinsi mootummaa caacculee mootummaa keessaa tokko yoo ta'u mootummaan garuu qaamolee afur kan qabuufi bal'aa ta'uu isaa agarsiisa.
- ➢ **Mootummaan qaama hinmul'anne yoo ta'u, bulchiinsi immoo qabatamaadha**: Mootummaan kan hinmudhanneefi sadarkaa yaadaatti kan jiru yoo ta'u, bulchiinsi garuu kan qabatamaan mul'atudha.
- ➢ **Mootummaan dhaabbataa yoo ta'u, bulchiinsi ammoo kan jijjiramudha.** Bulchiinsi mootummaa kan dhufee darbu yoo ta'u, mootummaan ammoo itti fufee kan jiraatudha. Fakkeenyaaf, Itoophiyaan yeroo dheeraaf jiraattee jirti. Yeroo dheeraa kana keessatti immoo bulchiinsa mootummaa adda addaa dabarsitee jirti. Karaa biraatiin, bulchiinsi mootummaa yeroodhaa yerootti jijjiiramaa kan tureefi gara fuulduraattis kan jijjiiramudha.

**Gocha 4.**

**Hojii Garee**

Garagarummaa mootummaafi bulchiinsa mootummaa gareen irratti mari'chuun gabatee armaan gadii keessatti guutuun dareef dhiyeessaa

| T.L | Mootummaa | Bulchiinsa mootummaa |
|---|---|---|
| 1 | Ittifufiinsa kan qabu | Kan jijjiiramu |
| 2 | | |
| 3 | | |
| 4 | | |

## 2.4. Sirnoota Bulchiinsa Mootummaa Itoophiyaa Keessatti

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu**

- sirnoota bulchiinsa mootummaa Itoophiyaa adda nibaafatta;
- ciminaalee sirnoota bulchiinsa mootummaa Itoophiyaa ni ibsita;
- hanqinaalee sirnoota bulchiinsa mootummaa Itoophiyaa adda nibaafatta.

Sirna bulchiinsaa jechuun, biyya tokko keessatti amala bulchiinsi qabu kan ibsudha. Kunis sirna bulchiinsa gonfoo, abbaa irree yookaan dimookiraasii ta'uu danda'a. Itoophiyaan biyya sirna bulchiinsa gonfoofi abbaa irreetiin bulaa turteefi yeroo ammaa sirna bulchiinsa dimookiraasii shaakalaa kan jirtudha.

### 1. Sirna Bulchiinsaa Mootummaa Gonfoo

Sirni bulchiinsaa mootummaa gonfoo, sirna aangoon dhaalaan daddarbaa deemu yoo ta'u; sirni bulchiinsaa kun hanga bara 1974 A.L.A.tti Itoophiyaa keessa tureera. Sirna kana keessatti aangoon hundi harka mootii kan ture yoo ta'u, mootichi seera kan baasu, kan kabachiisuufi gar-tokkoon abbaa murtii kan itti turedha. Kanaaf, mootiin aangoo dhumaa kan qabuufi sirna bulchiinsa

mootummaa tokkummaawaa hordofaa kan tureedha.

Sirni bulchiinsa gonfoo biyya keenya keessa ture ciminaaleefi hanqinaalee mataa isaa kan qabu turan. Ciminaaleefi hanqinaaleen kunneenis akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

### A. Cimina sirna bulchiinsa gonfoo Itoophiyaa

Sirni bulchiinsa gonfoo Itoophiyaa keessatti hundeeffama sirna mootummaa ammayyaa kan hordofsiise ture. Sirni kun biyyattii keessatti sirnaafi hojimaata mootummaa ammayaawaa dirirseera.

Haalliifi amalli sirna bulchiinsa gonfoo akkuma jirutti ta'ee, sirnichi ummattoota biyyattii kakaasuun weerartoota alaa qolachuun daangaa biyyattii kabachiisuu danda'eera. Kanaaf ammoo, injifannoo waraana Adawaa akka ragaatti fudhachuun nidanda'ama.

Sirni bulchiinsa mootummaa gonfoo Itiyoophiyaa gama dippiloomasiin biyyoota alaa waliin walittidhufeenya ijaaruun sadarkaa ardii Afrikaatti Dhaabbatni Tokkummaa Afirikaa yeroo ammaatti, Gamtaa Afrikaa kan jedhamu akka hundeeffamu hojii guddaa hojjateera. Kana irraa ka'uun Magaalaan Finfinnee teessoo gamtichaa ta'uu dandeessee jirti. -

### B. Hanqinaalee sirna bulchiinsa mootummaa gonfoo Itoophiyaa

Sirni bulchiinsa mootummaa gonfoo ciminaalee armaan olii yoo qabaateyyuu, hanqinoota hedduus qaba ture. Hanqinaalee sirna mootummaa gonfoo Itoophiyaa keessaa gurguddoon:

- olaantummaan seeraa dhabamuu;
- mirgootni walqixxummaa kabajamuu dhabuu;
- sarbamiinsi mirgoota dhala namaa bal'inaan raawwatamuu;
- aangoon siyaasaa sanyiin darbuu;
- mootummaafi amantaan walkeessa jiraachuu;

☞ sirni sabdaneessummaafi aad-daneessuummaa keessummeessu dhabamuufi kanneen kana fakkaataan akka fakkeenyaatti eeruun nidanda'ama.

## 2. Sirna Bulchiinsa Abbaa Irree (Dargii)

Sirna bulchiinsa gonfoo Itoophiyaa yeroo dheera ture aangootti dhufuu mootummaa dargiitiin xumurame. Sirni bulchiinsaa Abbaa Irree kun jireenya waloo yookaan sirna'sooshaalizimii hordofaa kan tureedha. Akkuma bulchiinsa sirna gonfoo, sirni bulchiinsa Abbaa Irree Itoophiyaa ciminaaleefi hanqinaalee mataa isaa qaba ture.

### A. Ciminaalee Sirna Bulchiinsa Abba Irree (Dargii)

- Daangaa biyyaa kabachiisuu; -
- Lafa qonnaan bultoota abbootii lafaa sirna gonfoon saamamee ture irraa fuudhuun qonnaan bultootaaf deebisuu;
- Duula dubbisuufi barreessuu hojii irra oolchuu;
- Mootummaafi amantaa gargar baasuufi kanneen kana fakkaatanidha.

### B. Hanqinaalee Sirna Bulchiinsa Mootummaa Abba Irree

- Sarbiinsa mirga dhala namaa babal'achuu;
- Waraanaan lubbuu namoota hedduu balleessuufi qabeenya mancaasuu;
- Sirna paartii tokko qofaa ta'uufi kanneen kana fakkaatanidha.

Sirni bulchiinsi Dargii qabsoo sabootaafi ummattoota cunqurfamoo biyya keenyaa godhaniin bara 1991 A.L.A.tti aangoon isaa raawwate.

## 3. Sirna Bulchiinsa Mootummaa Federeelawaa Dimookiraatawaa Rippaabilika Bara 1991 Boodaa

Kufaatii mootummaa dargiitiin booda caaseffamni mootummaafi sirni bulchiinsa mootummaa Itoophiyaa duraan ture jijjiirameera. Bu'uura heeraa MFDRI bara 1995 keeyyata 1 jalatti ibsameen, biyyi Keenya Itoophiyaan sirna bulchiinsa federaalawaa dimokiraatawaa rippaabilikaaf beekamtii kennitee hojiirra oolchaa

jirti. Sirni bulchiinsa rippaabilikaa ammoo filannoo bilisaa, haqa qabeessaafi yeroo isaa eeggateen kan ijaaramudha.

Akkuma sirna bulchiinsota biroo olitti dhiyaatan keessatti ibsame, hojiirra oolmaa ilaalchisee ciminaaleefi hanqinaleen sirna mootummaa dimokiraatawaa federaalawaa rippaabilika Itoophiyaatiin walqabatan muraasni adda bahaniiru.

### A. Ciminaalee

Mirgootni ofiin ofbulchuu, afaaniifi aadaa ofii guddisuufi sadarkaa federaalaatti bakka bu'iinsa madaalawaa qabaachuu seeraan beekamtii argachuu danda'eera.

### B. Hanqinaalee

Biyya sabdaneessuummaafi aad-daneessummaan badhaate keessatti sirni bulchiinsa federaalawaa dimokiraatawaa sirna filatamaa jedhamee fudhatama. Haata'u malee, biyya keenya keessatti rakkoo sirnaan hojiitti hiikuu dhabuu irraan kan madde, hanqinaleen mul'atan:

- naannolee gidduutti darbee darbee waldhabdeen daangaa jiraachuu;
- mirgootni bu'uuraa sadarkaa barbaadamuun kabajamuu dhabuu;
- naannolee gidduutti qoodamnsi qabeenyaa haqa qabeessa ta'e dhabamuu;
- darbee darbee mootummaa federaalaafi naannolee gidduu daangaan aangoo ifa ta'e dhabamufi kanneen kana fakkaatanidha.

**Gocha 5.**

**Hojii Garee**

Bulchiinsa mootummaa Itoophiyaa keessa turan ilaalchisee ciminaaleefi hanqinaalee sirna mootii, dargiifi bulchiinsa MFDRI irratti mar'adhuun yaada keessan dareef dhiyeessaa.

## Guduunfaa

Caaseffama isaanii irratti hundaa'uun mootummootni bakka sadiitti qoodamu. Isaanis, caaseffama mootummaa tokkummaawaa, federaalawaafi konfederaalawaa jedhamu. Bifuma walfakkaatuun, sirnoota bulchiinsaa sadiitu jiru. Isaanis, sirna bulchiinsa pirezedaantawaa, paarlaamentawaafi Walmakaadha.

Mootummaafi bulchiinsi mootummaa walitti dhufeenya akkuma qaban, garaagarummaas niqabaatu. Kunis, bulchiinsi caacculee mootummaa keessaa isa murteessaafi bakka bulchiinsi hinjirre mootummaan jiraachuu kan hindandeenye ta'uufi mootummaan bulchiinsaaf seera qabeessummaa kan kennuufi; bulchiinsi immoo mootummaa kan dhugoomsu ta'uun isaa walitti dhufeenya isaan qaban agarsiisa. Gama biraatiin immoo mootummaan dhaabbataa yemmuu ta'u, bulchiinsi ammoo kan jijjiramudha ta'uu, bulchiinsi mootummaa qaama hinmul'anne kan ta'eefi, bulchiinsi immoo qabatamaa ta'uufi yaadrimeen mootummaa, yaadrimee bulchiinsa mootummaa irra bal'aa ta'uun isaa garaagarummaa isaan gidduu jiru agarsiisa.

Biyyi keenya Itoophiyaan muuxannoo sirnoota bulchiinsaa Gonfoo, Abbaa Irreefi Mootummaa Federaalawaa Dimokiraatawaa Rippaabilikaa qabaachuun beekamti.

## Hiikaa jechootaa

**Bakka bu'aa mootummaa**: biyyoota paarlamentawaa hordofan keessatti gaggeessaan biyyaa kan akka perizedaantii, mootii/motittii gaggeessaa/tuu sirnaati.

**MFDRI**: Mootummaa Federaalawaa Dimpkiraatawaa Ribbaablikaa Itoophiyaa

**Mootummaa:** caacculee afur kanneen akka bulchiinsaa, birmadummaa, daangaa murtaa'aafi uummata kan ofkeessatti hammatedha.

## Gaaffilee Keessa Deebii Boqonnaa

**Kutaa I: Hima yaada sirrii qabuuf "dhugaa" kan yaada sirrii hinqabneef "soba" jedhi.**

1. Itoophiyaan bara 1995 irraa kaasee sirna bulchiinsa paarlamentawaan bulaa jirti.
2. Birmadummaan uummataa qajeeltoo bu'uuraa sirna bulchiinsa mootii keessa isa tokkodha.
3. Mirgi hiree ofii murteeffachuu heera keessatti beekamtii argachuun ciminaalee MFDRI keessaa isa tokkodha.

**Kutaa II: Qubee deebii sirrii qabate filadhu**

4. Kanneen armaan gadii keessaa amala sirna federaalawaa kan ta'e isa kami?
   A. Mootummaan garagadii mootummaa giddugaleessaan to'atamuu
   B. Bulchiinsi biyyoolessaa aangoo hunda giddugaleessatti qabachuu
   C. Mootummaa garagadiif heera biyyattiin aangoon kennameefii jira
   D. Addunyaa kanirratti mootummoonni baay'een amalaan tokkummaawaadha
5. Kanneen asii gadii keessaa kamtu amala sirna paarlaamentawaati?
   A. Aangoo ol'aanaan harka pirezidaantii jiraachuu
   B. Muummichi ministeeraa dura bu'aa bulchiinsaa ta'uu
   C. Amala to'annoofi hordoffii
   D. Hunduu deebidha
6. Mootummaafi bulchiinsa ilaalchisee sirrii kan ta'e kami?
   A. Mootummaan ittifufiinsa qaba
   B. Bulchiinsi bakka bu'aa mootummaati
   C. Bulchiinsi qabatamaadha
   D. Mootummaan kan hinmul'anneedha
   E. Hunda

7. Sirna bulchiinsa mootummaa Dargii ilaalchisee kamtu sirriidha?
   A. Federaalizimii beeksisuu
   B. Duula dubbisuufi barreessuu
   C. Mootummaa amantii beeksisuu
   D. Dimokiraasii babal'isuu

**Kutaa III: Cimina bulchiinsa 'A' jala jiran sirnoota bulchiinsaa 'B' jala jiran waliin walitti firoomsi.**

| T.L | A | B |
|---|---|---|
| 1 | Hiree ofii ofiin murteessuu | A. Bulchiinsa gonfoo |
| 2 | Lafa qonnaan bultoota abbootii lafaa sirna gonfoon saamamee ture qonnaan bultootaaf deebisuu; | B. Bulchiinsa Dargii |
| 3 | Aangoon sanyiin daddarbuu | C. Bulchiinsa MFDRI |

**Kutaa IV: Deebii gabaabaa kenni.**

1. Sirna Paarlaamentawaa jechuun maal jechuudha?
2. Caaseffama Konfederaalawaa jechuun maal jechuudha?
3. Sirna bulchiinsa walmakaa ibsi.

# BOQONNAA 3 Dimookiraasii

## Seensa

Boqonnaa kana keessatti yaadrimee dimookiraasii, qajeeltoowwan dimookiraasii, duudhaalee dimookiraasii, jaarmiyaalee dimookiraasii xabboo, carraaleefi danqaalee ijaarsa dimookiraasii Itoophiyaa nibaratta.

**Yaadrimeefi jechoota Ijoo:** birmadummaa, heera, bilisummaa, ummata, filannoo, dhuudhaa, olaantummaa seeraa, diimookiraasii xabboo

**Bu'aalee barachuu barnoota boqonnichaa:**

- yaadrimee dimookiraasii ibsuu;
- qajeeltoowwaniifi duudhaalee dimookiraasii tarreessuu;
- dimookiraasii xabboo hawaasa keessa jiruutiif kabaja kennuu;
- danqaaleefi carraalee ijaarsa dimookiraasii Itoophiyaa hubachuu.

## 3.1. Yaadrimee Dimookiraasii

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- yaadrimee dimookiraasii ni ibsita;
- gaarummaa sirna dimookiraasii nihimta.

Sirna dimookiraasii keessatti ummanni bakka bu’aa isaa sagalee guutuu yookaan caalmaan filata. Yaadni sagalee caalmaa argate yaada mo’ataa ta’a. Namoonni yaada mo’ataa kana irraa yaada addaa qabanis yaada sagalee caalmaan filatame kabajuun ittiin bulu. Namoonni yaadni isaanii sagalee caalmaan filatames, namoota sagalee isaaniif kennanis ta’e; kanneen yaada addaa qabatanii sagalee isaan dhorgatan, yaada isaanii kabajuun walqixxummaan isaan tajaajilu. Adeemsa sirna dimookiraasii keessatti ummanni bakka bu’aa sagalee isaatiin filate irraa amantaa yoo dhabe; aangoo irraa mulquu danda’a.



Suuraa 3.1: Filannoo musee daree

Musee daree keessanii akkamiin filattu?

Sirna dimookiraatawaa keessatti, museen daree filannoo bilisaa barattoota daree hunda hirmaachisuun raawwatama. Museen daree fedhii barattootaan ala

barsiisaan kan filamu yoo ta'e garuu, adeemsa dimookirasii kan hineegneefi fudhatamummaa hinqabneedha.

Dimookiraasiin haala kamiin dagaaguu danda'a?

Dimookiraasiin salphaatti kan dagaaguu danda'u miti. Dimookiraasii dagaagsuuf hawaasni hundi fedhii qabaachuu, seeronni, dambiiwwaniifi jaarmiyaaleen dimookirasii ciccimoo qabaachuun barbaachisaadha.

Dimookiraasiin sirna:

- ummatni aangoo siyaasaa olaanaa ittiqabudha;
- hoggantoota aangoomsuus ta'ee aangoorraa buusuun murtoo ummataatiin raawwatudha.

## 3.2. Qajeeltoowwan Bu`uuraa Dimookraasii

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- qajeeltoowwan bu'uuraa dimookiraasii nitarreessita;
- qajeeltoowwan bu'uuraa dimookiraasii nikabajja.

Dimookiraasiin utubaalee bu'uuraa ittiin ijaaramuu qaba. Utubaaleen kunneenis qajeeltoowwan bu'uuraa dimookiraasii jedhamanii beekama. Qajeeltoowwan dimookiraasii keessaa ijoon kanneen armaan gadiiti.-

### 1. Birmadummaa Ummataa

Birmadummaan ummataa qajeeltoo bu'uuraa sirna dimookiraasii ta'ee,yaadrimee maddiifi abbaan aangoo mootummaa murteessaan ummataa ta'uu ibsudha. Akka qajeeltoo kanaatti, angoon bulchiinsa mootummaa kan fudhatama kan argatu karaa filannoo bilisaa, amanamaa, haqa qabeessaafi yeroo isaa eeggateen kan qabatame yoo ta'e qofadha.Kana jechuun, maddi aangoo siyaasaa inni olaanaan lammiilee ta'uufi lammiileen bakka bu'oota filatan irraa amantaa yoo

dhaban aangoo irraa mulquun namoota biroo bakka buufachuuf aangoo guutuu qabaachuu kan agarsiisudha.

## 2. Olaantummaa Heeraa

Biyyi tokko seerota adda addaa qabdi. Seerota kanneen keessaa heerri seera olaanaa biyyaa ta’uun tajaajila. Bu’uura kanaan seerotni, qajelfamootni, dambiiwwaniifi hojimaatni kamiyyyuu heeraan kan walitti bu’u yoo ta’e; fudhatamummaafi raawwatamummaa hinqabaatan jechuudha.

## Gaaffii Hubannoo 1

Akka heera Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippaabilika Itoophiyaa Keeyyata 9/1 irratti ibsameen hojimaatni,barsiifatniifi murteewwan heeraa faallessu kamiyyuu, hojiirra ooluu hindanda’u jechuun maal jechuu akka ta’e gareen irratti mari’achuun dareef dhiyeessaa?

## 3. Hirmaannaa Lammilee:

Sirna dimookiraasii keessatti lammiileen dhimmoota biyyaafi hawaasaa keessatti dammaqinaan hirmaatu. Hirmaannaa kunis sochiilee waliigalaa lammiileen siyaasa, dinagdeefi hawaasummaa keessatti taasisan hunda hammata.



**Fakkii 3.2 Ibsamoota hirmaannaa lammiilee keessaa tokko**

## Qordhimma

Naannoo Oromoiyaa magaalaa Cirootti, qindeessummaa gaggeessitoota hawaasaatiin mariin hawaasaa gaggeeffamee ture.  Marii kanas hoggantuu waajjira dhimmoota hawaasummaa magaalichaatu gaggeesse. Baay'inni dhiirotaafi dubartoota marii hawaasaa kanarratti hirmaatanii kan walgitu waan tureef hoggantuun kun baay'ee gammadan.

Dhimmoota hawaasummaa mariif dhiyaatan keessaa ajandaan  miidhaa qorichootni sammuu namaa hadoochan dhaqqabsiisaa jiran' kan jedhu ijoo marii ture.  Hirmaattonnis qorichoonni sammuu hadoochan ijoollee isaanii araadaafi rakkoo fayyaa adda addaaf akka saaxilaa jiru ibsuun walta'anii furmaata barbaaduu akka qaban irratti waliigalan. -

Ajandaan marii inni biraan immoo, 'miidhaa balaan tiraafikaa' ture.  Rakkoo kana ittisuufis, tattaaffii poolisootni balaa tiraafikaa hir'isuuf taasisan deeggaruun barbaachisaa akka ta'e irratti  waliigalan.

Qabeenya uumamaa naannoo isaaniif eeguufi kunuunsuunis  ajandaa marii isa kan biraa ture. Rakkoo kana hundeen furuufis, hirmaattonni hundi arfaasaa dhufu biqiltuu dhaabuufi kan dhaabbatee jirus kunuunsuuf waliigalan.

Dhimmootni walqixxummaan koornayaa kabajamuu dhabuufi barmaatilee dubartootarratti miidhaa dhaqqabsiisan ajandaa marii kan xumuraa ture. Asirratti, heerumni umrii malee shamarran irratti miidhaa dhaqabsiisaa akka jiruufi sababa kanaan shamarran barnoota isaanii adda kutaa akka jirantu mari'atame. Kanaafuu, hirmaattonni marii kanarraa hubannoo waan argataniif shamarran barsiisuufi umrii malee heerumsiisuu akka hinqabne waliigalan.


Walumaagalatti, mariin kun baay'ee hawwataafi karaa dammaqina qabuun kan gaggeeffame yoo ta'u, akka mootummaatti hojiilee misoomaa waliigalaa cimsuun rakkoolee hirmaattotni kaasan kana  furuudhaaf hawaasni gibira irraa

eegamu sirnaan kaffalu akka qabu waltajjii irraa hubachiisni kennamee jira. Xumura irrattis, dhimmoota hawaasaa biroo irratti mari'achuuf torban lama keessatti deebi'anii akka walargan waliigaluun waltajjichi goolabame.

**Gaaffilee Hubannoo 2**

1. Qordhimma kana irraa maal hubatte?
2. Hawaasni dhimmoota akkamii irratti mar'ataa turan?

3. **Qoodiinsa aangoo:** Sirna dimookiraatawaa ta'e keessatti bulchiinsi mootummaa qaamolee sadan (qaama seera tumu, seera raawwachiisuufi seera hiiku) irraa ijaarama. Kaayyoon qoodinsa aangoo kunis hordoffiifi to'annoo qaamolee sadan gidduu jiru mirkaneessuudha.




*Chaartii 3.1. Qoodinsa aangoo qaamolee bulchiinsa mootummaa sadanii*

4. **Gargar Bahinsa Mootummaafi Amantii**

Sirna dimookiraatawaa keessatti mootummaafi amantiin dhimma walii keessa hingalan jechuun maal jechuudha?

Sirna dimookiraatawaa keessatti, mootummaafi amantiin garaagari jechuun amantiin kan mootummaa ta'e hinjiru; mootummaan dhimma amantii keessa, amantaanis dhimma mootummaa keessa hingalu jechuudha.

Biyya tokko keessa gareewwan amantii adda addaa hordofan jiraachuu danda’u. Gareewwan amantii kunneenis lakkoofsaan walcaaluu malu. Gareen amantii lakkoofsaan guddaa ta`an carraa aangoo biyyaa bulchuu yoo argatan, gareewwan xixiqqaan amantii isaanii bilisaan akka hingeggeeffnne gochuu malu. Gochi kun immoo sarbamiinsa mirgootaa dhaqqabsiisa waan ta’eef, sirna dimookiraatawaa keessatti qajeeltoo kana hojiirra oolchuun baay’ee barbaachisaadha.

## 5. Iftoominaafi Gaafatamummaa



Iftoominniifi gaafatamummaan hariiroo akkamii qabuu?

Iftoominni hojimaata hojiilee mootummaan hojjetu irratti hawaasni odeeffannoo guutuu akka argatu kan taasisudha. Kunis, mootummaan hojiifi hojimaata isaa haalaafi yeroo isaa eegee ummataaf ifa gochuu akka qabu agarsiisa.

Gaafatamummaan ammoo sirna aangawootniifi qondaaltotni mootummaa, hanqinaalee hojii keessatti mul’isaniif seeraafi bulchiinsaan kan gaafataman ta’uu kan agarsiisudha.

Gaafatamummaa aangawootaafi qondaaltota mootummaa mirkaneessuuf, ummatni karoora irraa kaasee waantota qaamni bulchiinsi mootummaa raawwatu beekuufi odeeffannoo wayitaawaa argachuun barbaachisaa argachuu qaba. Kana jechuun, iftoominaafi gaafatamummaan hijimaata walirraa adda hinbaaneefi waltumsanidha.

## 6. Filannoo bilisaa, haqa qabeessaafi yeroosaa eeggate




Fakkii 3.3. Filannoo bilisaa

Filannoo bilisaa, haqaa qabeessaafi yeroo isaa eeggate gaggeessuun, qajeeltoowwan dimookiraasii keessaa isa kan biraadha. Yaadrimeen filannoo bilisaa, haqaa qabeessaafi yeroo isaa eeggate kiunis akka armaan gadiiti kan ibsamedha.

- **Filannoo bilisaa**: hojimaata filannoo lammiileen umriin gahe hundi kaadhimamtootaafi imaammatoota filannoodhaaf dhiyaatan keessaa sodaafi doorsisa tokko malee walabummaa guutuun filatan addeessu,
- **Filannoo haqa qabeessa:** hojimaata sagaleen filattoota garaagarummaa tokko malee gatii walqixa itti qabaatuufi sagalee kunis sirnaan lakkaa'amuu agarsiisu,
- **Filannoo yeroosaa eeggate**: hojimaata filannoo yeroofi marsaa dhaabbataa qabaatee gaggeeffamuu agarsiisu.

Bu'uura qajeeltoo dimookiraasii kanaan, lammiileen umriin isaanii ga'e hundi garaagarummaa tokko malee mirga filaluufi filatamuu niqabaatu. Haata'u malee, namoonni seeraan dhorkamaniifi ulaagaa seera filannoo hinguunne, mirga filachuus ta'ee filatamuu dhabuu danda'u.

7. **Kabaja mirgoota namummaa:** Mirgoonni namummaa mirgoota uumamaa namni nama waan ta'eef qofa argatudha. Mirgoota kanneen keessaa mirga lubbuun jiraachuu irraa hanga mirgoota waantota jireenyaaf barbaachisaan kanneen akka nyaata, barnoota, hojii, fayyaafi bilisummaa argachuu fa'a of keessaa qaba.
8. **Sirna dhaab-daneessaa:** Sirni dimookiraasii sirna dhaab-daneessaa jedhamuun beekama. Kunis paartiilee siyaasaa lamaafi sanaa ol qabaachuun barbaachisaa akka ta'e agarsiisa. Qajeeltoon kun, lammiileen imaammata kaadhimamtootaafi paartiilee siyaasaa jiran keessaa xiinxalee madaalee filachuuf carraa akka qabaatan gargaara.
9. **Olaantummaa Seeraa:** qajeeltoon kun sirna dimokiraatawaa keessatti namni kamiyyuu:
   - seera duratti walqixa;
   - badii raawwateef walqixa gaafatama;
   - seerri nama hunda irratti walqixa hojjeta;
   - namni seeraan ol ta'u jiraachuu hindanda'u jechuudha.

Walumaa galatti, olaantummaan seeraa qajeeltoo namniifi jaarmiyaan hundi seeraaf akka bulan taasisudha. -

## Qordhimma

Biyyi 'X'n sirna mootii kan aangoon sanyiidhaan darbuufi filannoon dimookiraatawaan keessatti hingeggeeffamnedha. Aangoon hundi kan mootichaa waan ta'eef, ummatni biyyatti dhimmoota hawaas-dinagdeefi siyaasa keessatti hirmaachuuf carraa hinqaban. Kana jechuun, biyyattiin seeraafi dambii ittiin bulmaataa walaba ta'e hinqabdu. Gochootaafi murtoowwan mootichaan darban ummatni ifatti hinbeeku waan ta'eef mootichi waan raawwatuuf gaafatamummaa hinqabu. Mootichi dhimma amantii keessa seenuun waan fedhe raawwata. Ajajni mootichaa akka bu'uura qajeeltoowwan bulchiinsaafi amantiitti fudhatama. Biyyattii keessatti mirgoonni dubartootaa akka malee sarbama ture.

**Gaaffii Hubannoo 3**

Qordhimma armaan olii keessatti qajlteewwan dimookiraasii sarbaman kam fa'i? gareen irratti mari'achuun dareef dhiyeessaa.

## 3.3. Duudhaalee Dimookiraasii

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

Xumura barannoo kanaatti: duudhaalee dimookiraasii adda nibaafatta.

Duudhaalee dimookiraasii jechuun maal jechuudha?

Duudhaalee hawaasaa sirna dimookiraasii dagaagsuuf barbaachisan keessaa gurduddoon waldanda'uu, haqummaa, bilisummaa, walqixxummaafi hammattummaa fa'a akka fakkeenyaatti fudhachuun nidanda'ama.

### 1. Waldanda'uu

Hiriyyoota kee waliin dhimma tokko irratti yoo waliigaluu baatte maal goota?

Waldanda'uun dhuudhaalee waliin jireenyaa ijaarsa sirna dimookiraasiif barbaachisoo ta'an keessaa isa tokkodha. Sirna dimookiraasii keessatti, garaagarummaan sabummaa, afaanii, aadaafi amantii kabajanii waliin jiraachuun duudhaa barbaachisaadha. Kunis, bakka waldanda'uun hinjirretti dimookiraasiin jiraachuu akka hindandeenye kan agarsiisudha.

### 2. Bilisummaa

Sirna dimookiraatawaa keessatti, namni hunduu loogii, dhiibbafi sarbama mirgootaa kam irraayyuu bilisa. Haala kanaan, lammiiwwan hunduu ilaalcha amantaafi siyaasaa barbaadan qabaachuu, walabummaan yaadaafi ilaalcha ofii ibsachuu, waliin gurmaa'uun kaayyoo waloo tarkaanfachiisuu, hojii fedhan irratti bobba'anii jireenya ofii gaggeessuu fa'a ofkeessatti haammata. Kunis, bilisummaan duudhaalee ijaarsa dimookiraasiif barbaachisaa keessaa tokko ta'uu agarsiisa.

## 3. Haqummaa



Fakkii 3.4. Haqummaa

Haqummaan duudhaalee dimookiraasii keessaa isa takko ta'ee, namoota haalaafi sadarkaa wal walfakkaataa irra jiran hunda haala walfakaatuun ilaaluu, loogii tokko malee tajaajila walfakakataa, sirriifi haqa qabeessa  ta'e kennuu jechuudha.

**Qordhimma**

Naannoon Affaar mootummaa naannoolee Itoophiyyaa keessaa isa tokkodha. Ummanni Affaar sulula Itoophiyaa keessa waan jiraataniif irra jireessi isaanii horsiisee bulaadha. Margaafi bishaan barbaacha yeroo yeroon bakka tokkoo bakka biraatti socho'uun jiraatu waan ta'eef mana barnootaa dhaabbataa ta'e keessatti ijoollee isaanii barsiisuu hindandeenye. Rakkoo kana furuuf mootummaan barattoota naannoo saniif sagantaa manneen barnootaa bakkaa bakkatti socho'an basuun hojiirra oolchaa jira.

**Gaaffii Hubannoo 4**

Mootummaan sagantaa mana barnootaa socho'aa barattoota Affaariif kennuun maaliif barbaachise? Gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa

## 4. Walqixxummaa

Walqixxummaa dimookiraasii lammiileen hundi garaagarummaa tokko malee dhimmoota siyaasaa, hawaasummaafi diinagdee keessatti karaa madaalawaa ta'een carraa hirmaannaa qixa ta'e qabaachuufi bu'aa isaarraas qixa fayadamu agarsiisa. Duudhaan hawaasaa kun ijaarsa sirna dimookiraasiitiif haala mijataa waan uumuuf jajjabeeffamuu kan qabudha.

## 5. Hammatummaa

Duudhaalee dimookirasii keessaa hammatummaan adeemsaafi hojimaata hunda ammataa ta'e hojiirra oolchuudha. Hojimaatni akkasii lammiiwwan sadarkaa isaan ilaalu hunda irratti garaagarummaa tokko malee carraa hirmaachuu akka argataniifi hirmaannaa kana irraas fayyadamoo akka ta'an kan dandeessisudha. Kun ammo ijaarsa hawaasaa cimsaa kaayyoo tokkoof akka dhaabbatan waan gargaaruuf ijaarsa sirna dimookiraasii keessatti gahee guddaa qaba.




Figure 3.5 Walgahii hawaasaa hirmaachisaa

## 6. Ulfina

Ulfinni ofii gad of qabanii, namoota biroof kabajaafi ulfina olaanaa kennuudha.

Kabajni duudhaalee dimookiraasii keessaa isa tokko yommuu ta'u, innis akka dirqama hamileetti fudhatama. Duudhaan kun karaalee gurguddoo armaan gadiin kan calaqqisudha.

- ✓ walkabajuufi garaagarummaaf beekamtii kennuu,
- ✓ faayidaa waloof dursa kennuu,
- ✓ hawaasaaf dhimmamuufi dhimmoota hawaasaa irratti hirmaachuu,
- ✓ qulqullina dhuunfaafi waloo   eeggachuu
- ✓ hangafootaafi gaggeessitoota kabajuu
- ✓ obsa qabaachuu, loogii lgochuu dhiisuufi nama hunda fuula ifa ta'een simachuun calaqqisa.



Fakkii 3.6  Namoota lafoo daandii qaxxaamuraniif dursa kennuu

### 7. Daneessummaa kabajuu:

sirna dimookiraatawaa ta'e keessatti jaarmiyaaleefi miseensonni hawaasaa daneessummaan uumamaafi miidhagina ta'uu hubachuun waliif kabaju. Hawaasni daneessummaa kabaju garaagarummaa sabummaa, afaanii, aadaa, koornayaafi haala fayyummaa qaamaan osoo hindaangeffamiin kabaja walii isaaniif qabu. Kunis, duudhaa dimookiraasiin ittiin beekamu keessaa isa biraadha.



Fakkii. 3.7 Daneessummaa

## 3.4. Barbaachisummaa Jaarmiyaaleefi Duudhaalee Dimookiraasii Xabboo

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

Xumura barannoo kanaatti:

- duudhaalee dimookiraasii xabboo hawaasa keessa jiran nitarreessita;
- barbaachisummaa duudhaalee dimookiraasii xabboo ni ibsita.

Beekumsi xabboon sirna ittiin beekumsi uumamu, turfamu, madaqfamuufi fooyya'iinsa dhaloota egereef akka dhaalatti darbudha. Innis dandeettii jireenya bu'uuraafi qananii egereef beekumsa uumuu, kuusuufi dabarsuuti. Beekumsa xabboon beekumsa namoonni hawaasa keessatti sirna barnootaa idileen alatti adeemsa yeroo keessa horatan, dagaagsaniifi ittifufsiisaniidha. Kanaafuu, beekumsi xabboon madda jaarmiyaaleefi duudhaalee xabboo ta'uun kan tajaajiludha.

Itoophiyaan biyya sabaafi sablammootati. Saboonni kunneeiin walhogganuuf, walitti bu'iinsa furuuf, daangaa, nagaafi tasggabbii isaanii eggachuuf; hawaasa galma tokkoof qindeessuu kan isaan dandeessisu jaarmiyaaleefi duudhaalee xabboo kan mataa isaanii qabu. Beekumsi haala kanaan argamu kunis, ka'umsa jaarmiyaaleefi duudhaalee xabboo hawaasaa ta'uun tajaajila.

Biyya keenya keessatti jaarmiyaalee xabboo beekumsa xabboo irraa ijaaraman keessaa Gadaa, Kanchii, Awwaasiyaa, Luwaa, Yajookaafi Seeraa akka fakkeenyaatti fudhachuun didanda'ama.

- **Sirna Gadaa**: Sirni gadaa sirna Oromoon ittiin walbulchu, nagaafi nageenya isaa tifkatu, dinagdee isaa dagaagfatu, fedhiifi mul'ata waloo qabu ittiin eeggatuufi nagaan waliin jiraatudha. Kana galmaan gahuudhaafis sirni gadaan heera mataasaa kan qabu ta'ee jaarmiyaalee kanneen akka Meedhichaa, Jaarsummaa, Gumaa, Siinqee, Hirphaa, Buusaa-gonofaa fa'a ijaarratee

qaba. Gadaan sirna xabboo hawaasa Oromoo umriifi dhalootaan ijaaree gahoomsuun mirgaafi dirqama isaa beekee tokkummaan akka waliin jaraatu taasisuudha. Kana malees, Sirni Gadaa sirna dhaab-daaneessaa baalliin karaa nagaa qofaan darbuufi sirna murtoon sagalee guutuun ittiin hojiirra ooludha. Kunis, ijaarsa dimookiraasiif bu'uura guddaadha.

- **Kanchii:** Sirni kanchi sirna bulchiinsaa xabboo hawaasa Waajiraat ta'ee nageenya hawaaichaa tiksuu, seera kabachiisuu, haqa mirkaneessuu, amantaafi eenyummaa isaanii eeggachuuf kan ijaaramedha.
- **Abbaagaar:** Jaarmiyaan dimookiraasii xabboo Abbaagaar jedhamu Kaaba Itoophiyaa Wallootti bal'inaan kan beekamudha. Jaarmiyaan xabboo hawaasaa kun mirga dubarttootaa kabachiisuufi dubartoota aangomsuu irratti waan xiyyeeffatuuf ijaarsa dimookiraasiif haala mijataa kan uumudha.
- **Awassiyaa:** jaarmiyaan dimookiraasii xabboo kun Kibba Itoophiyaa keessatti sirna sabni Walayittaa walitti bu'iinsa mala aadawaan furmaata waarawaa itti kennanidha. Kana jechuun akkuma ummata Oromoofi saboota biroo, ummatni Wolaayittaa duudhaaleefi jaarmiyaalee xabboo ijaarsa nageenyaafi jiruufi jireenya hawaasichaa ittiin hogganan qabu jechuudha. Kun ammoo, jaarsa sirna dimikiraasiitiif haala mijataa uuma.
- **Luwaa:** Luwaan jaarmiyaa xabboo sabni Sidaamaa qabu keessaa tokko ta'ee kan ittiin aangoo karaa nagaan waliif dabarsuudha. Adeemsi karaa nagaan aangoo waliif dabarsuu kunis duudhaalee xabboo ijaarsa dimookiraasiif haala mijeessa waan ta'eef jajjabeeffamuu kan qabudha.
- **Yajookaa:** Yajookaan jaarmiyaa xabboo adeemsa seera tumuufi seera hiikuu Saba Guraagee biratti beekamudha. Bakka bu'oonni saba Guraagee aadaa isaanii irratti hundaa'uun seera tumuun yookiin fooyyessuun ittiin walbulchu. Adeemsi seera tumuufi fooyyessuu kunis, idileedhaan yeroo isaa eeggatee kan gaggeeffamudha. Korri bakka bu'oota saba Guraagee kun, akka dhadacha olaanaafi xumuraattis dhimmoota sadarkaa adda addaatti

furamaata dhabaniif furmaata xumuraa kennuuf hojjeta. Kanaafuu yajookaan jaarmiyaalee duudhaa hawaasaa ijaarsa dimookiraasiif barbaachisoo ta'an keessaaa isa tokkodha.

☞ **Seeraa/Mari'eettaa:** Seeraan jaarmiyaa xabboo ummata Kambaataa keessatti beekamu yommuu ta'u, jaarniyaa sirna hariiroo namootaa, gosaafi daangaa lafaa ittiin hoggananiidha. Jaarmiyaan hawaasaa kun maqaa biraa Mari'eettaa jedhamuun kan waamamu yoo ta'u hiikni isaas dhugaadhaaf cichuu jechuudha. Kambaataa keessatti miseennsotni mana maree daangaafi gosaa, hojii isaanii qajeeltoo jaarmiyaa seeraa isaaniitti raawwatu. Hariiroon jaalalaa, gaa'elaa, maatii, hiriyyummaa, sagantaa bashannanaa, taphoonni, ispoortiifi kanneen kana fakkaatan hunduu qajeeltoowwan Seeraan hogganamu. Sirniifi adeemsi jaarmiyaa xabboofi hojimaataan buluu kunis ijaarsa dimookiraasii keesatti bakka guddaa kan qabuudha.

## Gaaffii Hubannoo 5

Jaarmiyaalee dimookiraasii xabboo hawaasa naannookee keessa jiru ibsi.

## Gocha 1:

### Hojii Garee

1. Gahee jarmiyaaleefi duudhaalee xabboon ijaarsa sirna dimookiraasii keessatti qaban irratti gareen mari'achuun dareef dhiyeessaa.
2. Bakka duwwaa gabatee armaan gadii keessatti maqaa jaarmiyaalee xabboo saboota tarreeffamanii guutuun maalummaa isaanii irratti gareen mari'achuun dareef gabaasaa.

| T.L | Hawaasa | Jaarmiyaalefi duudhaalee xabboo |
|---|---|---|
| 1 | Oromoo | |
| 2 | Wolaayittaa | |
| 3 | Walloo | |
| 4 | Waajiraat | |

# 3.5. Carraaleefi Danqaalee Ijaarsa Sirna Dimookiraasii Itoophiyaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

Xumura barannoo kanaatti:

- carraalee dimokraasii Itoophiyaa keessaa ni ibsita;
- danqaalee dimokraasii Itoophiyaa keessa jiran nitarreessita.



Dhimmootni ijaarsa dimookiraasiif carraa gaarii ta'u jettee yaaddu maalfa'i?

Kanneen danqaalee ta'ani hoo?

Biyya keenya gama ijaarsaafi hundeeffama bulchinsa mootummaatiin umrii dheeraa yoo qabaatte illee, muuxannoon isheen ijaarsa sirna dimookiraasii irratti qabdu kichuudha. Moggaasni mootummaa diimookiraatawaa heeraaan deeggarame biyyattii keessatti kan jalqabame mootummaa Dargii keessa bara 1987 A.L.Atti ta'ullee, sadarkaa barbaadamuun hojiirra hinooliin tureera. Heerri Itoophiyaa 1987 A.L.Atti ba'e kun sirna bulchiinsa mootummaa maqaa 'Mootummaa Rippaabilikaa Dimokiraatawaa Ummattoota Itoophiyaa' jedhu qaba ture. Haata'u malee, sirni maqaa sanaan walgitu diriiree hojiitti hinhiikamiin hafe. Kunis, danqaalee turan dandamachuun carraalee dimookiraasii jijjiiramoota warraaqsaan argamaa turan haalaan fayyadamuu dhabuu irraa kan maddeedha.

Yeroo ammaa kanas ijaarsi dimookiraasii biyya keenyaa carraaleefi danqaalee garaa garaa qaba. Carraaleefi danqaalee kanneen keessaa ijoon:

### A. Carraalee

- Sabaafi sablammoonni Itoophiyaa hundi duudhaaleefi jaarmiyaalee xabboo ijaarsa dimookiraasiidhaaf bu'uura ta'an qabu. Duudhaaleefi jaarmiyaaleen kunniin sochii ijaarsa dimookiraasii biyyattiin taasiftu dhugoomsuuf akka

carraa guddaatti kan ilaalamu ta'uu;

- Jaarmiyaalee dimookiraasii kanneen akka Komishinii Mirgoota Namummaafi Boordii Filannoo walaba ta'anii gaheefi ittigaafatamummaa isaanii yoo bahatan ijaarsa dimookiraasii biyya keenyaaf haala mijaataan kan uumamu ta'uu;
- bababal'inni carraa barnootaa ijaarsa sirna dimookiraasiitiif hubannoo hawaasaa cimsaa jiraachuu;
- babal'inni bu'uraalee misoomaa kanneen akka daandii, buufata xiyyaaraafi telekoomii sirna walqunnamtiifi walitti dhufeenya hawaasaa fooyyessaa jiraachuun carraalee jiran keessaa isaan gurguddoodha.

## B. Danqaalee

- mirgi walqixxummaafi walqixa fayyadamuu sabootaa, sablammootaafi ummattootaa kabajanii sirnaan hojiirra oolchuu irratti hanqinni jiraachuu;
- jaarmiyaaleen dimookiraasii ciccimoo ta'an ijaaramuu dadhabuufi kanneen ijaaramanis gahee isaanii bahachuu dadhabuu;
- hannaafi saamicha qabeenya ummataa;
- olaantummaa seeraa sirnaan hojiirra oolchuu dhabuu;
- hubannoo hawaasni ijaarsa dimookiraasii irratti qabu sadarkaa barbaadamuun guddachuu dhabuu;
- sabaahimaaleen hawaasaa walaba ta'an dhabamuufi kanneen jiranis walabummaan odeeffannoo wayitaawwaa, dhugaafi loogii irraa bilisa ta'e tamsaasuu dhabuu;-
- hojimaatni sirni kenna tajaajilaa mootummaa barsiifata booddeetti hafaafi ilaalcha paartii siyaasaa irraa walaba ta'uu dhabuu,
- hiyyummaafi qaala'insa jireenyaa -

## Gocha 2:

### Hojii Garee

Carraaleefi danqaalee dimookiraasii biyya keenyaa gabatee armaan gadii keessatti tarreessuun gareen irratti mari'achuun dareef dhiyeessaa.

| T.l | Carraalee | Danqaalee |
|---|---|---|
| | | |
| | | |
| | | |
| | | |

## Guduunfaa

Dimookiraasiin bulchiinsa uummataa aangoo harka uummataa jiru ta'ee adeemsa bulchiinsa biyyi tokko hordooftuu kan agaarsisuudha. Dabataanis, dimookiraasiin utubaalee bu'uuraa hedduu qaba. Utubaaleen kunneenis, qajeeltoowwan bu'uuraa dimookiraasii jedhamanii beekamu. Qajeeltoowwan kanneen keessaa muraasni; birmadummaa ummataa, olaantummaa heeraa, hirmaannaa lammilee, qoodiinsa aangoo, gargar bahinsa mootummaafi amantii, iftoomaafi gaafatamummaa, filannoo bilisaa, haqa qabeessaafi yeroosaa eeggate, kabaja mirgoota namummaa, olaantummaa seeraa, sirna dhaabdaneessaafi kan kana fakkaatanidha.

Duudhaalee sirni dimookirasii kanneen jedhaman ammoo kanneen akka: waldanda'uu, ulfina, haqummaa, daneessummaa kabajuu, bilisummaa, walqixxummaa, hammattummaafi fa'a. Haaluma walfakkaatuun duudhaaleefi jaarmiyaaleen dimokiraasii xabboo kanneen akka sirna Gadaa, Kanchii, Awassiyaa, Luwaa, Yajokaafi kan kana fakkaataan waldhibdee hiikuu, dubartoota ga'oomsuu, hawaasa hirmaachisuufi aangoo karaa nagaa dabarsuu keessatti shoora ol  aanaa qaban ijaarsa sirna dimookiraasiif haala mijataa kanneen uumanidha.

## Hiika Jechootaa

**Birmadummaa ummataa**: Hojimaata maddiifi abbaan aangoo olaanaa ummata itti ta'u.

**Jaarmiyaalee xabboo**: sirna duudhaafi jaarmiyaa hawaasa keessaaa maddee suuta suuta guddachaa hawaasichi ittiin walgaggeessu.

## Gaaffilee Keessa Deebii

**Kutaa I: Yaada sirrii ta'e dhugaa, yaada sirrii hintaane soba jechuun deebisi**

1. Birmadummaan ummataa ummanni maddaafi abbaa aangoo olaanaa ta'uu agarsiisa. -
2. Jaarmiyaaleefi duudhaaleen hawaasaa xabboon ijaarsa dimookiraasiif haala mijataa uumu.
3. Duudhaalee dimookiraasii keessa tokko filannoon yeroo isaa eeggatedha.
4. Sirna dimookiraatawaa keessatti heerri seera olaanaa biyya tokkooti.

**Kutaa II: Gaaffilee arman gadiitiif qubee deebii sirrii qabate filachuun deebisi.**

1. Duudhaa dimookiraasii kan hintaane kam?
   - A. Bilisummaa
   - B. Haqummaa
   - C. Birmadummaa
   - D. Walqixxummaa
2. Kanneen armaan gadii keessaa qajeeltoo bu'uraa dimookiraasii kan ta'e kami?
   - A. Qoodamiinsa aangoo
   - B. Filannoo bilisaa yeroo yeroo isaa eeggate
   - C. Addaan bahinsa amantiifi mootummaa
   - D. Hunda

3. Bilisummaa hojii fedhan hojjachuu, qabeenyaa horachuu, ittifayyadamuu, kuufachuufi dabarsuu kan ta'e kami?

   A. Bilisummaa qaamaa
   B. Bilisummaa siyaasaa
   C. Bilisummaa dinagdee
   D. Hunda

**Kutaa III. Gabatee armaan gadii keessatti yaadota "A" jala jiran akkaataa amala isaaniin kanneen "B" jala jiran waliin walitti firoomsi.**

| T/L | A | B | |
|---|---|---|---|
| 1 | Mirga lubbuun jiraachuu | **A** | Birmadummaa ummataa |
| 2 | Sirna dhaabdaneessa | **B** | Olaantummaa heeraa |
| 3 | Dhimma ummataa keessatti qooda fudhachuu | **C** | Hirmaannaa lammiilee |
| 4 | Sirna seerotaafi hojimaatota faallaa heeraa ta'an raawwatamummaa dhabsiisu | **D** | Sirna dhaabdaneessaa |
| 5 | Maddi aangoo ummata | **E** | Mirga dhala namaa |

**Kutaa IV: Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kenni.**

1. Olaantummaa heeraa jechuun maal jechuudha?
2. Gahee waldanda'uun waliin jireenya keessatti qabu maali?
3. Ijaarsa dimookiraasii biyyaa tokkoof gaheen sabaahimaalee ummataa maali?

# BOQONNAA 4
# Heerummaa

## Seensa

Boqonnaa kana keessatti yaadrimee heeraafi heerummaa, kaayyoowwan heeraa, barbaachisummaa heerummaafi akaakuuwwan heeraa, akkasumas gahee herummaan nagaafi tasgabbii buusuu keessatti qabu baratta.

**Yaadrimeefi Jechoota Ijoo:** heera, heerummaa

**Bu'aalee barachuu barnoota boqonnichaa**

- yaadrimee heeraafi heerummaa ibsu;
- kaayyoowwan heeraa nitarreessu;
- barbaachisummaa heerummaa nitarreessu;
- akaakuuwwan heeraa adda baafatu;
- gahee heerummaan nageenyaafi tasgabbii buusuu keessatti qabu ibsu.

## 4.1. Yaadrimee Heeraaafi Heerummaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu**

**Xumura barannoo kanaatti:**

- yaadrimee heeraafi heerummaa ni ibsita;
- garaagarummaa heeraafi heerummaa adda nibaafatta.
- maalummaa heeraa ni'ibsita.

### A. Heera

Heerri maali?

Heerri dokumentii seerota, qajeeltoowwaniifi tumaalee bu'uuraa ofkeessatti qabatu ta'ee; caaseffama mootummaafi sirna bulchiinsa mootummaa biyyi tokko hordoftu kan akeekudha. Kana malees, dokumentii imaammatoota siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa, sirna hundeeffama bulchiinsaa, hariiroo aangoo lammiileefi bulchiinsa mootummaa gidduu jiraachuu qabu kaneeruudha. Akkasumas, mirgootaafi dirqamoota lammiilee bu'uura ta'an kan agarsiisuudha. Gabaabumatti, heerri seera hangafaafi ol`aana biyya tokkoo ta'ee, sanada waliigalteen aangoo bulchiinsa mootummaafi lammiilee ittiin hogganamudha.

### B. Heerummaa

Heerummaan maali?

Heerummaan sirna hojiirraa oolmaa heera biyya tokkoo ibsu ta'ee; adeemsiifi hojimaatni mootummaa bu'uura qajeeltoowwan heeraatiin raawwatamuu isaa kan mirkaneessudha. Kunis, lammiileefi angawootni mootummaa hundi qajeeltoowwan heeraaf bitamuu, ittiin gaggeeffamuufi qaama jiruufi jireenya isaanii gochachuun tajaajila haqaqabeessa kennuun kan agarsiifamudha. Dabalataan, heerummaan yaadama aangoon bulchiinsa mootummaa seeraan daanga'uufi bulchiinsi mootummaas daangaa aangoo isaa amanee ittiin hojjachuun qaba jedhuun ibsama. Akkasumas, ilaalcha mootummootni seerota

mirga lammiiwwanii kabajchiisaniif bitamuu qabu jedhurratti kan hundaa'edha.

- Heerummaan aangoon bulchiinsa mootummaa akkaataa heeraafi seeraan hojii irra ooluu kan agarsiisuudha.

## Marii

### Garee 1.

Walittidhufeenya heeraafi heerummaa irratti gareen mari'achuun dareef ibsaa.

## 4.2. Kaayyoowwan Heeraa

***Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:***

Xumura barannoo kanaatti:

- kaayyoowwan heeraa adda nibaafatta;
- faayidaa heeraa ni ibsita;
- kaayyoofi barbaachisummaa heeraa adda baafatta.

Kaayyoowwaniifi barbaachisumman heera maali?

Heerri karaa ittiin galma tokko milkeessan waan ta'eef kaayyoowwan mataa isaa qaba. Kaayyoowwan heeraa keessaa kan bu'uuraa aangoo bulchiinsa mootummaa dangeessuun eegumsa mirgoota lammiilee mirkaneessuudha.

**Dabalataanis:**

- haala caaseffamaa mootummaa, sirna bulchiinsa mootummaafi qaamota aangoo mootummaa ibsuu;
- gaheefi ittigaafatamummaa qaamota mootummaafi qoodama aangoo qaamota bulchiinsa mootummaa murteessuu;
- kallattii imaammatootni siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa hordofamu akeekuu;

- mirgootaafi dirqamoota bu’uuraa lammiilee seeraan akeekuu;
- mootummootaafi sirnoota bulchiinsa mootummootaa haaraa ijaaramaniif beekamtii seeraa kennuu;
- duudhaalee, yaadamaafi galmoota aadaa siyaasaa biyyattii mul’isuu;
- alaabaa biyyaalessaa, faaruu biyyaalessaafi mallattoowwan biroo ijaarsa mootummaaf barbaachisan murteessuu fa’a.

**Gaaffii Hubannoo 1.**

Abbootiin aangoo daangaa aangoo seeraan kennameefiin ala bahanii waan irraa hineegamne yoo raawwatan maaltu ta’uu mala?

## 4.3. Barbaachisummaa Heerummaa

***Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:***

Xumuraa barannoo kanaatti:

- barbaachisummaa heerummaa ni ibsita;
- barbaachisummaa heerummaa nitarreessita;
- heeraafi heerummaaf beekamtii nikennita.

Heerummaan maaliif barbaachisaa?

Biyya tokko keessatti sirna bulchiinsaa mijataa ijaaruun misoomaafi nageenya mirkaneessuuf; heera qabaachuun qofti gahaa miti. Heericha sirnaan hojiirra oolchuun heerummaa mirkaneessuun barbaachisaadha. Barbaachisummaa heerummaa keessaa gurguddoon kanneen armaan gadiiti.

### Sirna dimokiraasii dagaagsuuf

Heerummaan yaadrimee aadaa heeraan buluu kan ibsu ta’ee; hojiirra oolmaa qajeeltoowwaniifi tumaaleen heeraa mirkaneessuun ijaarsa sirna dimokiraasii dagaagsa.

### ✍ Walqixxummaa mirkaneessuuf

Heerummaan namni kamiyyuu seeraa ol akka hintaane taasisa. Kunis, seerri garaagarummaa tokko malee nama hundaaf qixa kan tajaajilu ta'uu isaa mul'isa.



Fakkii 4.1: olaantummaa seeraa

### ✍ Aangoo mootummaa daangessuun gaafatamummaa mirkaneessuuf


Galmi heerummaa inni jalqabaa aangoo mootummaa daangessuufi to'achuudha. Akkaataa heerummaatti gaggeessitoonni bulchiinsa mootummaa aangoon isaanii heeraan daangeffamaadha. kunis, hoggantootni mootummaa daangaa aangoo isaaniif kennameen sirnaan ummata tajaajiluu dadhabanis ta'e kanneen daangaa aangoo isaanii ala bahanii miidhaa dhaqabsiisan gaafatamoo ta'uu agarsiisa.

### ✍ Mirgoota bu'uuraa kabachiisuuf

Heerummaan sirna hojimaatni mootummaa seeraafi qajeeltoowwan hogganamu waan ta'eef kabajamuu mirgoota bu'uuraa lammiilee waan mirkaneessuuf barbaachisaadha..

### ✍ Birmadummaa uummataa mirkaneessuuf

Sirna heerawaafi dimokiraatawaa ta'e keessatti seeraqabeessummaan aangoo bulchiinsa mootummaa uummataan mirkanaa'a. Kana jechuun, maddiifi abbaan aangoo olaanaa sirna kanaa ummata jechuudha. Kanaafuu, heerummaan birmadummaa ummataa caalmaatti mirkaneessuuf kan gargaarudha.



*Fakkiin 4.2 Filannoo, ibsama birmadummaa ummataa*

### **Faayidaa waloo jajjabeessuuf**

Heerummaan lammileen hundi faayidaa waloof walta'anii akka hojjatan jajabeessa. Faayidaa waloo kanjedhu fedhiifi kaayyoo waloo hawaasaaf dursuu mul'isa. Kun ammoo, fedhiifi faayidaa waloo hawaasaaf dursa kennuun qaamni hundi akka irraa fayyadamu taasisa.



*Fakki 4.3 Hirmaannaa lammiileen ijaarsa hidha guddicha haaroomsaa*

## 4.4. Akaakuuwwaniifi Amaloota Heeraa

***Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu***

Xumura barannoo kanaatti:

- akaakuuwwan heeraa adda nibaafatta;
- garaagarummaa heera barreeffamaafi hinbarreeffaminii ni ibsita;
- heera salphaatti fooyya'uufi hinfooyyofne adda nibaafatta;
- akaakuuwwaniifi amaloota heeraa adda baafatta;
- adda addummaa heera hojiirra ooleefi maqumaaf qophaa'ee ni xiinxalta.

Waa'ee akaakuu heeraa maal beekta?

Akaakuu isaanii irratti hundaa'uun heerri bakka lamatti qoodama. Isaanis, heera barreeffamaan qindaa'eefi hinqindoofne jedhamu. Gama birootiin, amala irratti hundaa'uunis heera salphaatti fooya'uufi hinfooyyofne jedhamuun bakka lamatti qoodamu. Kana malee, hojiirra oolmaa irratti xiyyeeffachuun heera hojiirra ooleefi maqumaaf qophaa'ee jechuun qooduu dandeenya.

### A. Heera barreefamaan qindaa'eefi heera barreeffamaan hinqindoofne

Heerabarreeffamaanqindaa'ekanjennuun,dambiiwwan,qajeeltoowwan,yaadaafi aadaa hawaasaa, akkasumas kallattii siyaasaa biyya tokkoo barreeffamaanyookiin dokumentii tokko keessatti qindaa'ee argamu jechuudha. Kunis, tumaalee bu'uraa, mirgaafi dirqama lammiilee kan ofkeessatti hammatuudha. Biyyoota heera barreeffamaan qindaa'e qaban keessaa, Itoophiyaa, Ameerikaafi Naayijeeriyaa akka fakkeenyaatti fudhachuun nidanda'ama.

Gama birootiin, heera barreeffamaan hinqindoofne jechuun dambiiwwan, qajeeltoowwan, yaadaafi aadaa hawaasaa, akkasumas kallattii siyaasaa biyya tokkoo barruu yookaan dokumentii tokkoo keessatti qindaa'ee kan hinargamne jechuudha.

Biyyootni heera barreeffamaan qindaa'e hinqabne tumaalee seeraa garagaraa, duudhaalee hawaasaafi murteewwan yeroo adda addaa taasifaman akka ka'umsa heeraatti fayyadamu. Biyyoota heera barreeffamaan qindaa'e hinqabne keessaa, Ingiliziifi Israa'eel akka fakkeenyaatti fudhachuu nidandeenya.

### B. Heera salphaatti fooyya'uufi heera salphaatti hinfooyyofne

Heera fooyyessuuf adeemsa deemamu irratti hundoofnee heera salphaatti fooyya`uufi heera salphaatti hinfooyyaane jennee waamna. Heera salphaatti fooyya'uujechuun,heera fooyyessuuf adeemsaafi ulaagaa salphaa gaafatu jechuudha. Fakkeenyaaf, heera biyya Ingilizii (Biritaaniyaa Gudditti) salphaatti fooyyessuun nidanda'ama.

Heera salphaatti hinfooyyaanejechuun immoo, heerafooyyessuu keessatti adeemsa walxaxaafi ulaagaalee hedduu ofkeessaa qabudha. Fakkeenyaaf, heerribiyya Amerikaa, Kanaadaa, Naayijeeriyaafi Itoophiyaa fooyya'uuf ulaaagaafi adeemsa walxaxaa waan gaafatuuf salphaatti fooyyessuun rakkisaadha.

**Gaaffii Hubannoo 2.**

Waa'ee heera salphaatti fooyya'uufi salphaatti hinfooyyaanee maal hubatte?

### C. Heera hojiirra ooleefi maqumaaf qophaa'e



Heera hojiirra ooluufi Heera maqumaaf qophaa'uu yaada jedhurraa maal hubatta?

Hojiirra oolmaa isaanii irratti hundaa'uun heerri mootummaa heera hojiirra ooluufi heera maqumaaf qophaa'e jedhamanii bakka lamatti qoodamuu nidanda`u. Heerri hojiirra oole kan jennu qajeelfamoonni, dambiiwwaniifi hoggantoonni bulchiinsaa heera kabajuun hojii irra yoo oolchaniidha.Heera maqaaf qophaa'e jechuun immoo,heera seerotni, qajeelfamootniifi dambiiwwan barreeffamaan jiraatanis maqaadhaaf malee qabatamaan hojiirra kan hinoolle jechuudha.

### D. Heera Federaalawaafi Tokkummaawaa

Caaseffama mootummaa irratti hundaa'uun heerotni mootummaa, Heera Federaalawaafi Tokkummaawaa jedhamanii bakka lamatti qoodamu. Heerri Federaalawaa heera aangoo siyaasaa mootummaa giddugaleessaafi mootummoota naannoolee gidduutti qooduddha. Heerri Tokkummaawaan immoo, heera aangoo siyaasaa hunda mootummaa giddugaleessaaf kennudha.

## 4.5. Gahee Heerummaan Nagaafi Tasgabbii Mirkaneessuu Keessatti Qabu

***Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu***

**Xumura barannoo kanaatti**:

- barbaachisummaa heerummaan nagaafi tasgabbii kessatti qabu nixiinxalata;
- walitti dhufeenya herummaafi nageenyaa nitarreessita;
- Gahee heerummaan nagaafi tasgabbii keessatti qabu nitarreessita.

Gahee heerummaan nagaafi tasgabbii fiduu keessatti qabu maali jettee yaadda?

Heerummaan, olaantummaa seeraa mirkaneessuun miirri wabii nageenyaa lammiilee keessatti akka dagaagu taasisa. Gama biraatiin, heerummaan yoo dhabame rakkoowwan adda addaa mudachuu danda'u. Rakkoolee kanneen keessaa gurguddoon:

**Seermaleessummaa:** walitti bu'iinsa, saamicha, mirgi namummaafi dimokiraasii sarbamuu kan agarsiisudha.

**Bulchiinsa akka feetee**: kunis, fedhii ofii guuttachuuf jecha seera cabsuun gocha badaa fedhiifi mirgoota namoota biroo irratti raawwachuudha.

**Abdii jireenyaa dhabuu:**waa'ee jireenya garafuulduraa sodaafi shakkiin guutamudha.

Walumaagalatti, heerummaan nagaafi tasgabbiin akka mirkanaa'u; ummanni abdii jireenyaa akka horatuufi hojimaatni amansiisaan babal'atee hawaasni waliin hojjatee gammachuun akka jiraatuu taasisuudha.

## Gudunfaa

Heerri walittiqabama tumaalee, haala siyaasaa, diinagdee, hawaasummaa, aadaa, caasaa mootummaafi bulchiinsa mootummaa, akkasumas akaakuuwwan mootummaafi bulchiinsa mootummaakan ofkeessatti haammatudha. Heerummaanimmoo bulchiinsa siyaasaa, aangoo mootummaafi bulchiinsa mootummaa haala qajeelfamoota heeraa, heeraan mirkana`aniin daangeeffameen hojii irra oolu jechuudha.

Kaayyoowwan heerummaa keessaa muraasni: sirna dimokiraasii cimsuu, bulchiinsa mootummaa aangoon isaa daanga'eefi ittigaafatamummaa fudhatu uumuufi olaantummaa seeraa jabeessuudha. Heerri akaakuu isaa irratti hundaa'uun heera barreeffamaan qindaa'eefi hinqindoofne jedhamuun qoodama. Gama birootiin, adeemsa fooya'insa irratti hundaa'uunis heera salphaatti fooya'uufi hinfooyyofne jedhamuun beekama. Xumurarratti, nagaafi tasgabbii ittifufsiisuudhaaf heerummaan baay'ee barbaachisaadha.

## Hiika Jechootaa

**Heera**: seera bu'uuraa/seera olaanaa biyya tokkoo.

**Heerummaa**: bifa hoggansa siyaasaa kan mootummaan daangaa aangoo heeraan kenname hordofuun hojjatuuti.

**Heera fooyyessuu:** Adeemsa heerri haala qabatamaa hawaasaa waliin hindeemne ittiin jijjiiramuufi kan haala qabatamaa hawasaa waliin deemu immoo itti dabalamudha.

# Gaaffilee Keessa Deebii

**Kutaa I: Kanneen armaan gadii keessaa kan sirrii ta'e "dhugaa" kan dogogora ta'e immoo "soba" jechuun deebisi.**

1. Heerri seera bu'uuraa biyya tokkoti.
2. Heerrijiraachuun qofti kabajamuu mirgoota lammiileetiif wabiidha.
3. Faayidaalee heera barreeffamaa keessaa tokko lammiileen bifa salphaa ta'een hubachuudha..

**Kutaa II: Qubee deebii sirrii qabate filachuun deebisi.**

1. Biyyoota armaan gadii keessaa kan heera barreeffamaa hinhordofne kami?

   A. Ingilizii B. Ameerikaa C. Itoophiyaa D. Nayijeeriyaa

2. Heerri fooyya'uuf adeemsa salphaa gaafatu kami?

   A. Heera salphaatti hinfooyyofne
   B. Heera miti barreeffamaa
   A. Heera barreeffamaa
   B. Heera federaalawaa

3. Heerummaa argarsiisuuf kanneen armaan gadii keessaa dirqama kan**hintaane** kami?

   A. Bulchiinsa aangoon isaa daanga'e
   B. Kabajamuu mirgoota bu'uuraa
   C. Jiraachuu heeraa
   D. Olaantummaa seeraa

4. Kanneen armaan gadii keessaa faayidaa heera barreeffamaa ilaalchisee dhugaa kan hintaane kami?
   A. Lammiilee haala salphaatti mirga isaanii adda baafatu
   B. Abbaa irrummaa ittisa
   C. Haala salphaan fooyya'uu nidanda'a
   D. Barnootaaf tajaajila
5. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu kaayyoo bu'uuraa heeraati?
   A. Qaamman bulchiinsa mootummaa ni ibsa
   B. Biyya ijaaruuf isa bu'uuraati
   C. Aangoo bulchiinsa mootummaa daangessa
   D. Hunduu deebiidha

**Kutaa III: Shaakala deebii gabaabaa**

1. Barbaachisummaa heerummaa keessaa muraasa tarreessi
2. Gahee heerummaan nagaafi tasgabbii keessatti qabu barreessi
3. Heeraa maqaafi heera hojiirra oole walmadaalchisi.

# BOQONNAA 5
# Mirgoota Namummaa

## Seensa

Kutaa torba kessatti maalummaa mirgoota namummaa barattee turte. Boqonnaa kana keessattis akaakuuwwan mirgoota namummaa, mirga walqixxummaa baratta. Dabalataanis, haala mirgootni namummaa heera mootummoota naannoolee keessatti ibsamaniifi danqaalee kabajamuu mirgoota namummaa Itoophiyaa kanneen ta'an baratta. Kunis, hubannoo mirgoota namummaa irratti qabdu akka gabbifattuf sigargaara.

**Yaadrimeefi Jechoota Ijoo:** Labsii mirgoota namummaa waliigalaa, Mirga siivilii, Mirga dinagdee, Mirga lubbuun jiraachuu, Mirga walqixxummaa, Barmaatiilee miidhaa geessisan

### Bu'aalee barachuu barnoota boqonnichaa

- akaakuuwwan mirgoota namummaa tarreessita;
- mirga walqixxummaa ibsita;
- mirgoota namummaa heera naannolee keessatti madaalta;
- danqaalee kabajamuu mirgoota namummaa Itoophiyaa adda baastu.



Mirga namummaa jechuun maal jechuudha?

Mirgi dhala namaa, mirga waliigalaa ta'ee kan qomoo, bifa, saala, gosa, amantaa, afaan, sabummaa, bu'uura hawaasummaa, umrii, haala fayyummaa qaamaafi kanneen birootiin namoota osoo adda hinqoodiin ulfina namummaa qofaan kan argamudha. Mirgootni kunis kanneen akka mirga lubbuun jiraachuu, walqixxummaa, bilisummaafi nageenya qaamaa fa'a ofkeessatti hammatudha.

## 5.1 Akaakuuwwan Mirgoota Namummaa

**Gahumas barachuu yoo xiqate gonfatamuu qabu**

**Xumura barannoo kanaatti:**

- akaakuuwwan mirgoota namummaa adda nibaasta;
- akaakuuwwaan mirgoota namummaa ni ibsta.

Mirgootni namummaa bakka sadittii qoodamu. Isaanis kanneen armaan gadiiti.

### A. Mirga Siiviliifi Siyaasaa

Labsii mirgoota namummaa addunyaa bara 1948 keeyyata 2ffaa hanga keeyyata 21ffaa irratti mirgootni siiviiliifi siyaasaa adda ba'anii ibsamaniiru. Labsiin kunis biyyootni hunduu mirgoota siiviliifi siyaasaa haala walfakkaatuun akka fudhataniifi hojii irra akka oolchaan kan dirqisiisudha. Heerri Mootummaa Federaalawaa Dimokiraataawa Rippaablika Itoophiyaa keeyyata 14ffaa hanga 40ffaa keessattis mirgootni siiviiliifi siyaasaa adda ba'anii ibsamaniiru. Mirgootni kunneenis mirga walabummaa yookaan mirga dhaloota tokkoffaa jedhamuun beekamu. Mirgoonni dhaloota tokkoffaa kanneenis kanneen armaan gadii fa'i.

- Mirga lubbuun jiraachuu;
- Mirga nageenya qaamaa;
- Mirga qabinsa farra namummaa irraa eegamuu;
- Mirga jireenya dhuunfaa;
- Mirga adeemsa seeraa haqa qabeessa argachuu;
- Mirga ilaalcha fedhan qabaachuufi bilisummaan yaada ofii ibsachuu;
- Mirga bilisummaa amantiifi amantaa;

- Mirga gurmaa'uufi
- Mirga qabeenya horachuu.

**Gocha 1**

Heera MFDRI A.L.A bara 1995 bahe irratti hundaa'uun mirgoota siiviliifi siyaasaa adda baasuun dareef dhiyeessi.

## B. Mirga diinagdee, hawaasummaafi aadaa

Mirgootni diinagdee, hawaasummaafi aadaa labsii mirga namummaa waliigalaa Addunyaa (UDHR) keeyyata 22-27 keessatti bal'inaan ibsamaniiru. Mirgootni kunis mirga walqixxummaa yookaan mirga dhaloota lammaffaa jedhamuun beekamu.

**Mirga diinagdee, hawaasummaafi aadaa h**eera Mootummaa Federaalaawa Dimokiraataawaa Rippaablika Itoophiyaa keeyyata 41-42[ffaa] keessatti bal'inaan ibsamaniiru. Mirgoota walqixxummaa yookaan mirgoota dhaloota lammaffaa keessaa isaan ijoon kanneen armaan gadiiti.

- Mirga hojii fedhan dalaguu;
- Mirga nageenya hawaasummaa;
- Mirga hojii carraa hojii argachuu;
- Mirga jireeya gaarii jiraachuu;
- Mirga qabinsa gabrummaafi hacuuccaa irraa eegamuu;
- Mirga barachuu;
- Mirga tajaajila fayyaa argachuufi kan kana fakkaataniidha.

## C. Mirgoota Obbolummaa

Mirgootni Obbolummaa labsiin mirgoota namummaa waliigalaa addunyaa bara 1948 A.L.A bahe keeyyata 28 keessatti ibsamee kan jirudha. Bu'uura keeyyata kanaan, namni kamiyyuu mirgoota obbolummaa bilisaan argata. Mirgootni Obbolummaa mirga dhaloota sadaffaa jedhamuunis beekama.

Akka biyya keenyaattis, mirgootni Obbolummaa heera Mootummaa

Federaalaawa Dimokiraataawa Rippaablika Itoophiyaa keeyyata 43fi 44 keessatti ibsamee jira. Mirgoota Obbolummaa kanneen jedhaman kunis kanneen gaditti tarreeffamanidha.

- Mirga aangeffamuu;
- Mirga qabeenya biyyaa irraa karaa haqa qabeessa ta'een fayyadamuu;
- Mirga misooma dinagdeefi hawaasummaa;
- Mirga nagaafi tasgabbii argachuufi kan kana fakkaan.

Bu'uura labsiin mirga namummaa waliigalaa Addunyaatiin mirgootni namummaa hunduu walqixa barbaachiisoodha. Haata'u malee, isaan keessaa addaatti mirgi lubbuun jiraachuu isa murteessaafi isa bu'uuraati. Dhalli namaa mirgoota biroo gaafachuuf jalqaba lubbuun jiraachuu qaba. Kunis, mirgi lubbuun jiraachuu ka'umsaafi hangafa mirgoota biroo ta'uu mirkaneessa.

Heerri MFDRI mirga lubbuun jiraachuuf bakka guddaa kennameera. Bu'uura heera kanaan keeyyatni 15 akka ibsutti, adabbi yakka ulfaataa seeraan tumameen yoo ta'e malee, namni kamiyyuu mirga lubbuun jiraachuu dhorkamuu hindanda'u.

## Gocha 2

Bakka duwwaa gabatee armaan gadii keessatti akaakuuwwan mirgoota namummaa ta'an tarreessuun dareef dhiyeessi.

| | Mirgoota dhaloota tokkoffaa | Mirgoota dhaloota lammaffaa | Mirgoota dhaloota sadaffaa |
|---|---|---|---|
| 1 | | | |
| 2 | | | |
| 3 | | | |
| 4 | | | |

## 5.2 Mirga walqixxummaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

**Xumura barannoo kanaatti:**

- mirga walqixxummaa ni ibsita;
- mirgoota walqixxummaa nitarreesita.



Mirgi walqixxummaa jechuun maal jechuudha?

Mirgi walqixxummaa mirgoota bu'uuraa keessaa isa tokkoo ta'ee mirga namni kamiyyuu haala walfakkaatuun seera fuulduratti ilaalamuuti. Kanaaf, walqixxummaa jechuun carraa walqixa qabaachuufi tajaajila walfakkaatu argachuu jechuudha. Kunis, namni kamiyyuu tajaajila walqixaa ta'e dhaabbilee mootummaafi mit-mootummaa irraa argachuuf mirga walixa qabaachuu agarsiisa.

Akka Heera Mootummaa Federaalaawaa Dimokiraataawa Rippaablika Itoophiyaa **keeyyata 25** jalatti ibsamee jiruun namni hunduu seera fulduratti walqixxeedha. Kunis namni kamuu, garaagarummaa tokko malee (bifaan, koorniyaan, amantaan, ilaalcha siyaasaan, sabummaan, bu'uura hawaasummaan sadarkaa jireenyaanfi kana kana fakaatuun) seeraan walqixa.

Mirgootni walqixxummaa heera mootummaa federaalawaa dimokiraatawaa rippaablikaa Itoophiyaa keeyyata 25 jalatti tarreeffaman keessaa isaan gurguddoon:

- walqixxummaa koorniyaa;
- walqixxummaa bifaa;
- walqixxummaa ilaalcha amataa
- walqixxummaa sadarkaa hawaasummaa;
- walqixxummaa bu'uura hawaasummaa;
- walqixxummaa sabummaa;

- walqixxummaa qomoo;
- walqixxummaa afaanii;
- walqixxummaa amantiifi kan kana fakkaataniin fa'a.

### Gocha 3

Naannoo keessanitti haala hojirra oolmaa mirgoota walqixxummaa irratti gareen mari'achuun dareef dhiyeessaa.

## 5.3 Mirgoota Namummaa Heera Naannoolee Itoophiyaa Keessatti

**Gahumsa barachuu yoo xiqqate gonfatamuu qabu**

**Xumura barannoo kanaatti:**

- mirgoota namummaa heera naannoolee keessatti hammatamannitarreessita;
- mirgoota namummaa heera naannoolee keessa jiran ni ibsita.

Heerri MFDRI keeyyata 52 /2b Mootummootni naannoolee hundi heeraafi seerota mataa isaanii tumatanii jiru. Bu'uura heera MFDRI keeyyata 9(1)'n ol'aantummaan heera MFDRI ilaalchisee, heerri mootummota naannoolee heera mootummaa federaalaa waliin dirqama walsimuu qaba. Kana irratti hundaa'uun, garaagarummaan keeyyataafi lakkoofsa yoo jiraateen alatti tumaaleen miga namummaa heera MFDRI keessatti ibsaman heera mootummaa naannoolee keessatti kallatiin kan fudhatamanidha. Kana jechuun, mirgootni namummaa heera MFDRI keessatti tumaman akkuma jiruun heera naannoolee keessatti hammatamaniiru jechuudha.

### Gocha 4.

**Marii Garee**

Mirgi namumma heera MFDRI keessatti ibsaman, heera naannoleen qaban keessatti nihaammatamaa? Maaliif ? Deebiikee bal'inaan ibsa.

Mirgoota namummaa heeraa mootummaa naannoolee keessatti hammataman keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

- Miga lubbuun jiraachuu;
- Mirga nageenya qaamaa;
- Mirga  bilisummaa;
- Mirga qabinsa farra namummaa irraa eegamuu;
- Mirga namaoota seeraan to'atamanii;
- Mirga nama seeraan himatamee;
- Mirga nama murtoo adabbii seeraa jala jiruu;
- Mirga dhorkamuu seera yakkaa booddeetti deebi'ee himachiisuu;
- Mirga dhorkamuu yakka tokkoon si'a lama adabamuun;
- Mirga kabajaafi maqaa gaarii;
- Mirga walqixxummaa;
- Mirga iccitii dhuunfaa;
- Mirga bilisummaa amantaafi ilaalchaa;
- Mirga yakkoota nammummaa irraa eegamuufi kan kana fakaatan.

## Qordhimma

Obbo Tolaan manguddoo umrii 58 magaalaa Sayyoo jiraatanidha. Manguddoon kun rakkataa gargaaruufi nama gorsuun waan beekamaniif hawaasa biratti jaalaaf kabaja guddaa qabu. Haa ta'u malee, guyyaa tokko bakka hojiitii osoo galaa jiranii yaaliin reebichaa irratti taasifame. Kanuma gidduutti poolisiin itti dhufee Obbo Toolaafi shakkamtoota qabee gara buufata poolisiitti geesse. Obbo Toolaafi shakkamtoonnis yeroo dheeraaf osoo mana murtiitti hindhiyaatiin to'annoo jala turan. Poolisiin dhimmicha qabates, Obbo Tolaatu miidhe jedhee yaaduun, dhoksaan gocha reebbichaa irratti raawwataa turee ji'a tokkoon booda mana murtiitti dhiyeesse. Manni murtiis dhimmicha akka yakka badaatti fudhachuun dhaddacha cufaan ilaaluuf murteesse. Dabalataan, maatiis ta'e gorsaan seeraa Obbo Tolaa akka hindubbisne dhorke. Boodarra, manni murtiis shakkamtoota

Obbo Tolaa iirra miidhaa geesiisuuf yaalan gadidhiisuun Obbo Tolaan ji'oota dabalaataaf akka hidhamanii turan murtesse. Dhumarratti, adeemsa yeroo dheeraan booda jaarsummaa namootni bebbeekamoo naannoo isaanii taasisaniin Obbo Tolaan wabiidhaan gadlakkifaman.

**Gocha 5.**

**Gaaffii Hubannoo**

Qordhimma kanna keessatti sirbinsa mirga namummaa Obbo Tolaa irratti raawwataman irratti gareen mari'achuun dareef dhiyeessaa.

## 5.4 Danqaalee Eegumsa Mirga Namummaa Itoophiyaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqate gonfatamuu qabu**

**Xumura barannoo kanaatti:**

- danqaalee mirgoota namummaa Itoophiyaa keessa jiran adda nibaasta;
- kabajamuu mirgoota namummaa Itoophiyaaf gochaalee gufuu ta'an adda nibaafatta.



Mana barnootaa kee keessatti dhimmootni mirgootni namummaa akka hinkabajamne gufuu ta'an maalfa'i?

Itoophiyaa keessatti dhimmootniifi gochaaleen kabajamuu mirgoota namummaaf danqaa ta'an baay'eedha. Danqaalee kanneen keessaa kanneen armaan gadiit isaan ijoodha.

### 1. Barmaatiilee Miidhaa Geessisan

Addunyaa kanarratti hawaasaa kamuu barsiifata, aadaafi amantaa mataa isaa qabu. Barmaatiilee kunis, muraasni hawaasa kan fayyadu yoo ta'u, muraasni immoo miidhaa mataa isaanii qabu. Barmaatiilee miidhaa geessisan keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

**Bartmaatilee mirga dubartoota sarban**: kittaanaa, umrii malee heerumsiisuu, dirqiin gudeeduu, reebicha, butii, gaa'ila irratti gaa'ila raawwachuufi kan kana fakkaatanidha.



Fakkii 5.1. Barmaatilee mirga dubartootaa sarban

**Huuba qoonqoo muruu:** dhibee dhukkubbii toonsiliifi kan kana fakkaatan kan dhaqabsiisu.

**Nyaataafi dhugaatii dhorkuu:** karaa saayinsaawaa hintaaneen nyaataafi dhugaatii kanneen akka aannanii, foon coomaa, dinnicha, muuzii, kuduraafi fuduraalee adda addaa dubartoota ulfaafi hoosisaniif kennuun miidhaa qaba jedhanii dhorkuu.

**Ilkaan dhalootaa buqqisuu**: barmaatlee miidhaa geessisan keessa kan biroo gocha ilkaan aannanii/daa'imummaa buqqisuuf taasifamuudha.

**Gubaa /muraa:** kunis barmaatii badaa nammotni yeroo dhukkubbiin mataa, ijaa, gurraafi caba lafee isaan mudatu irraa fayyuuf gubaa/muraa addaafi qaama biro irratti taasifamudha.

## Gocha 6.

### Marii garee

1. Barmaatilee miidhaa geessisan kanneen asiin olitti tarreefamman keessaa kan naannoo keetti raawwataman kam fa'i?
2. Barmaatilee badaa olitti ibsamaniin alatti, kanneen naannnoo keessanitti beekaman yoo jiraatan dareef dhiyeessaa.

### 2. Hiyyummaafi walqixummaan dhabamuu

Hiyyummaan namni tokko mirga uumamaan qabu akka hinkabajanneef danqaa guddaadha. Fakkeenyaaf, nama mana namaa hirkattummaan jiraatu tokko heeyyama maatii irratti hirkatee sanaa malee mirga karoora mataa isaa qopheeffachuu, akka barbaadetti yaada isaa ibsachuufi akka fedha mataa isaatti qabeenya jirutti fayyadamuu hindanda'u. Kunis, sababa hiyyummaan mirga isaa/ishee sarbamuu agarsiisa. Gama biraatiin, Walqixxummaan dhabamuun ummatni misooma biyyattii keessatti akka qooda hinfudhanneef gufuu ta'a. Fakkeenyaaf ilaalchi dubartoota hojii sadarkaa gadaanaa qofa ta'an irratti ramaduu, misoomaafi ijaarsa sirna dimookiraasii gufachiisuu qofa osoo hintaane mirga dubartootni uumamaan qabanis nisarba.

Haata.uutii akka heera MFDRI keeyyata 35/8 keessatti tumameen immoo, dubartoonni dhiira waliin mirga qacaramuu, guddinaa, kaffaltiifi faayidaalee adda addaa yeroo sooramaa ba'an walqixa argachuu akka qaban ibsee kaa'a.

## Gaaffii Hubannoo

**Gocha 7: Marii garee**

Walqixxummaan dhabamuufi hiyyummaan kabajamuu mirgoota namummaa waliin hariiroo akkamii qabu?

### 3. Daa'imman hojii umurii isaanii ol hojjachiisuu

Daa'imman hojii umurii malee hojjachiisuun qaamaafi xinsammuu isaaniirratti miidhaa hamaa qaba; du'aafis saaxiluu danda'a. Akkasumas, daa'imman mirga carraa barnootaafi tajaajila fayyaa akka hinarganne taasisa. Mirga daa'immanii isaan ijoo daangessuun immoo mul'ata fuuldura isaanii akka jibban isaan godha. Kun akkuma jirutti ta'ee, bu'uura heera MFDRI keeyyata 36(d)tiin , daa'imman barmaatilee humna isaanii saaman irraa eegamu qabu. Kana malees, hojiilee humnaa, fayyummaafi nageenya isaaniirratti miidhaa geessisan akka hojjatan dirqisiifamuu hinqabani.

- Daa'imman hojii umurii isaaniitiin ol ta'e hojjechiisuun, mirga namummaa sarbuu, guddina quucarsuufi dandeettii qaamaanis ta'ee sammuun yeroo dheeraa jiraachuu isaanii miidha.

### 4. Walitti Bu'iinsaafi Buqqa'insa

Walitti bu'iinsi kaayyoofi fedhiin namootaa galma gahuu dhabuu irraa kan maddudha.Walitti bu'iinsi kunimmoo, buqqa'insaaf sababa ta'uu nidanda'a. Nama dhuunfaas ta'ee hawaasa, dirqisiisuun akka bakka jireenya, lafa, mana jireenyaafi kutaa hawaasa keessa jiraatan gadhiisanii deeman taasisuun buqqa'iinsa jedhama.



Fakkii 5.2. Walitti bu'iinsaafi buqqa'insa

### 5. Dadhabina dhaabbilee mirga namummaa

Mirgi namummaa mirga uumamaa yoo ta'eyyuu; dhaabbileen adda addaa jiraachuun hojiirra oolmaa mirga namummaatiif murteessoodha. Dhaabbilee kanneen komishinii mirga namummaafi dhaabbata abbagaar ummataa fa'a akka fakkeenyaatti fudhachuun nidanda'ama. Dhaabbileen kunneen dhabamuun yookiin cimanii gahee isaanii bahuun dhabuun sarbamuu migoota namummaaf haala mijataa uuma.

### 6. Dhabiinsa Dimokiraasii

Mirgi namummaafi dimokiraasii gargar ba'uu kan hindandeenye; akkasumas kan waltumsaniifi walijaaranidha. Hanqinni hojii irra oolmaa dhabuu dimokiraasii immoo rakkoowwan akka heddumina keessummeessuu dadhabuu, walqixxummaan dhabamuufi diigumsa biyyaa fiduu danda'a.

## Gocha 8.

**Gaaffii Hubannoo**

Dimokiraasiin dhabamuufi sarbinsi mirgoota namummaa walitti dhufeenya akkamii akka qabu irratti gareen mari'achuun dareef dhiyeessaa.

| **Danqaalee** ***mirgoota namummaa garee 'A' jala jiran dhiibbaa isaanii garee 'B' jala jiraniin walitti firoomsi*** | | |
|---|---|---|
| | 'A' | 'B' |
| | Komishinii mirgoota namummaa | Daa'imman humna isaanii ol hojjachiisuu |
| | Qisaasa'ina humna daa'immanii | Buqqa'insa |
| | Qe'eefi mana jireenyarraa dirqiin godaanuu | Barmaatilee mirga dubartoota sarban |
| | Butiifi umurii malee hiirumsiisuu | Jaarmiyaa mirga namummaa tiksu |

## Guduunfaa

Boqonnaa kana keessatti waa'ee mirgoota namummaa barattee jirta. Akaakuuwwan Mirgoota namummaa bakka gurguddaa saditti qoodamu. Isaanis Mirga siiviliifi siyaasaa, mirga obbolummaafi mirga diinagdee, hawaasummaafi aadaati. Qabxii biraa, mirgootni namummaa, kanneen akka mirga lubbuun jiraachuu, bilisummaafi eegumsaa heera mootummoota naannoolee keessatti taa'aniiru. Sanaan ala, Itoophiyaa keessatti raawwii mirga namummaatiif danqaalee kan ta'an kanneen akka barmaatilee miidhaa geessisan: hiyyummaa, walqixxummaan dhabamuu, walitti bu'iinsa, buqqa'insa, dadhabina dhaabbileefi hanqinni diimokiraasii isaan beekamoodha.

## Hiika jechootaa

**Aad-daneessa:** yaadrimee garaagarummaa aadaa waliif hubachuu, walkabajuufi garaagarummaa waliin danda'uun waliin jiraachuudha.

**Haadha manaa dhaaluu:** Dubartii heerumte tokko yoo abbaan manaa irraa du'e fira abbaa manaatti heerumsiisuu jechuudha.

**Walitti bu'iinsa:** Walitti bu'iinsi garaagarummaa kaayyoo, yaadaa, ilaalchaa, hubannoo, fedhii, barbaachisummaafi yeroo tokko tokko tilmaama irraatti hundaa'uun waldiddaa hawaasaa /garee hawaasaa gidduutti uumamudha.

# Gaaffilee keessa deebii

**I. Yaadawwan armaan gadii sirrii yoo ta'an Dhugaa dogongora yoo ta'an immoo soba jechuun deebisi.**

1. Heerri mirgoota namummaa naannolee kallattiin heera mootummaa federalaa irra kan fudhatamedha
2. Hanqinni dhaabbilee mirgoota namummaa kabajamuu mirgoota bu'uuraaf shoora guddaa taphaatu.
3. Mirgi walqixxummaa lammiileen hundi qabeenya waloo irraa akka wal walqixa fayyadamaniif wabii ta'a.

**II. Gaaffilee armaan gadiif qubee deebii sirrii qabate filadhu.**

1. Mirgoota armaan gadii keessaa isa kamtu bu'uura mirgoota hundaati?
   A. Mirga lubbuun jiraachuu
   B. Mirga bilisummaa
   C. Mirga wal qixxummaa
   D. Mirga kabajamuufi eegamuu jireenya dhuunfaa
2. Kanneen armaan gadii keessaa mirga siiviliifi siyaasaa jalatti kan hinqoodamne isa kami?
   A. Mirga garbummaa irraa bilisa ta'úu
   B. Bilisummaa amantaafi ilaalcha argachuu
   C. Mirga qabeenyaa horachuu
   D. Mirga tajaajila fayyaa
3. Nama kamiyyuu walqixa tajaajiluufi faayidaa nama dhuunfaas ta'ee garee sarbuu dhiisuun maal jedhamaa?
   A. Mirga walqixxummaa
   B. Mirga lubbuun jiraachuu
   C. Mirga gurmaa'uu
   D. Hunduu deebiidha
4. Barmaatiileen dubartootni ulfaafi hoosisan nyaataafi dhugaatii tokko tokko akka hinfudhanee ittisu maal jedhama?
   a. Huuba qoonqoo muruu
   b. Ilkaan dhalootaa buqqisuu
   C. Nyaata dhorkuu
   D. Nyaara ijaa muruu

5. Amala mirga namummaa kan ta'e isa kami?
   A. Mirga waliigalaati
   B. Mirga uumamaati
   C. Mirga hinkennamnedha
   D. Hunduu deebiidha

## II. Walitti firoomsi

| 'A' | 'B' |
|---|---|
| 1. Mirga barnoota argachuu | A. Mirga siiviliifi siyaasaa |
| 2. Mirga icciitii dhuunfaa | B. Mirga diinagdeefi hawaasaa |
| 3. Mirga aangoo argachuu | C. Mirga obbolummaa |

## III. Deebii gababaa kenni.

1. Mirgi walqixxummaan akkamiin ibsama?
2. Akaakuuwwan mirgoota namummaa maal fa'i?
3. Barmaatileen miidhaa geessisan akkamitti mirga namummaa irratti dhiibbaa uumuu danda'u?

# BOQONNAA 6

# Walitti Bu'iinsa Hiikuufi Nagaa Ijaaruu

## Seensa

Boqonnaan kun yaadrimee nagaa ijaaruufi walitti bu'iinsaa hiikuu, sababoota walitti bu'iinsaafi tooftaalee walitti bu'iinsa hiikuuf oolan irratti xiyyeeffata. Dabalataan, barbaachisummaa ijaarsa nageenyaafi jaarmiyaalee hawaasummaa xabboo walitti bu'iinsa hiikuuf gargaarantu dhiyaate. Bu'aan isaatis, barattoonni dandeettii walitti bu'iinsa hiikuu akka gonfatan gochuudha.

**Yaadrimeefi Jechoota Ijoo:** walitti bu'iinsa, nagaa, walitti bu'iinsa furuu, nagaa ijaaruu, dhaabbilee xabboo

**Bu'aalee barachuu barnoota boqonnichaa;**

- yaadrimee walitti bu'iinsaafi nageenyaa ibsuu;
- barbaachisummaa ijaarsa nageenyaa ibsuu;
- sababoota walitti bu'iinsaa tarreessuu;
- tooftaalee garagaraa walitti bu'iinsa furuuf oolaan ibsuu;
- ogummaan walitti bu'iinsa furuu agarsiisuu;
- barbaachisummaa dhaabbileen xabboo walitti bu'iinsa furuu keessatti qaban madaaluu.

## 6.1 Yaadrimee Walitti Bu'iinsaafi Nageenyaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqate gonfatamuu qabu**

**Xumura barannoo kanaatti:**

- yaadrimee walitti bu'iinsaa jedhu maal jechuu akka ta'e ni ibsita;
- yaadrimee nageenyaa nixinxalta;
- barbaachisummaa nageenyaa nitarreessita;
- hariiroofi garaagarummaa nageenyaafi walitti bu'iinsa gidduu jiru nitarreessita.

Walitti bu'iinsi maali jettee yaadda? Jecha 'nageenya' jedhu yeroo dhageessu maaltu sammuu keetti sidhufaa?

Namootni dhuunfaanis ta'e akka gareetti yaada, ilaalchaafi fedhii walfaalleessu qabaachuu danda'u. Fedhiifi ilaalcha kana galmaan gahachuuf walitti bu'iinsi uumamuu danda'a.

Walitti bu'iinsi jiruufi jireenya hawaasummaa hunda keessatti uumamuu danda'a. Walitti bu'iinsi kun miidhaa akkuma qabu yeroo tokko tokko carraa adda addaa fidee dhufuus mala. Fakkeenyaaf, namoonni waldhaban lama erga rakkoo isaanii dhuunfaanis ta'ee jaarsummaan furatanii boodaa carraa hariiroo cimaan isaan gidduutti uumamuu fiduu danda'a. Walitti bu'iinsi yeroon furamuu yoo baate garuu lubbuufi qabeenya irra gaaga'ama dhaqqabsiisuu danda'a.

### Qordhimma

Barataa Namarraan mana barumsaa keessa dhaabbatee osoo hiriyyaa isaa eegaa jiruu barataan biraa tokko tasa duubaan ittibu'ee gatantarse. Yemmuu kana Namarraanis darbamee barataa Baayyuutti bu'e. Achumaan Baayyuun dallanee, "Maaf natti buuta?" jedhee gaafate. Namarraan immoo barataa isa darbate sanatti aaree waan jiruuf Baayyuu achi ofirraa darbate. Yeroo kana Baayyuunis waan

Namarraan beekaa itti bu'e se'ee waan aareef achi ofirraa darbate. Yeroo isaan wal daddarbatan kana dura bu'aan mana barumsichaa isaan argee lamaanuma isaanii waamee gara biiroo isaan geesse. Yeroo kanatti Namarraan, "Namni nadarbannaan sitti bu'e malee beekaa miti" jechuun Baayyuu komachuu jalqabe.

**Gaaffii Hubannoo 1.**

Qordhimma armaan olii irraa maal hubatte?

Nageenyi haala jiruufi jireenya keenya keessatti baay'ee barbaachisaadha. Nageenyi amansiisaan jira kan jedhamu yoo walitti dhufeenyi siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa gaariin jiraatedha. Kunis, haqummaa, seerriifi tasgabbiin hawaasa keessa jiraachuun ibsamuu danda 'a. Kanaaf, yaadrimeen nageenyaa waraanni jiraachuufi jiraachuu dhisuutii oli jechuudha.



Fakkii 6.1. Maartiin Luuter Kiingi yeroo ergaa nageenyaa dabarsan

✍ Nageenyi yaaddoofi sodaan dhabamuu qofa osoo hintaane haqni jiraachuudha (Maartiin Luuter Kiingi).

## Gocha 2.

### Marii garee

Jecha Maartiin Luuter Kiing kanarraa maal hubattan? Gareen mari'achuumn waan hubattan dareef ibsaa.

## 6.2 Sababoota Walitti Bu’iinsaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqate gonfatamuu qabu**

Xumura barannoo kanaatti:

- sababoota walitti bu’iinsaa adda nibaasta;
- sababoota walitti bu’iinsa mana keessaa, hiriyaa gidduutti umamuu malan nimadaalta.



Kanaan dura namoota walitti bu’an argitee beektaa? Yoo argitee jirta ta’e sababni walitti bu’iinsaa isaanii maal ture?

Walitti bu’iinsi haalaa itti uumamuufi namoota keessatti hirmaatan irratti hundaa’uun akaakuu adda addaatti qoodamuu danda’a.

**A. Walitti bu’iinsa walhubannoo dhabuu**

Walitti bu’iinsi akaakuu kanaa waanuma xixiqqoo irratti waliigaaluu dhabuun yookiin jechoota sasalphaa walitti darbachuun kan uumamudha. Kunis, walitti bu’iinsa salphaa jedhamuun beekama.

**B. Walitti bu’iinsa fedhii**

Walitti bu’iinsi akkanaa garagarummaa fedhii, yaadaafi hawwii irraa kan uumamudha. Fakkeenyaaf, ati televijiniin tapha ilaaluu barbaadda ta’a; obboleettiinkee immoo diraamaa ilaaluu feeti osoo ta’ee garaagarummaan fedhii isin lamaan gidduu jiru kun gara walitti bu’iinsaatti isin fiduu danda’a.

**C. Walitti bu’iinsa Garee**

Walitti bu’iinsi akkanaa gareen, amantaan, biyyaafi murna adda addaa gidduutti uumamu danda’a. Kunis hanga meeshaalee waraanaa fayyadamuun walwaraanuu danda’u. Lolli akkanaa kunis badiinsa lubbuufi qabeenyaa baay’ee dhaqqabsiisuu danda’a.



Fakkii 6.2. Walitti bu'iinsa garee

**Sababootni mana keessatti walitti bu'iinsa fiduu danda'an maal fa'i?**

Walitti bu'iinsi mana keessaa sababoota adda addaa uumamuu danda'a. Sababoota kanneen keessaa seeraafi dambii mana barnootaa kabajuu dhabuufi gaheefi ittigaafatamummaa ofii sirnaan bbahuu dadhabuu irraa madduu danda'a.

Maatii keessattis walitti bu'insi akkasii sababoota walfakaatuun uumamuu danda'a. Fakkeenyaaf, maatiinkee seera ittiin bulmaata baafatanii qabu haajennu. Seerri maatiinkee baafatan kunis sirrii miti jettee yaaduu dandeessa. Kanarraa ka'uun yaada keetti cichuun seera sanaan buluu didda. Kun immoo walitti bu'iinsa maatii keessaaf ka'umsa ta'uu danda'a. Kanaafuu, ijoolleen qajeeltoowwaniifi dudhaalee sirrii maatiin isaanii hordofan kabajuun maatiii keessatti walittibu'insa uumamuu malu hir'isuun irraa eegama.



**Fakkii 6.3 Maatii daa'imman isaanii qo'achiisan**

## Qordhimma

Beekaafi harmeen isaa yeroo hundaa sa'attii Tv ilaalamuu qabu irratti walitti bu'u. Harmeen Beekaa yeroo boqonnaa qofa akka ilaaalamu fedhu. Ta'us Beekaan yeroo hundaa ilaaluu fedhus harmeen isaa waan dhorkaniif baay'ee dallana. Beekaan harmee isaa waliin hariiroo gaarii uumuuf maal gochuu qaba jettee yaadda?

## Gocha 3.

### Marii gareefi gahee taphachuu

Qordhimma armaan olii dubbisuun gaaffii itti aanee dhiyaate irratti gareen mari'achuun dareef dhiyeessaa.

Walitti bu'insi hiriyyootaafi obboloota gidduuttis uumamuu danda'a**.** Sababootni obboloota gidduutti walitti bu'iinsa fiduu danda'an keessaa muraasa:

- qooddannaafi ittifayyadama qabeenyaa;
- quxusuun angafaaf abboomamuu dhabuu;

- angafni fedhii quxusuu eeguu dhabuu;
- waldorgommii yaadaafi fedhii.

## 6.3. Walitti Bu'iinsa Hiikuu

**Gahumsa barachuu yooxiqqate gonfatamuu qabu**

**Xumura barannoo kanaatti:**

- walitti bu'iinsa furuu jechuun maal akka ta'e ni ibsita;
- maloota garagaraa walitti bu'iinsa ittiin furaan adda nibaafta;
- amaloota waliigaltee gaarii ta'uu danda'an adda nitarreessita;
- Muuxannoo walitti bu'iinsa furuu nigabbifatta.



**Walitti bu'insa hiikuu jechuun maal jechuudha?**

Namoonni tokko tokko furmaata walitti bu'iinsaf kennamu akka yaada mo'uufi mo'atamuutti ilaalu. Haata'u malee walitti bu'iinsa furuun furmaata garee waldhaban lamaan gammachiisu danda'u kennuudha malee tokkoo mo'uufi mo'atamuu hinagarsiisu. Kanaaf, walitti bu'iinsa hiikuu keessatti fedhii garee lamaaniif furmaata kennuun barbaachisaadha. Walitti bu'iinsi yeroon furmaata yoo hin aragnne hariiroo keenyaa miidhuu danda'a. Miidhaa inni geessisu kana hambisuuf tooftaalee garagaraan fayyadamuun walitti bu'iinsa furuun barbaachisadha.

- Walitti bu'iinsa furuun yaada ka'umsa wal-dhabdee ta'eef furmaata waaraa kaa'uu yookaan walitti bu'iinsi caalu akka hinmudanne ittisuudha.

### 6.3.1. Tooftaalee Walitti Bu'iinsa Hiikuu

Walitti bu'iinsi maatii, ollaaf ollaa garee garagaraa gidduutti uumamuu danda'a. Dhimmi murteessaan garuu akkamittiifi maaliif walitti bu'iinsi uumaamaa osoo

hintaane, haala walitti bu'iinsi ittiin hiikamuudha. Walitti bu'iinsa karaa nagaatiin hiikuuf tooftaalee adda addaatti fayyadamna. Tooftaalee walitti bu'iinsi karaa nagaan ittiin furamu keessaa isaan ijoon isaan armaan gadiiti.

- Ilaaf ilaamee
- Manguddummaa
- Jaarsummaa
- Adeemsa Falmii Mana Murtii

1. **Ilaaf ilaamee**

- Ilaaf ilaamee jechuun maal jechuudha? Tooftaan kun walitti bu'iinsa akkamiin hiika?

Ilaaf ilaamee jechuun adeemsa kallattiin qaamni waldhabe lamaan waliin mari'achuun walitti bu'iinsa isaanii karaa nagaa ta'een hiikatanidha. Adeemsa nagaa buusuu kana keessatti qaamni sadaffaan keessa hinseenu yookaan hinhirmaatu jechuudha. Araara ilaaf ilaamee keessatti, walii galteerra gahuuf jecha qaamotni waldhaban lamaan fedhii isaanii muraasa nidhiisu ykn dabarsanii waliif kennu. Ilaaf ilaameen qaamonni lamaan osoo iciitii isaanii nama kamittuu hinhimiin gara furmaataatti deemuun rakkoo sana furatu.

Tooftaa kana keessatti, ilaalchaafi ejjannoo keenya yeroo dhiheessinu, fedhii namoota biroof bakka kennuufi yaada qajeelaa qabaachuun barbaachisaadha. kana jechuun gareen lamaanuu fedhii walii eeguufi yaada qajeelaa yoo qabaatan araarri kun milkaa'a jechuudha.



**Fakkii 6.4. Ilaaf ilaameen araara buusuu**

## 2. Manguddummaa

- Manguddummaa jechuun maal jechuudha?
- Manguddummaan walitti bu'iinsa furuuf tooftaa akkamii gargaarama?

Manguddummaan gosa jaarsummaa keessaa tokko ta'ee adeemsa qaamni sadaffaan walaba ta'e qaamoota waldhaban lamaan walitti fiduun araarsudha. Tooftaan kun araara sadarkaa nama dhuunfaa hanga sadarkaa biyyaatti gaggaeeffamu ooluus nidanda'a. Adeemsa manguddummaa keessatti qaamni sadaffaan gartuu kamirraayyuu bilisa ta'uun haala mijeessitoota garee lamaanii ta'anii tajaajilu. Kanarraa ka'uun qaamni sadaffaa walaba ta'e kun haala mijeessituu jedhamuun beekamu. Haala mijeessituun aangoo murtoo kennuu hinqabdu.



**Fakkii 6.5. Manguddummaan araara buusuu**

- Maanguddummaan walitti bu'iinsa hiriyoota, abbaa manaafi haadha manaa, qaamoolee siyaasaa, amantii, sabaf sablammiifi kana kana fakkaatan gidduutti uumamue tasgabbeessuuf yookaan furuuf gargaara

**Gocha 4:**

**Hojii gareefi gahee taphachuu**

Walitti bu'iinsa barattoota lama giddutti uumamu akka fakkeenyatti fudhaa. Itti aansuun, barattoonni sadii manguddoo ta'uun barattoota waldhaban lamaan walitti fiduuf yaalaa. Sana booda haala manguddootni barattoota waldhaban walitti fidanii araarsan irratti gahee taphachuun agarsiisaa.

## 3. Jaarsumma

- Jaarsummaa jechuun maal jechuudha?
- Jaarsummaan akkamiin walitti bu'iinsa furuuf nigargaaraa?

Jaarsummaan tooftaa waldhadeen ittiin hiikamu ta'ee qaama sadaffaan dhimmicha irraa bilisa ta'e kan geggeeffamudha. Qaamotni sadaffaan qaamolee waldhabinsa qaban walitti araarsan araarsituu yookaan bakka tokko tokkootti immoo jaarsota jedhamuun beekamu. Adeemsa jaarsummaa keessatti qaamotni

waldhaban lamaan dursanii jaarsa isaaniif ta'u filatu. Jaarsoleen filatan kunis, qaamotni waldhaban lamaan yaada isaanii akka dhiyeeffatan taasisuun akka isaan waliigalaniif haala aanjessu. Yeroo kanatti, yaada qaamoleen lamaan dhiyeeffatan dhaggeeffachuun murtoo araaraa kennu. Jaarsoliin kunneenis, yoo qaamotni waldhaban waliigaltee irra gahuu didan aangoo murtii dirqisiisaa kennuu niqabu.

Gabaabumatti, jaarsummaan adeemsa jaarsoliin dhimmichi osoo gara seeraa/ mana murtii idilee hindeemin dura araarsuuf taasifamuudha.

☞ Tooftaan araaraa sadeen armaan olii adeemsaafi harkifannaa walitti bu'insa hiikuu karaa mana murtii idileetiin uumam hambisuuf kan gargaarudha.

## Gocha 5:

### Hojii Garee

Hiriyyootni kee lama kitaaba bade tokko irratti waldhaban haa jennu. Gareen ta'uun dhimma kana jaarsummaadhaan furuuf tarkaanfii fudhatamuu qabu ibsaa.

## 4. Adeemsa Falmii Mana Murtii

✍ **Murtoo karaa mana murtiin kennamu jechuun maal jechuudha?**

Murtoo karaa mana murtii idileen kennamu, murtoo adeemsa seeraa biyyi tokko qabdu hordofee raawwatamuudha. Kunis, qaamotni waldhaban lamaan himaata isaanii erga dhiyeeffatanii booddee abbaan murtii ragaa isaanii qoratee murtoo kan kennudha. Adeemsa walitti bu'iinsa furuu kana keessatti, odeeffannoon falmii seeraa irratti dhihaateefi murtiin kenname galmaa'ee taa'a. Yeroo baay'ee murtoon karaa mana murtii idilee kennamu, tooftaalee walitti bu'iinsi ittiin hiikaman kanneen biroo caalaa yeroo dheeraafi humna kan gaafatudha. Kanaaf, qaamotni waldhaban osoo gara mana murtii ilee hindeemin dura naannooma isaaniitti kan argamu adeemsa murtii kennuu al-idilee kanneen akka waliigalteen araaramuu, manguddummaafi jaarsummaan fayyadamuun gaarii ta'a.



Fakkii 6.6. Adeemsa falmii seeraan waliitti bu'iinsa hiikuu

**Piroojeektii**

Maatii keessaniifi naannoo jireenyaa keessaniitti walitti bu'iinsa sababoota garaa garaan uumamanii turan tarreessuun akkaataa walitti bu'insi kunneen itti hiikaman maatii keessan gaafachuun dareef dhiyeessaa.

## 6.4. Ijaarsa Nageenyaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqate gonfatamuu qabu**

Xumura barannoo kanaatti:

- yaadrimee ijaarsa nageenyaa ni ibsita;
- duudhaalee ijaarsa nageenyaaf barbaachisan nitarreesita;
- barbaachisummaa nageenya ijaaruu nihubatta.

Nageenyi waaraan haala kamiin argama jettee yaadda?

- Ijaarsa nageenya jechuun adeemsa osoo walitti bu'iinsi hinraawwatin, yeroo raawwataa jiruufi erga walitti bu'iinsi ta'ee booddee gaggeeffamudha.

Ijaarsi nageenyaa walitti bu'iinsa hiikuu qofa irratti hindaanga'u; gochaalee walitti bu'iinsa fidan ittisuu, nageenya waaraafi itti fufiinsa qabu fiduu ofkeessatti hammata. Kunis adeemsa walitti bu'iinsa dursanii, yeroo walitti bu'iinsi ta'aa jiruttiifi erga walitti bu'iinsi gara gochaatti jijjiirame booddee guutummatti nageenya buusuu kan agarsiisuudha.

- Ijaarsi nageenyaa hokkara, diigumsa, qisaasina qabeenyaa xiqqeessuufi nageenya waaraafi walitti fufiinsa qabu fiduuf irratti kan xiyyeeffatudha.

Yeroo lammiileefi qaamotni hawaasaa sadarkaa adda addaa irratti argaman hundi dirqama isaanii bahan ijaarsi nageenyaa bu'a qabeessa ta'a. Ijaarsa nageenyaa keesatti lammiileen aadaa heddumina kabajuu horachuu qabu. Heddummina walii kabajuun fedhii waloofi bu'aa olaanaa jajjabeessa. Kanaaafuu, garaagarummaa sanyii, afaan, amantaa, yaadaa, amala hawaasummaafi ilaalcha siyaasaan waldanda'uun nageenyaafi tasgabbii galmaan gahuu keessatti gahee guddaa qaba.

## Gocha 5:

### Marii Garee

Gaaffilee armaan gadii gareen irratti gareen mari'achuun dareef ibsaa

1. Naannoo keessanitti wantootni nageenya hawaasaa akka jeequmu taasisan maal fa'i?
2. Nageenya hawaasa mirkaneessuu keessatti gahee maalii taphachuu dandeessu?

### 6.4.1. Barbaachisumma Ijaarsa Nageenyaa

Dhimmoota ijaarsi nageenyaa barbaachisaa taasisan keessaa kanneen ijoon:

- walitti bu'iinsi uumamee jiru akka hinbabaldhanne ittisuufi bakka hinjirretti immoo akka hinuumamne ittisuuf,
- jiruuf jireenya hawaasa keenya keessatti nageenyaafi tasgabbii uumuuf,
- lubbuu baduufi qabeenya manca'u malu baraaruuf,
- tokkummaa ummataa cimsuufi sirna dimokiraatawaa dagaagsuuf,
- baasii walitti bu'insaaf ooluufi qabeenya manca'e deebisuuf bahuu malu hambisuun misoomaaf oolchuuf

## 6.5. Jaarmiyaalee Xabboo Walitti Bu'iinsa Hawaasaa Hiikan

**Gahumsa barachuu yoo xiqqate gonfatamuu qabu**

**Xumura barannoo kanaatti:**

jaarmiyaalee xabboo walitti bu'iinsa hiikaan adda nibaafta;

gahee dhaabbileen xabboo walitti bu'iinsa hiikuu keessatti qaban nitarreessita.



Jaarmiyaalee xabboo walitti bu'iinsa hawaasa furuuf gargaaran keessaa kan beektu himi.

Jaarimiyaalee xabboon tooftaalee aadawaa walitti bu'iinsa furuuf gargaaraan keessaa hawaasa keessatti baay'ee jaallatamoodha. Adeemsa walitti bu'insa karaa jaarmiyaalee kanaan hiikuu qaamota waldhaban adabuu osoo hintaane araarsuu irratti xiyyeeffatama. Tooftaa kana keessatti dhimmi ijoon yaada dhiifamaa qabaachuufi murtoo manguddootaa kabajuudha. Murtoo araaraa adeemsa kanaan darbus qaamota mootummaafi hawaasaa biratti beekamtiifi fudhatama qabaata.


Biyyi keenya dhaabbilee hawaasummaa xabboo walitti bu'iinsa hawaasummaa hiikuun nagaafi tasgabbii mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa taphatan hedduu qabdi. Dhaabbileen xabboo walitti bu'iinsa hawaasaa keessa jiru furuuf gargaaran keessaa murraasni kanneen armaan gadiiti.

### A. Jaarsummaa

Jaarmiyaalee xabboo Oromoon waldhabdee ittiin furatu keessaa jaarsummaan isa tokkodha. Jaarsummaan rakkoo maatii hiikuurraa kaasee hanga rakkoo biyya furuutti gahee guddaa taphachuu danda'udha. Keessattuu, ummata Oromoo keessatti waldhabdeefi walitti bu'iinsi sadarkaa kamittuu uumamu dursa jaarsummaan ijaalama.

Namni jaarsummaaf filatamu umuriin kan raage, dhugaaf kan bulufi muuxannoo kan qabu ta'uu qaba. Sababnis, namni umurii isaa keessatti tooftaafi obsa ittiin rakkoo tokko furu barachaa adeema waan ta'eef. Dabalataniis, hawaasa gidduutti fudhatama kan qabu huubannoofi ogumma kan qabu; murtii kennu kan danda'uufi icciitii kan eeguu ta'u qaba.

Jaarsummaan jiruufi jireenya hawaasaa guyya guyyaa keessatti gahee olaanaa kan qabuufi sochii hawaasummaa, siyaasaafi diinagdee keessatti gahee guddaa kan taphatuudha. Jaarsummaan aadaa Oromoofi bulchiinsa sirna gadaa keessatti karaa ittiin waldhabdee hiikan keessa isaa hangafaati. Akka waliigalaatti, jarsummaan waldhabdee gama hawaasumman, dinagdeefi siyaasaatiin jiru hiikuudhaan hawaasa tajaajila kan tureefi ammas tajaajilaa jiru ta'uu isaa hubannee itti aadaa keenya gaarii kana sirnan itti fayyadamuu qabna.



Fakkii 6.7 Walitti bu'iinsa adeemsa jaarsummaan hiikuu

### B. Shimiglinnaa

Tooftaan ummata Amaaraa biratti walitti bu'iinsi karaa manguddummaafi araaraan ittiin hiikamu keessaa beekamoon Shimgilinnaa/Irqi jedhama. Shimgilinnaan jaarsota biyyaatiin qaamota waldhaban walitti fiduun araarsuudha. Shimgilinnaan waldhabdee hammaataa hariiroo waliin jiraachuu hiriyoota, ollaa, maatiifi hawaasaa ta'an furuuf hojiirra oolaa jira.



**Fakkii 6.8 Sirna Shimiglinaa**

### C. Guuriifi shiirii

Ummatni Sumaalee tooftaalee walitti bu'iinsa ittiin furatan kan mataa isaanii qabu. Tooftaalee kanneen keessaa shiirifi Guurii bal'inaan kan beekamanidha. Shirii jechuun mana maree jaarsolii gosa tokkooti. Guriin immoo mana maree gosa lamarra walitti dhufan ta'ee walitti qabama Ugaazota, gorsitoota qomoofi geggeessitoota gosaati. Guurii hawaasa naannoo bakka bu'uun, dhimma nageenya irratti gaggeessitootaaf gorsa kanneen kennandha. Akkasumsa, dhimmoota walitti bu'iinsaa hiikurratti gaggeessitootaa biyyaa gargaaruun gahee guddaa taphatu.



Fakkii 6.9 Sirna walitti bu'iinsa hiikuu Sumaalii

### D. Yajookaa

Yaajookaan jaarmiyaa xabboo ummata Guraagee biratti walitti bu'insa hiikuun beekamudha. Kunis jarimiyaalee uummata Guraagee hunda of keessatti kan haammatudha. Ergamni isaas sirna karaa aadaatiin walitti bu'iinsa hiikuun

hariiroo gaariin ummata gidduutti ittifufiinsaan akka jiraatu taasisudha. Seera qabeessummaan jaarmiyaa yaajookaa seera aadaa Guraagee Kitchaha jedhamu irraa madda. Kitchahaan sirna ummata Guraagee biratti hariiroo namoota gidduu jiru hunda hogganudha.



**Fakkii 6.10 Sirna walitti bu'iinsa hiikuu Yaajokaa**

### E. Affaar Maadaa

Maadaan jaarmiyaa sirna seeraa aadaa Affaarotaa yoo ta'u akka madda sirna bulchiinsaafi heeraatti tajaajiluun walitti bu'insa kamiyyuu furuuf tajaajiludha. Affaarotni tooftaa karaa aadaatiin walitti bu'insa furuun bu'aa qabeessa jedhanii amanu. Adeemsa sirna Maadaa keessatti, bu'iinsa ittisuufi hiikuuf keessatti Affaarotni gaggeessitoota gosaafi hoggantoota amantaa fayyadamu.



Fakkii 6.11 Sirna Maadaan walitti bu'insa hiikuu

## Gocha 6:

### Hojii Garee

Hawaasa naannoo kee keessatti adeemsa waldhabdeen karaa aadawaatiin ittiin hiikamu maatii gaafachuun akkaataa raawwii isaa waliin dareef dhiyeessa.

## Guduunfaa

Boqonnaan kun yaadrimee walitti bu'iinsa hiikuufi nageenya ijaaruu, sababoota walitti bu'iinsaa kanneen ta'aniin walsibarsiiseera. Akkasumas, tooftaalee ijoo walitti bu'iinsa hiikuuf gargaaran kanneen akka ilaafi ilaamee, maanguddummaa, jaarsummaafi adeemsa mana murtii jedhaman hubattee jirta. Dabalataanis, ijaarsa nageenyafi barbaachisummaa nageenyaa ijaaruun qabu adda baastee hubattee jirta. Xumurarratti, jaarmiyaalee xabboo garaagaraa Itoophiyaa keessatti argaman kanneen walitti bu'iinsa furuuf gargaaran irratti hubannoo kee cimsatteetta. Jaarmiyaaleen xabboo kunneenis kanneen akka jaarsummaa, shimigilinnaa, shiiriifi Guurii, Yaajookaa, Maadaafi kan kana fakkaatan yoota'an waliitti bu'iinsa biyyaafi hawaasa gidduutti uumaman hiikuun jiruufi jireenya hawaasaa ijaaruu keessatti akka barbaachisoo ta'an hubatteetta.

## Hiika Jechootaa

**Dhaabbilee xabboo walitti bu'iinsa furan:** jaarmiyaaleefi tooftaalee aadawaa walitti bu'iinsa hiikuuf gumaachan

**Jaarsummaa:** Adeemsa araaraa kan qamni sadaffaan angoo murtoo murteessuu/kennuu qabu.

**Manguddummaa**:Adeemsa araaraa qaamni sadaffaan angoo murtoo murteessuu hinqabne.

**Nagaa:** waraanni dhibuu, olaantummaan seeraa jiraachuu, tasgabbiifi haqni hawaasa keessa jiraachuudha

**Nageenya ijaaruu:** adeemsaafi gocha walitti bu'iinsa furuuf fayyadamnuufi nagaa uumuuti.

**Walitti bu'iinsa:** waldhabdee, ilaalchaa, yaadaa yookaan galma walfaalleessuun hawaasa gidduu jiruudha.

**Walitti bu'iinsa hiikuu:** qaamootni waldhabaan lamaan yookaan walitti bu'iinsa keessatti hirmaatan lamaan gara nagaa waarawaatti deebi'uuf yeroo

waliin hojjetan jechuudha

**Xabboo:** waan aadawaa, kan ganamaa (beekumsaa, tooftaafi jaarmiyaa) hawaasa keessa jiru

## Gaaffilee Keessa Deebii

**I. Yaadawwan armaan gadii sirrii yoo ta'an Dhugaa dogongora yoo ta'an immoo soba jechuun deebisi.**

1. Walitti bu'iinsi garaagarummaa yaada/fedhii hawaasa keessatti uumamu galma gahuu dhabuurraa dhufa.
2. Adeemsi namotni waldhabaan giddugaluummaa qaama sadaffaa malee dhimma isaanii mariin xumuurataan jaarsummaa jedhama.
3. Dhaabbileen xabboo walitti bu'iinsa hawaasaa keessatti uumame furuuf shoora olaanaa taphatu.
4. Furmaata walitti bu'iinsaf kennamu keessatti gartuun tokko mo'ataa yoo ta'u gartuun tokko immoo mo'atamaa ta'uu agarsiisa.

**II. Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e filadhu.**

1. Jaarsummaa ilaalchisee sirrii kan ta'e kami?
   - A. Jaarsi murtoo kennuu dandaa'a kenna
   - B. Jaarsii murtii kennuu hindanda'u
   - C. Manni murtii murtii xumuraa
   - D. Hunda
2. Walitti bu'iinsi:
   - A. jiruuf jireenya keenya keessatti hafuu kan hin dandeenyeedha
   - B. yeroo tokko tokko akka carraatti fayyaada
   - C. karaa nagaan furaamuu danda'a
   - D. hunduu sirriidha

3. Ijaarsi nageenya:
   - A. adeemsa walitti bu'iinsa furuufi gara fuulduraattis akka hinmudanne ittisudha
   - B. adeemsa walitti bu'iinsi erga mudatee booda qofa ittiin raawwatudha
   - C. dhaabbilee mootummaa qofa hirmaachisa
   - D. hunduu deebii sirriidha
4. Jaarmiyaalee armaan gadii keessa adda kan ta'e kami?
   - A. Maadaa
   - B. Jaarsummaa
   - C. Mana murtii
   - D. Manguddummaa
5. Yaadrimee nageenya ilaalchisee sirrii kan ta'e kami?
   - A. Dhiphinnifi yaaddoon jiraachuu dhabuu
   - B. Seerrif qajeelfamni hojiirra ooluu
   - C. Waraanni jirachuu dhiisuu
   - D. Hunduu deebii sirriidha

### III. Deebii Gabaabaa kenni

1. Walitti bu'insi maaliif uumama? -
2. Ijaarsi nageenyaa maaliif barbaachisa?
3. Jaarmiyaalee Xabboo biyya keenya keessatti walitti bu'iinsa furuuf gargaaran tarreessi.

# BOQONNAA 7

# Dandeettiiwwan Gadfageenyaan Yaaduufi Rakkoo Hiikuu

## Seensa

Barnoota kutaa torbaffaa keessatti gadfageenyaan yaaduun adeemsa rakkoo tokko ragaa sirrii irrattatti hundaa'uun xinxaluufi furmaataa sirrii ta'e fudhachuu akka ta'e barattee jirta. Boqonnaa kana keessatti immoo, maalummaa rakkoo hiikuu, adeemsaafi sadarkaalee rakkoo hiikuu, dandeettiiwwanrakkoo hiikuufi tarsiimoowwan dandeettii rakkoo hiikuu fooyyessan baratta.

**Yaadrimeefi Jechoota Furtuu:** rakkoo hiikuu, tarsiimoo, gadfageenyaan yaaduu, sababeessuu, murtoo kennuu

**Bu'aalee barachuu barnoota boqonnichaa;**

- Maalummaafi sadarkaalee rakkoo hiikuu hubachuu;
- Sadarkaalee adeemsota gadfageenyaan yaaduufi murtoo kennuu hubachuu;
- Deettiiwwaniifi amaloota gadfageenyaan yaaduufi rakkoo hiikuu ibsuu;
- malootadandeettii gadfageenyaan yaaduufi rakkoo hiikuufooyyessan hubachuu;
- Adeemsa rakkoo hiikuu keessatti barbaachisummaa dandeettiiwwan gadfageenyaan yaaduun hubachuu.

# 7.1. Maalummaafi Sadarkaalee Adeemsa Rakkoo Hiikuu

*Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu*

- yaadrimee rakkoo hiikuu ni ibsita;
- sadarkaalee adeemsa rakkoo hiikuu adda nibaafatta;
- tokkoon tokkoo sadarkaalee adeemsa rakkoo hiikuu ni'ibsita;
- rakkoo hiikuun faayidaa inni dhala namaaf qabu nitarreessita.

## 7.1.1. Maalummaa rakkoo hiikuu

Rakkoo hiikuun maalii?

Rakkoo hiikuu jechuun adeemsa dhalli namaa beekumsa, dandeettiifi hubannoo duraan qabu walitti fiduun rakkoofi haala badaa mudatuuf furmaata kennuu jechuudha. Rakkoo hiikuun rakkinnijiraachuu hubachuu, sababootarakkinichaa adda baasuu, yaadota furmaata ta'uu danda'an adda baasuun duraa duubaan kaa'chuu.Yaada furmaataaisa caalmaatti fala ta'uu danda'u filachuun hojiitti hiikuun ibsama.Kunis, mala dhugaaafi ragaa irratti hundaa'uun dhimma tokko irratti murtoo kennuu kan agarsiisudha.



Fakkii 7.1. Yeroo ummatni mariin rakkoo furatu

Rakkoon nama muudachuun akkaataa rakkoo sana dandamataniifi hiikan nama barsiisa. Kunis,tattaaffii namootni rakkinichahiikuuf taasisan beekumsaafi muuxannoo dabalataa rakkoo caalu hiikuu isaan dandeessisu akka argatan waan gargaaruufi.

Adeemsa rakkoohiikuu keessatti gochawwan ijoo ta'an sadiitu jiru. Isaanis, adeemsa odeeffannoo funaanuu, beekumsa haaraa uumuufi beekumsa argame irratti hundaa'uun murtoo kennuudha.


**Gaaffii Hubannoo1.**

Kaayyoon rakkoo tokko hiikuu maali? Rakkoo furuun maal nuu dabalaa?

## 7.1.2 Sadarkaalee Adeemsa Rakkoo Hiikuu

Sadarkaalee adeemsa rakkoo hiikuu maalii?

Dhilli namaa rakkoolee jireenya keessatti numudatuuf kallattii garaa garaan furmaata kennuuf tattaafata. Bu'aan tattaaffii kanaas bilchinaafi adeemsa rakkinicha furuuf hordofamu irratti hundaa'a. Rakkoo jireenya keessatti nama mudatuuf furmaata waaraa kennuun adeemsaafi tarkaanfiilee sadarkaan keessa darbu qaba. Adeemsota kunniinis kanneen armaan gadiiti.




### ⇨ **Sadarkaa 1ffaa:** Rakkoo adda baasuu

Adeemsa rakkoo muudate tokko karaa bilchina qabuun hiikuu **keessatti** rakkoo uumame sana sirnaan beekuun tarkaanfii isa jalqabaati. Tarkaanfiin jalqabaa kun rakkoouumame madda, duubeefi agarsiistuuwwan isaa waliin adda baasuu beekuudha. Rakkoo adda baasanii beekuun sababoota madda rakkinichafiyaada furmaataa bira gahuuf daandii kansaaqa.

### ⇨ **Sadarkaa 2ffaa:** Sababoota rakkoo adda baasuu

Adeemsa rakkoo furaa keesssatti, tarkaanfiin lammataa sababoota rakkinicha fidan barbaaduudha. Kunis, xiinxallii gadfageenyaa kana gaafatu yoo ta’u, hundee rakkinichaa beekuun fala barbaaduu keessatti iddoo ol’aanaa qaba.

### ⇨ **Sadarkaa3ffaa:** Yaadawwan furmaataa dhiyeessuu

Sababoota rakkoo erga adda baafannee, rakkoo sanaaf filmaata furmaataa garaagaraa barbaaduun salphaadha. Rakkoo tokkoof furmaatni baay’een jiraachuu nidanda’a. Ta’us, yaada furmaataa gaariifi bu’a qabeessa ta’e filachuun barbaachisaadha.Adeemsa filannoo yaada furmaataa keessatti, faayidaafi miidhaa filannoowwan dhiyaatanii xiinxaluun baay’ee murteessaadha.

**⇨Sadarkaa 4ffaa:** Yaadawwan furmaataa keessaa fudhachuu

Yaadota furmaataa dhiyaatan keessaa tokko filachuuf murteessuun dura, filannoowwan dhiyaatan hunda sirritti madaaluun barbaachisaadha. Kana jechuun, ciminafi hanqinna filaannowwan dhiyaatanii jechuudha xiixaluudha. Haala kanaan, filannoowwan dhiyaatan keessaa isa bu'aaqabeessa ta'e filachuun tarkaanfii itti aanutti ce'uun barbaachisaadha.

**⇨Sadarkaa5ffaa:** Yaada furmaataa filatame hojiitti hiikuu

Sadarkaan kunyeroo filannoowwan furmaataa fala ta'u jedhamanii adda baafaman fudhannee hojiittihiiknuudha. Innis, yeroobeekumsaafi human keenya qindeessinee yaada furmaataa filatame hojii qabatamaatti jijjirrudha.

**⇨Sadarkaa6ffaa:** Bu'aa hojiirra oolmaa yaada furmaataa madaaluu

Sadarkaan kun yeroo bu'aan hojiirra oolmaa yaada furmaataa hordofamuufi madaalamudha. Madaalliin bu'aa raawwii yaada furmaataa kun yaadi furmaataa hojiirra ooleefi sirriifi bu'a qabeessa ta'uu kan itti mirkaneessinudha. Madaalliin raawwii bu'aa qabeessummaa raawwii yaada furmaataa kun murtoo darbee ture keessan deebi'anii fooyyessuufista'e rakkoo ture karaa sirrii ta'een hiikuuf shoora guddaa taphata. Kunis, rakkoo hiikuu keessatti dogoggora uumamuu malu keessa deebnee akka ilaallu qabnunugargaara.

## Qordhimma

Obbo Galgaloofi Obbo Liiban hojii qonnaafi horii horsiisuu irratti bobba'uun jiruufi jireenya isaanii gaggeeffatu. Jiruufi jireenyi isaanii kunis rooba irratti kan hundaa'e ture. Yeroo dheeraa booda garuu sababa cirama bosonaa irraa kan ka'e gammoojjummaan babal'atee roobnis dhabame. Roobni dhabamuun immoo margi akka dhabamuu taasisuun horiin hawaasa hedduun waan nyaatu dhabee jalaa du'uu eegale.

Rakkoo mudate kanaaf fala barbaaduuf hawaasni naannoo Obbo Galgaloofi Obbo Liiban bakka bu'oota godhanii filatan. Isaanis, rakkoo mudate kanaaf fala barbaaduuf hawaasa naannoo waliin mari'achuuf murteessan. Haaluma kanaan, namoota akka isaanii kabajaafi dhageettii qaban kan biroo dabalatanii hawaasicha walitti qabuun mariisisan. Namootni marii sanarratti hirmaatanis rakkoo kana furuuf yaadaafi fala adda addaa dhiyeessan. Hirmaatotni tokko tokko lafa waloofi dhuunfa irratti biqiloota dhaabuu qabna yommuu jedhan gariin immoo, rakkoo margaa mudate hambisuufmarga hongee dandamachuu danda'u dhaabuu qabna yaada jedhu dhiyeessan. Dabalataan, lafti margaa garmalee akka hindheedamne dhorkuu qabna; akkasumas, baay'ina horii xiqqeessuufi tooftaa horsiisa loonii jijjiiruu qabna kan jedhus yaanni dhiyaatee ture.

Obba Galgaloofi Obbo Liibanis filannoowwan hirmaattotni dhiyeessangadifageenyaan erga xiinxalanii booda, yaada furmaata ta'u lama keessaa fudhatan. Filannoon isaanii kunis, naannoo keenyatti biqiltootaafi marga hongee dandamatu dhaabuu qabna kan jedhu ture. Sana booda, ji'a tokko keessatti ummata bal'aa hirmaachisuun yaada dhiyaate hojirra oolchan. Yeroo gabaabaa booda biqilootni dhaabaman guddachuun haala qilleensaa jijjiiran. Roobni duraan badee tures deebi'uu jalqabe. Haala kanaan, madaallii gaggeeffameen, rakkoon bishaaniifi margaa waan furameef hawaasichis ta'e horiin isaanii bishaaniifi marga gahaa argatan. Oomishaafi oomishtummaanis waan dabaleef jireenyi hawaasichaa fooyya'aa dhufe.

### Gaaffilee Hubannoo 2.

1. Obbo Galgaloofi Liiban rakkoolee hawaasichaa akkamiin adda baasani?
2. Sababni kaúmsa rakkoo hawaasa obbo Galgaloofi Liiban maal fa'i?
3. Hawaasni rakkoo isaanii furachuuf filannowwan furmaataa akkamii dhiyeessan?
4. Yaada furmaataa obbo Galgaloofi Liiban dhiyeessan miseensonni hawaasichaa akkamiin hojiirra olchan?
5. Miseensonni hawaasaa filannoowwan kaa'aman akkamitti hojitti hiikan?
6. Rakkoon kun akkamitti furmaata argate?

### Pirojeektii

1. Naannoo keetti rakkoo kana fakkaatu mudatee beekuufi haala itti rakkoon kun furame maatii kee gaafachuun barreeffamaan dareef dhiyeessi.
2. Rakkoo mana barnootaa keessan keessaa tokko fudhachuun sadarkaalee adeemsa rakkoo hiikuu barattan qabatamaan agarsiisaa.

## 7.2. Sadarkaalee Adeemsa Gadfageenyaan Yaaduufi Murtoo Kennuu

### *Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu*

Xumura barannoo kanaatti:

- faayidaa gadfageenyaan yaaduufi murtoo kennuu ni'ibsita;
- adeemsota rakkoo furuu adda nibaasta;
- tokko tokkoo adeemsa rakkoo furuu ni ibsita.
- dandeettiiwwan gadfageenyaan yaaduu nigonfatta;
- hariiroogadfageenyaan yaaduufi murtoo kennuu gidduu jiru adda baafatta.

### Gadfageenyaan yaaduun maalii?

Gadfageenyaan yaaduu jechuun adeemsa dhimma yookiin yaada tokko ragaa irratti hundaa'uun xiinxaluufi sababeessuun sirrummaa yookaan dhugummaa isaa mirkaneeffachuu jechuudha. Kunis, adeemsa murtoo kennuu keessatti faayidaa ol'aanaa qaba. Haala kanaan, gadfageenyaan yaadanii murteessuun, miira irratti hundaa'uun murtoobilchina hinqabnemurteessuu irraa bilisa nama taasisa.

## Qordhimma

Mana barnootaa Lammii Borii jedhamu keessa barattoota yeroo hunda jeeqan lamatu ture. Barattootni kun moraa mana barumsaa keessatti yeroo baay'ee walitti bu'uun jeequmsa uumuun adeemsaa baruu barsiisuu gufachiisaa turan. Boodarra dhimmi barattoota kanaa hogganaa mana barnoottichaaf gabaasame. Innis, dursa barattootaafi waardiyyaa gaafachuun dhimmicha qulqulleeffachuuf yaale. Dabalataan, barsiistuu maqaa waamatuufi muse daree waliin marii taasise.Barsiistuufi museen dares badiin barattoota lameenii kan jalqabaa akka hintaaneefi yeroo adda addaatti gorsiifi akeekkachiisni barreeffamaa kennameefii akka ture itti himuun, barattootni kunneen amala jijjiirrachuuf fedha akka hinqaban hubachiisan.

Hogganaan mana barnootaas tattaaffiin barattoota kana sirreessuuf taasifame hundi bu'aa fiduu waan hindandeenyeef, tarkaanfiin itti aanu akka fudhatamuuf dhimmicha koree naamusaatti dhiyeessan. Koreen naamusas raga dhiyaate hunda xinxxaalee barattotni biroonis akka irrraa barataniif barattoonnilameen waggaa tokkoof mana barnootaa irraa akka dhorkamanmurteesse murtoon kunis hogganaa mana barnootaan mirkanaa'ee hojiirra oole. Barattootni kunneen murtoon akka jijjiiramu gaafataniis, dambii ittiin bulmaata mana barumsichaati waan ta'eef hinmilkoofne. Tarkaanfi barattoota lamaan kanarratti fudhatamerraa

kan ka'e manni barnootaa kun jeequmsa irraaa bilisa ta'e. Barattootni birootis murtoo dabrerraa barachuun dambiifi ittiin bulmaata mana barumsaa hordofuu eegalan. Dhumarratti, naamusi barattoota mana barumsichaa fooyya'uun adeemsabaruufi barsiisuu irratti jijjiirama guddaan argamee jira.

**Hojii garee 1.**

1. Qordhimma kanarra maal hubattan?
2. Adeemsa badii barattota lameeniiirratti murtoo adabbii dabarsuuf hordofameirratti gareen mari'achuun dareef dhiyeessaa.

Jireenya guyyuu keessatti ittiyaadnees ta'e osoo ittihinyaadiin murtoowwan garaagaraa murteessina.Kana irraa ka'uun bilchinniifi qulqullinni murtoo keenyaa garaagarummaa qabaata. Ogummaan gadfageenyaan yaadduu murtoo ragaa irratti hundaa'e, madaalawaa, bilchina qabuufi bu'a qabeessa ta'e murteessuuf barbaachisaadha.

## 7.3. Dandeettiiwwaniifi amaloota gadfageenyaan yaaduufi rakkoo hiikuu

### 7.3.1. Dandeettiiwwan gadfageenyaan yaaduufi rakkoo hiikuu

Dandeettiin gadfageenyaan yaaduun maalii?

Dandeettiin gadfageenyaan yaaduu ogummaa dhalli namaa guyyaa guyyaan ittifayyadamudha. Gadfageenyaan yaaduun dalagaalee kanneen akka gadfageenyaan yaaduu, madaaluufi ibsuu ofkeessatti hammata. Kana malees, hudhaalee rokkoo hiikuu keessatti walxaxaa ta'an adda baasuu irratti xiyyeeffata.

**Rakkoo hiikuu keessatti dandeettiin gadfageenyaan yaaduu kanneen armaan gadii ofkeessatti qabata.**

- ✓ **Dandeettii hubachuufi ibsuu:** muuxannoowwan adda addaa, haalota, taateewwaniifi, murteewwwan amananii fudhachuufi ibsuu danda'uu,
- ✓ **Hariiroowwan adda baasuu:** hariiroowwan haalotaa, taateewwaniifi murteewwwan jidduu jiru adda baasuu danda'uu,
- ✓ **Amanamummaan madaaluu:** dandeettii dhugummaa waan jedhame tokkoo madaaluun mirkaneessuuti. Kunis, hubannoo, muuxannoofi ilaachi nama tokko waan jedhame waliin walitti fiduun madaaluudha.
- ✓ **Yaada xumuraa sababaan kaa'uu:** yaada amansiisaafi barbaachisaa ta'e adda baasuufi mirkaneessuun guduunfaa sababaan deeggaramee irra ga'uudha.
- ✓ **Ibsaan deeggaruu:** ogummaa murtoo fudhatame ragaa, hubannoo, tooftaafi haala jiru giddugaleeffachuun sababafi bu'aa isaa karaa idilaawaafi amansiisaa ta'een ibsudha.
- ✓ **Miira ofii to'achuu:** ragaa irratti hundaa'uun murtee dabarsuu keessatti dandeettii miiraafi fedhii dhuunfaa ofii to'achuu jechuudha.

## Gaaffii Hubannoo 3.

Akka barataa tokkootti dandeettiiwwan gadfageessanii yaaduu asiin olii keessaa isa fa'a qaba jettee yaadda?

## Qordhimma

Manni barnootaa ummataa tokko barattoota hedduu simachuun beekama. Hojii baruu barsiisuu gaggeessuudhaaf manni barniitaa kun rakkoowwan walxaxaa hedduu qaba. Rakkoowwan gurguddoo mana barnootaa kana keessaa, dhiphinni daree barnootaa,hanqinni teessuma barattootaafi hanqinni qulqullinaa isaan ijoodha. Barattootni baay'een haala jiru kana dhaqna godhachuun akka rakkootti hinfudhatan ture.

Kadiiriifi Ejersoon ammoo haala kanatti gaddanii gara hogganaa mana barumsichaa deemuun rakkinicha ittihiman. Hogganaan mana barnootichaa garuu rakkoon jiru kun waan addaa akka hintaaneefi mana barnootaa hawaasaa baay'ee keessa jiraachuusaa itti hime. Haata'u malee, Kadiiriifi Ejersoon deebii kanatti hinquufne. Yeroo booda gaaffiin isaanii barattoota biroofi hawaasa mana barumsaatiin babal'achuun dhumarratti dhimma hawaasa hundaa ta'aa dhufe. Kanarraa ka'uun, gareen adda addaa akka qooda fudhataniif koreen hundeeffame. Manni barnootichaas karee kana waliin ta'uun maallaqa guddaa walitti qabuuf sochii jalqabe. Adeemsa kanaan maallaqa guddaa walitti qabuun rakkoo eerame hundaa furatan. Dumarratti, manni barumsaa sun manneen barnootaa naannoo sanatti argaman keesaa fakkeenya gaarii ta'uu danda'e.

**Hojii garee 2.**

Kadiiriifi Ejersoon rakkoo mana barnootaa isaanii hiikuufdandeettii akkamii hojiirra oolchan? Gareen mari'achuun dareef dhiyeessaa.

## 7.3.2. AmalootaGadfageenyaan yaaduun Rakkoo Hiikuu

Amalagadfageenyaan yaaduu jechuun maal jechuudha?

Amalootagadfageenyaan yaaduun rakkoo hiikuu keessaa muraasni isaan armaan gadiiti.

- ✓ Ragaalee sirnaan qindeessuu,
- ✓ Ragaalee sirnaan fayyadamuu,
- ✓ Hanga ragaa gahaan qindaa'utti murtoo tursiisuu,
- ✓ Ragaa qofarratti hundaa'uu murtoo kennuu,
- ✓ Dhimmoota falmisiisoofi hanqinaalee jiraachuu malaniif beekamtii kennuu,
- ✓ Sirrummaa ilaalchaafi yaada mataa ofii madaalaa deemuu,
- ✓ Waan haarawaa simachuuf qophaa'aa ta'uu,
- ✓ Dhugaa jiru hubachuuf yaaluu.

## Qordhimma

Barsiisaa kutaa 8ffaa mana barumsa tokkoo ture. Barsiisaan kun yeroo baay'ee akka waan hundaa beekuufi yaadni isaa dogoggorarraa bilisa ta'eetti fudhata. Amaleeffannaan kunis akka yaada namaa hinfudhanne taasisuun eenyummaa isaarratti dhiibbaa guddaa fideera. Kanarraa ka'uu yeroo hedduu nama tokkorra waabaruuf dhama'uurra yaada namaa akka gadibu'aatti ilaaluun tuffata. Ofii isaatii immo, waan hunda fedhiifi miira isaa irratti hundaa'uun murtoo kenna. Kanaaf adeemsa namootni biroo ragaan adda addaa funaanuu dhimma tokkoof murtoo kennaan taasisan akka wallaalumaatti ilaala.

### Gaaffii Hubannoo 4.

Amalli barsiisaa kanaa akkamiin ilaalta? Ga'umsa gadfageenyaan yaaduu niqaba?

## 7.4. Maloota Dandeettii Gadfageenyaan Yaaduu Fooyyessan

### *Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu*

Xumura barannoo kanaatti:

- maloota gadfageenyaan yaaduu barattootaa fooyyeessan adda nibaafatta;
- faayidaa maloota gadfageenyaan yaaduu barattootaa fooyyeessan adda nitarreessita;
- maloota dandeettii gadfageenyaan yaaduu fooyyessan horatta;
- malootadandeettii gadfageenyaan yaaduu fooyyessan nitarreessita.

Malootnigadfageenyaan yaaduumaal fa'i?

Daa'imman dandeettii gadfageenyaan yaaduu waliin hindhalatan; dandeettii kana adeemsa keessatti guddifachaa deemuun sadarkaa yaaduutti dhufu. Maloota gadfageenyaan yaaduu barattootaa fooyyessan keessaa muraasni armaan gadiitti ibsamaniiru.

- **Tooftaa dogoggorraa barachuu-** barattootni irra deddeebiin rakkoo furuu akka isaan shaakalan taasisa.
- **Umurii guutuu barataa ta'uu-** barattootni uumamaan waa'ee ogummaasaaniifi waa'ee addunyaa baruuf fedhii qabu. Dubbisuufi namoota biroo waliin falmuun baratu.
- **Hudhaalee hubachuu-**barattoonni yeroo hundaa wantoota isaan danqan akka beekan jajjabeessa.
- **ILaalchota hinbaratamne giddugaleeffachuun-** gadfageenyaan yaaduun karaa baratameen deemuu qofa osoo hintaanee rakkoo furuuf hubannoo/ tooftaa haaraa yaalu dabalata.
- **Sirrummaa odeeffannoo**–odeeffannoo gahaan adeemsa murtoo kennuu keessatti waan hintaane keessa akka hingalle nama gargaara.
- **Furmaata baay'ee dhiyeessu**–rakkoo kamiifuu furmaatni tokko qofti hinjiru. Kanaaf, barattootni rakkoo tokko furuuf fala baay'ee barbaachisaa ta'e filachuutu irra jira. Akkasumas, adeemsa rakkoo hiikuu keessatti furmaata baay'ee akka qabaniifi tooftaan tokko rakkoo hunda akka hinhiikne beekuu qabu.
- **Furmaata hordofuu**–barattootni deebii argachuuf ariifataniyyuu tarkaanfileen fudhataman of eeggannoon kan madaalamaniifi hordofaman ta'uu qabu.

## Hojii garee 3.

Malootadandeettii gadfageeyaan yaaduu barattootaa fooyyessuuf gargaaran irratti mari'achuun dareef gabaasaa.

## 7.5. Adeemsa Rakkoo Hiikuu Keessatti Faayidaa Dandeettiiwwan Gadfageenyaan Yaaduu

***Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:***

Xumura barannoo kanaatti:

- faayidaa dandeettiin gadfageenyaan yaaduu rakkoo hiikuu keessatti qabu ni ibsitu.
- adeemsa rakkoo hiikuu keessatti faayidaa dandeettiiwwan gadfageenyaan yaaduu nigonfatta;
- faayidaa dandeettii gadfageenyaan yaaduu nitarreessita

Walittidhufeenyi gadfageenyaan yaaduufi rakkoo hiikuu maali?

Dhimma dhuunfaafs ta'ee kan uummataa irratti murtoo kennuun dura gadfageessanii yaaduun barbaachisaadha. Kunis sammuun namaa akka sababaafi ragaan deeggaramee murtoo sirrii kennuu gargaara. Adeemsa kana keessatti, murtoo kennuun dura odeeffannoo gahaa ta'e funaanuufi sababaan deeggaramuun murtoo dogoggorarraa bilisa nama taasisa.

Gadfageenyaan yaaduun rakkoo adda addaa furuu keessatti faayidaa guddaa qaba. Fakkeenyaaf, qulqullinaan yaaduu, haqa, ilaalcha madaalawaa, qabatamaa, walabummaafi akka horatan gochuu keessatti gahee taphata. Gadfageenyaan yaaduun dandeettiiwwan armaan gaditti tarreeffaman nama gonfachiisa.

- ✓ Sababaan deeggaramanii murtoo kennuu danda'uu;
- ✓ Yaada dhuunfaafi loogiirraa bilisa nama taasisa;
- ✓ Waan hojjetaniifi itti amananrratti murtoo beekumsaafi sababaan deeggarame akka qabaatan taasisa;
- ✓ Gara ofdanda'uufi yaadaan ofgaggeessuu eegaluutti nama geessa;
- ✓ Murtoo sirrii hintaane akka morman nama dandeessisa;

- ✓ Mataa kee waliin falmii akka ati gootu si taasisa;
- ✓ Yaada ka'u kamuu ragaarratti hundaa'uun akka ibsan, sirreessaniifi madaalan nama taasisa;
- ✓ Yaadrimee xiinxalaafi madaallii, tooftaa, walfakkeenyaafi garaagarummaa ilaalchotaa akka hubatan nama dandeessisa;
- ✓ Hojiifi mul'ata keenya sababaan akka deeggaru nutaasisa;
- ✓ Ilaalchaafi yaada hawwataa akka qabaannu nutaasisa;
- ✓ Waan itti amannerratti filannoo yaada adda addaa akka qabaannu nutaasisa;

Gabaabumatti, yaaduu dandeettiin ilma namaa bineensa kaanirraa kan adda baasu yoo ta'u gadfageenyaan yaaduun immoo ilma namaa gara nama guutuutti kan fidudha. Gadfageenyaan yaaduun, gadfageenyaan yaaduu, sababeessuufi bu'aafi miidhaa waan tokko akka madaallu nudandeessisa. Adeemsi kun immoo dhumarra murtoo guutuu ta'eetti nu geessa. Kanaafuu, murtoon kamiyyuu gadfageessanii yaaduu bu'ureffachuun barbaachisadha.

## Guduunfaa

Jireenya keessatti rakkooleefi danqaaleen adda addaa nama mudata. Dhalli namaasdanqaalee kanneen irra aanuuf tattaaffii walirraa hincinne taasisa. Danqaalee jireenyaa akkasii dandamachuuf dandeettii gadfageenyaan yaaduu gabbifachuun murteessaadha. Rakkoo hiikuu keessatti sadarkaalee kanneen akka rakkoo adda baasuu, sababa rakkoo adda baasuu, filannoo dhiyeessuu, filannoo fala ta'u filachuu, filannoo hojiitti hiikuufi bu'aa madaaludha. Kunis, ragaa, beekumsaafi hubannoo guutuun hojii ofii hojjechuun miiraafi loogiirraa bilisa nama taasisuun waliin jiraachuuf haala mijataa uuma.

## Hiika jechootaa

**Falmii: o**deeffannoo tokkorratti hundoofnee murtoo kennuun dura tooftaa sababeessuu fayyadamuu

**Murtoo kennuu:** adeemsa murtee adda baasuu, odeeffannoo funaanuufi murtoo filatamaa gamagamuun taasifamudha.

**Rakkoo hiikuu:** gocha rakkoo adda baasuu, ka'umsa rakkoo barbaaduu, sadarkeessuufi filannoowwan jiran keessaa filachuufi furmaata hojiitti hiikuudha.

**Xiinxaluu**: ragaafi sababarratti hundaa'uun waamurteessuu.

# Gaaffilee Keessa Deebii

**Kutaa I. Yoo himichi sirrii ta'e, dhugaa ta'uu baannaan soba jechhun deebisi.**

1. Rakkoo furuun hojii yaad-sammuu sababaafi ragaarratti hudaa'edha.
2. Murtoon rakkoo kennuu keessatti furmaata gara gochaatti jijjiruunidha.
3. Gad fageessanii yaaduun hundee murtoo guutuu keennuuti.

**Kutaa II.** Qubee deebii irra caalaa sirrii qabate filachuun deebisi

1. Rakkoo furuun kamirratti dhiibbaa qaba?
   A. Beekumsa
   B. Hubannoo
   C. Ogummaa
   D. Hunda
   E. Deebii hinqabu
2. Rakkoo furuun kan jalqabu
   A. Rakkoo adda baasuun
   B. Filannoo keewwachuu
   C. Tarkaanfii fudhachuun
   D. Ka'umsa rakkoo barbaaduun
   E. Hunda
3. Murtoon barbaachisaa ta'e murtaa'uu yookaan gadfageenyaan yaaduu kan hinwabeeffanne ta'uu mirkaneeffachuuf
   A. Murtoo irra deebiin ilaaluu
   B. Filannoo keewwachuu
   C. Tarkaanfii fudhachuu
   D. Sababa rakkoo barbaaduu
   E. Hunda

4. Tarsiimoo kamitu gad fageessanii yaaduu barattoota keessatti fooyyessa?
   A. Tooftaa yaalii fi dogoggoraa
   B. Walitti fufinsaan barachuu
   C. Hudhaalee ibsuu
   D. Hoogganuu
   E. Hunda
5. Barbaachisummaa gadfageenyaan yaaduu kan ta'e kami?
   A. Of-danda'uu
   B. Ragaa irratti hundaa'uu
   C. Ofgaggeessuu
   D. Hubannoo uumuu
   E. Hunda

**Kutaa III. Gaaleewwan 'A' tarreeffaman hiika 'B' jalatti kennamaniin walitti firoomosi.**

| A | B |
|---|---|
| 1. Irra deddeebiin shaakaluu | a) Tartiiba jalqabaa rakkoo furuu |
| 2. Tilmaamaan murtoo kennuu | b) Tarsiimoo gadfageenyaan yaaduu |
| 3. Rakkoo adda baasuu | c) Yaaliifi dogoggoraa irraa barachuu |
| 4. Bu'aa madaaluu | d) Gadfageenyaan yaaduu dhabuu |
| 5. Umrii guutuu barataa ta'uu | e) furmaata hordofuun mirkaneessuu |

**Kutaa IV. Deebii gabaabaa kenni.**

1. Hiikkaa sirriin gadfageenyaan yaaduu maalii?
2. Murtoo kennuu waliin gadfageenyaan yaaduun akkamiin gargaara?
3. Jireenya nama dhuunfaafi hawaasaa keessati barbaachisummaan gadfageenyaan yaaduu maali?